

**XIINXALA HUBANNAAN DUBBISUU BARATTOOTA KUTAA
7^{FFAA} FI 8^{FFAA}: HAALA MANA BARUMSAA AFAAN OROMOO
BURQAA WAYYUU SAD.1^{FFAA}**

WARQUU MOKONNON

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJII NAMOOMAA,
QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTIITTI
MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII**

HAGAYYA 2011/2019

FINFINNEE

**XIINXALA HUBANNAAN DUBBISUU BARATTOOTA KUTAA
7^{FFAA} FI 8^{FFAA}: HAALA MANA BARUMSAA AFAAN OROMOO
BURQAA WAYYUU SAD.1^{FFAA}**

WARQUU MOKONNON GARBII

GORSAAN: DR. DINQEESSAA DHEERESSAA

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN
OROMOOFI OGBARRUU BARSII SUUN GAMISAAN
GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO,
OGBARRUUFU FOOKLOORIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITHI ADDIS ABABAA KOOLLEEJII
NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI
QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO,
OGBARRUUFU FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2011/2019
FINFINNEE**

Yuunivarsiitii Addis Ababaa

Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraattiin Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (M A) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun guuttachuuf Warquu Mokonnon, mata-duree: Xiinxala Hubannaan Dubbisuu Barattootaa kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} : Haala Mana Barumsaa Afaan Oromoo Burqaa wayyuu Sad.1^{ffaa} Finfinneetiin kan qophaa'e sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____
Qoraa keessaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____
Gorsaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Itti gaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa sagantaa digirii lammaffaa (M A)

Axereraa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa hubannoo dubbisaa barattoota kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} Afaan Oromoo Finfinneetti baratan xiinxaluudha. Qorannoon gaggeeffame kunis kutaa bulchiinsa magaalaa Niifas Siilki Laaftootti, Mana Barumsaa Burqaa Wayyuu sad.1^{ffaa}-tti. Manni barumsaa kunis mala iddattoo kaayyootiin filatame. Sababni isaas qorataan xiyyeeffannoo hubannoon dubbisuu barattoota Afaan Oromoo xiinxaluudha. Akkasumas, qorannoon mala qorannoo akkamtaafi ammamtaa (makootiin) hojjetame. Kana malees, qorannoon kun barattoota 209 dareewwan 5 ta'an keessaa barattoonni 80 mala carraa tasaatiin filatamanii ragaa akka kennan taasifamee jira. Dabalataanis, barsiisonni Afaan Oromoo kutaa 5—8^{ffaa} -tti barsiisan 4 waan ta'aniif hundi isaanii fudhatamanii ragaa akka kennan taasifamee jira. Akkasumas meeshaaleen funaansa ragaalee, qormaata, sakatta'a dookimeentiifi af-gaaffii qopheessuun ragaan ittiin funaanameera. Hubannoo dubbisaa barattootaa madaaluu kan danda'u qormaanni barsiisota dippaartimeentii afaaniin qophaa'ee deebii isaa faana dhiyaate. Sakatta'a dookimeentiis barsiisonni afaanii qabiyyeewwan hubannoo dubbisaa madaaluuf gargaaran, qormaata moodeelaa kutaa 8^{ffaa}, sem. 2^{ffaa}, bara 2011 -tti qophaa'eefi kutaa 7^{ffaa} tiif dubbisa kitaaba irraa abbaltii kennuun sororfamee qabxiin qaacceffamee jira. Ragaaleen funaanamanis mala xiinxala ragaalee jechaa, lakkoofsaafi dhibbentaan xiinxalamanii dhihaatanii jiru. Xiinxalli qormaataafi sakatta'a dookimeentiin barattootaa akka agarsiisutti: barattoonni baay'een $\frac{3}{4}$ ta'uu danda'an hubannoon dubbisaa isaanii sadarkaa gahaafi isaa ol keessatti ramadamanii mul'atu. Barattoonni $\frac{1}{4}$ ta'an garuu, hubannoon dubbisaa isaanii gadi aanaa keessatti galmaa'ee jira. Xiinxala af-gaaffiirraa wanti hubatame, barsiisonni tarsiimoolee hubannoon dubbisuu barsiisurratti: hubannoo gahaa dhabuu, adeemsa dubbisa duraa, yeroo dubbisaafi dubbisa boodaa eeganii hojiirra oolchuu dhiisuufi yeroos qusachuu jecha haalaan barattoota akka hin gargaarre adda bahee jira. Gama biraatiin barattoonni qabxiin gadi bu'e fedhii, kaka'umsiiifi gargaarsi maatiis laafaa ta'u agarsiisa. Kana malees, tarsiimoolee dubbisa duraa waan dubbisuuf deeman raaguufi hiika jechootaa tilmaamuu, yeroo dubbisaa ergaa dubbisaa hubachuufi hiika galumsa jechootaa kennuu, dubbisaan booda ergaa walii galaafi yaada dubbisaa jechoota mataa ofiin ibsuurratti barattoonni qabxiin gadi bu'e suuteyyiidha. Fedhiifi kaka'umsa barattootatti horuun, tarsiimoollee hubannoofi sirna barnootaa fooyyessuun hubannoo dubbisaa barattootaa ijaaruun akka danda'amu yaboon kaa'ameera.

Galata

Duraan dursee umurii, fayyaafi bu'aa bahii baay'ee keessa nadabarsee, carraa barnootaa kana kan naaf kennee guyyaa har'aa akkan gahuuf kan nagargaare, Waaqayyo uumaaf galanni guddaan haa ta'uufin jedha.

Itti aansuun qorannoo kana akkan gaggeessu yeroo isaanii haarsaa taasisuun osoo hinnuffiin gorsa ogummaa isaanii naaf gumaachuun kallattii naqabsiisuun naqajeelchan gorsaa kiyya Dr. Dinqeessaa Dheeressaafi Dr. Amaanu'eel Almaayyootiif galanni koo daran ol-aanaadha.

Akkasumas, qorannoo kana akkan fiixaan baafadhuuf yeroo hundaa yaadaafi deeggarsa barbaachisaa ta'e gama hundaan nabira dhaabbatan haadha warraa koo Addis Abarraafi mucaa koo Roobenus Warquu guddaan isaan galateeffadha.

Dabalataanis, barsiisota Mana Barumsaa Burqaa Wayyuu sad. 1^{ffaa} tti, muummeen afaanii qormaata deebii isaa faana qopheessuun, barattoota amma qormaata qoruutti tumsa ogummaafi yaadaa gochuun nagargaaraniif baay'een isaan galateeffadha. Akkasumas, wayitii hedduu qabachuun, adeemsa walii gala qorannoo eegeen akkan hojjedhuufi itti fayyadama komputeeraa akka gabbifadhu beekumsaafi muuxannoo qabaniin kan na gargaaraan b/saa Onshoo Guddataafi obbo Fayyisaa Mokonnon utuu hin galateeffatiin hinhafu. Barreessituu Daangulee Gannatii muddama hojii keessatti waraqaa baay'isuun gumaacha naaf gooteen galata guddaan galchaaf. Walumaa galatti, namoota qorannoofi qo'annoo koo kanarratti nagargaaran hundumaa osoo hingalateeffatiin bira hindarbu.

Gabaajeefi Kottoonfachiiftuu

BBO	Biiroo Barnoota Oromiyaa
Dhi	Barattoota dhiiraa
Dub	Barattoota dubaraa (shamarran)
Hub	Hubachiisa
Id	Ida'ama
Lakk	Lakkoofsa
Sad	Sadarkaa
Sam	Samisteera
Ykn	Yookiin

Baafata

Qabiyyee	Fuula
Axereraa	i
Galata	ii
Gabaajeefi Kottoonfachiiftuu.....	iii
Baata.....	iv
Baafata Gabateewwanii	vii
Baafata Suuraawwanii	viii
Boqonnaa Tokkoo: Seensa.....	1
1.1. Ariirrata Qorannichaa.....	1
1.2. Ka’umsa Qoranichaa	3
1.3. Kaayyoowwan Qoranichaa	5
1.4. Faayidaa Qorannichaa	6
1.5. Daangaa Qorannichaa	6
1.6. Hanqina Qorannichaa.....	7
1.7. Qindoomina Qorannichaa	8
Boqonnaa Lama: Sakatta’a Barruu	9
2.1. Sakatta’a Barruu Yaadrimee	9
2.1.1. Maalummaafi Yaadrimee Dubbisuu.....	9
2.1.2. Yaadrimee Dubbisanii Hubachuu.....	10
2.1.3. Faayidaa Dubbisuu	12
2.1.4. Wantoota Dubbisanii Hubachuurratti Gufuu ta’an.....	13
2.1.5. Sababa Dubbisanii Hubachuu Dhabuun Rakkina nu Mudatan.	17
2.1.6. Akkaataa Barattooni Waa Dubbisanii Hubachuu Danda’an Itti Shaakalsifaman.	18
2.1.7. Yaaxinoota Barachuu	23
2.1.7.1 Yaaxina Hawaasummaan Barachuu	23
2.1.7.2. Yaaxina Dandeettii Sammuu	23
2.1.7.3. Yaaxina Moodeela Barachuu	24
2.2. Adeemsa Dandeettii Hubannoon Dubbisuu Itti Barsiifamu.....	25

2.3. Sakatta'a Barruu Walfakkii	27
Boqonnaa Sadii: Saxaxaafi Malleen Qorannichaa.....	29
3.1. Saxaxa Qorannichaa.....	29
3.2. Madda Ragaalee	29
3.3. Meeshaalee Funaansa Ragaalee	29
3.3.1. Qormaata	30
3.3.2. Sakatta'a Dookimentii	31
3.3.3. Af-gaaffii	32
3.4. Iddattoo Qorannichaa.	32
3.5. Tariiba Ragaaleen Ittiin Funaaname.	35
3.6. Tooftaa Xiinxala Ragaalee.	35
Boqonnaa Afur: Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee	37
4.1. Ibsa Odeeffannoo Kennitootaa.....	37
4.1.1. Duubee Barsiisotaa Raga Kennanii.	37
4.1.2. Duubee Barattoota Hirmaatani.	37
4.2. Xiinxala Qormaata Barattootaa.....	38
4.2.1. Xiinxala Ragaalee Qormaata Barattoota Kutaa 7 ^{ffaa}	39
4.2.2. Xiinxala Ragaalee Qormaata Barattoota kutaa 8 ^{ffaa}	42
4.3. Xiinxala Sakatta'a Dookimeentii Barattootaa.....	45
4.3.1. Xiinxala Ragaalee Sakatta'insa Dookimentii Barattootaa Kutaa 7.....	46
4.3.2. Xiinxala Ragaalee Sakkatta'a Dookimeentii Barattoota Kutaa 8.....	48
4.4. Xiinxala Ragaalee Af-gaaffii Barsiisootaafi Barattootaa.....	51
4.4.1. Xiinxala Ragaalee Af-gaaffii Barsiisotaa.	51
4.4.2. Xiinxala Af-gaaffii Barattootaa	55
4.4.2.1. Hubannoo Dubbisa Duraa Madaaluuf Barattootaaf Dhiyaate.	55
4.4.2.2 Af-gaaffii Hubannoo Yeroo Dubbisuu Madaaluu Barattootaaf Dhiyaate.	57
4.4.2.3. Af-gaaffii Hubannaa Dubbisa Boodaa Madaaluu Barattootaaf Dhiyaate.....	59
Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo.....	64
5.1. Cuunfaa	64

5.2. Argannoo.....	69
5.3. Yaboo.....	71
Wabii.....	73
Dabalee A : Qormaata hubannaan dubbisuu barattoota kutaa 8 ^{ffaa}	
Dabalee B: Qormaata hubannaan dubbisuu barattoota kutaa 7 ^{ffaa}	
Dabalee C: Af-gaaffii hubannoo dubbisa duraa barattootaa madaaluuf dhiyaate.	
Dabalee D: Af-gaaffii hubannaan dubbisuu yeroo dubbisaa madaaluuf dhiyaate.	
Dabalee E: Af-gaaffii hubannaan dubbisuu boodaa barattootaa madaaluuf dhiyaate.	
Dabalee F: Af-gaaffii hubannoon dubbisuu barattootaa mirkaneessuuf barsiisotaaf dhiyaate.	
Dabalee G: Gaaffilee sakatta'a dookimeentii barattootaa	
Dabalee H: Odeeffannoo walii galaa barsiisota Af-gaaffiin dhiyaateef.	
Dabalee I: Barattoota kutaa 7 ^{ffaa} fi 8 ^{ffaa} Af-gaaffiin dhiyaateef.	

Baafata Gabateewwanii

Fuula

Gabatee 1: Seen duubee barsiisotaa: saala, sadarkaa barnootaafi muuxannoo isaanii ibsu.....	37
Gabatee 2: Barattoota raga kennuuf Iddatteeffaman Saalaafi Afaan Oromoo kutaa meeqa irraa akka eegalan ibsu.	37
Gabatee 3: Xiinxala Qormaataa Hubannaa dubbisaa Barattoota Kutaa 7 ^{ffaa} fi 8 ^{ffaa} tiif kenname gabatee agarsiisu.	38
Gabatee 4: Sakatta'a Dookimeentii Barattootaa kutaa 7 ^{ffaa} Abbaltii Hubannoo dubbisaa akka hojjetan kennamee barruulee isaanii harka funaanuun sororfame xiinxala geggeeffame.	46
Gabatee 5: Bu'aa Sakatta'aa dookimentii qormaata Moodeelaa kutaa 8 ^{ffa} sam. 2ffaa, bara 2011 fi qabiyyee qormaatichaa.....	49
Gabatee 6: Haala hubannaan dubbisuu barattootaa gargaarsa barsiisonni taasisan mirkaneeffachuuf gaaffilee dhiyaate.....	51
Gabatee 7: Gabatee madaallii hubannoo dubbisa duraa irratti deebii af-gaaffii barattootaa. ...	55
Gabatee 8: Gabatee madaallii hubannoo yeroo dubbisuu irratti af-gaaffii barattotaaf dhiyaate kan agarsiisu.	57
Gabatee 9: Madaallii hubannoo dubbisa boodaa irratti af-gaaffii barattootaafi deebii isaanii	59

Baafata Suuraawwanii

Fuula

Suura 1: Gaafa guyyaa 10/09/2011 yeroo qorataan barattoota Afaan Oromoo Kutaa 7 ^{ffaa} fi 8 ^{ffaa} qormaata qoraa jiru kan agarsiisu.	45
Suura 2: Gaafa guyyaa 9/09/2011 af-gaaffii barsiisota Afaan Oromoo: Guutamaa Dheeressaa Fi Biraanuu Jibaat waliin af-gaaffii taasifame.	54
Suura 3: Gaafa guyyaa 16/09/2011 barattoota Afaan Oromoo kutaa 7 ^{ffaa} Feeneet Xilaahuun fi Kooteet Baay'isaa af-gaaffii isaan waliin taasifame.....	63

Boqonnaa Tokkoo: Seensa

1.1. Ariirrata Qorannichaa

Dubbisuun karaa ilmi namaa odeeffannoo quubsaa ta'e jireenya isaaf barbaachisan kan akka: hawaasummaa, barnootaa, fayyaa, qonnaa, daldala, siyaasa, diinagdee, teeknooloojiifi kkf ittiin guurrattudha. Ta'us barattoota mana barumsaa Afaan Oromoo Burqaa Wayyuu sadarkaa 1^{ffaa} fi 2^{ffaa}, kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee keessatti Afaan Oromoon barachuun kan bara 2010 A.L.I hojii baruu barsiisuun eegalan. Manni barumsaa kun yeroo jalqabaaf Afaan Oromoon barsiisuu kan eegale yoo ta'u; barattoonni kunniinis Afaan Oromoon barachuuf fedhii qaban irraa ka'uun Manneen barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneef naannoo isheetii kan dhufaniidha. Barattoonni Kun Finfinnee keessatti carraa afaan dhalootaan barachuu dhabanii baay'een isaanii Afaan Amaaraatiin barachaa turana. Barattoonni kutaa 6^{ffaa} fi kutaa 7^{ffaa} gahanii Afaan barnootaafi barnoota afaanii Afaan Amaaraa irraa gara Afaan Oromootti jijjirachuun barnoota barachuu eegalan.

Barattoonni kun Afaan Oromoo barachuufi Afaan Oromootiin barachuuf fedhii guddaan gara mana barumsaa Afaan Oromoo dhufanii galma'an. Jalqaba bara 2010-tti barnoota yemmuu eegalan, afaanichaan barachuuf kaka'umsa guddaa akka qaban sossochii isaaniirraa nimul'ata. Barattoonni kun barreeffama Afaan Oromoo dubbisanii hubachuuf amma tokkos nicarraaqu turan. Turtii yeroo gabaabaa, adeemsa baruu-barsiisuu kana keessatti barattoonni fedhiifi kaka'umsi isaanii amma tokko fooyya'aa dhufan jiru. Gama biraatiin immoo barattoonni fedhiifi kaka'umsi hubannoon dubbisuu isaanii gadi bu'aa ta'es nijiru.

Hubannaan dubbisuun ogummaawwan afaannii isaan bu'uura keessaa isa guddaadha. Hubannaan dubbisuun amma ammaatti afaanii ittiin barachuu qabatamaa taasisuufi hawwisiisaa kan ta'eedha. Sababni kana ta'eefis, baay'ee murteessaafi dhiibbaa qaqqabsiisuu kan dandu'udha. Ogummaan hubannaan dubbisuun barattoota gahumsa isaanii fooyyessuu kan danda'udha. Dubbisni hubannoon akkuma waliigalatti beekamaafi eessumatti illee kan fudhatamu. Ogummaa itti amanamuufi jiruufi jireenya dhala namaa hundaa wajjin walqabatuudha. Habannaan barreeffama dubbisuun karaa namoonni oddeeffannoo addunyaa kanaa ittiin argatan. Kana malees, gama sirna barnootaa keessatti akka koorsii tokkootti kennamuu kandanda'udha. Kunis yeroo barnoota jalqaban barattoonni xiyyeeffannoon kan

baratan yoo ta'e, sad.1ffaa irraa eegalee hanga barnoota olaanuutti barattoonni barnootaan milkaa'oo ta'u. Akkasumas eebbiffamanii gaafa hojii idileetti bobba'aan, hojiirratti ga'umsa gaarii qabaatu.

Hubannoon dubbisuun jireenya dhala namaatiif madda yaada argachuu (waraabbachuuti). Addunyaa keessa jiraannu kana keessatti beekumsa waliigalaa barattoonni ittiin barataniidha. Barattoonni ogummaa dubbisuu gaariifi tarsiimoo ittiin dubbisan gabbiffatanii, haala mijataa argametti gargaaramuun odeeffanno bal'aa ta'e argatu. Odeeffannoo bal'aa bira gahuunis kan danda'amu teknoolojii kan akka komputeeraafi internetii fayyadamuudhaan. Barattoonni teknoolojiifi kitaabolee garaagaraatti fayyadamuun ogummaa hubannoon dubbisuu isaanni dagaagsuuf gahee guddaa qaba. Adeemsi dubbisuu akkasii kunis barattoota ogummaa hubannoon dubbisuu isaanii bu'aa qabeeyyii taasisa. Yaada kana Gayo et al, (2014: 1-6) yemmuu ibsan, "Reading skill is not only necessary for comprehension prurpose and getting information linguistic competence development. Reading comprehension has across sectional nature as it affects the whole academic learning process" jechuudhaan ibsaniiru.

Yaanni kun kan nu hubachiisu, ogummaan dubbisuu faayidaa inni qabu hubannoo argachuuf qofa miti. Barattoonni odeeffannoo akka guurratanniifi ga'umsa xiinqooqaa akka gabbiffatanis nigargaara. Habannoon dubbisuun barattootaa barnoota afaanii qofa osoo hintaane, barnoota idilee hundaan illee akka cimatan nitaasisa. Barachuu barattootaas bu'a qabeessa nigodha. Fakkeenyaaf, hubannoon dubbisuun karaa barattoonni itti fayyadama gabbifachuu danda'aniifi ogummaa afaannii kanneen akka: dubbachuufi barreessuu cimsachuuf nigargaara (Patesan et al.2014:6-10). Ogummaan hubannoon dubbisuun tajaajila garaagaraatiif waan ooluuf, sadarkaa barnoota garaagaraatti adeemsa baruu-barsiisuu keessatti ni ibsama.

Ogummaan hubannoon dubbisuun hojii kalaqa hawaasaas milkeessuuf iddoo guddaa qaba. Sababni isaas ogummaan afaaniitti gargaaramuun odeeffannoo dhimmoota: saayinsii, teknoolojii, akkasumas, dawa hubannoon dubbisanii odeeffannoo funaannatu. Najeeb (2013:125). yaada kana deeggaruun yoo ibsu akkas jedha.

The main language of books, academic conferences, international business, diplomacy and sport reading comprehension of language information. Reading comprehension is core component of being successful individual .Reaging Effectively is essential for both educational and professional success of

people. And also, Skilled reading comprehension is critical for modern life; success in education, productivity in society, and almost all types of employment.

Yaada kana irraa wanti hubatamu, dhimmoonni ogummaa afaanii wajjin walqabatan: kitaabolee dubbisuun, konfiraansii barnootaa, waliigalteen daldalli biyyootaa, hariiroo walitti dhufeenya biyyootaafi ispoortiin hubannoon dubbisanii odeeffannoo argatu. Habannoon dubbisuun xiyyeeffannoo dhimma milkaa'ina jiruufi jireenya nama dhuunfaa kan ofkeessatti qabatedha. Dubbisa hubannoon dubbisuun dhimma ijoo barnootaafi milaa'ina ogummaa dhala namaati. Hubannaan dubbisuun jireenya ammayyummaa qabatamaa keessa nama galcha. Milkaa'ina barnootaan gonfachiisa, hawaasa keessatti bu'a qabeessa nama taasisa. Hojjiwwan itti qacaraman haala quubsaa ta'een hojjechuufis nigargaara.

Kanaafuu, qorataan dhimmoota kana bu'uura godhachuudhaan mata duree hubannaan dubbisuu barattootaa Afaan Oromoo irratti qorannoo geggeessuuf mueteesse. Barattoonni kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} Mana barumsaa Burqaa Wayyuu sad.1^{ffaa} afaan dhalootaa isaanii Afaan Oromoo kan ta'een, ogummaa bu'uura afaanii hubannaan dubbisuu hammam akka danda'aniifi hiika jechoota haaraa galumsa dubbisa keessaa tilmaamuu, tarsiimoolee itti gargaaramuun hubannaan dubbisuu ittiin gabbifachuun danda'amu kan xiinxaledha.

1.2. Ka'umsa Qoranichaa

Qorannoon kun hubannaan dubbisuu barattoonni kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} mana barumsaa Afaan Oromoo Burqaa Wayyuu sad.1^{ffaa} ammam dubbisanii hubachuu akka danda'an adda baasuudhaaf adeemsifame. Ka'umsi qorannoo kanaas, barattoonni 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} Mana Barumsaa Burqaa Wayyuu sad.1^{ffaa}-tti argaman hubannoon dubbisuu isaanii adeemsa baruu-barsiisuurratti garaagarummaatu barattoota gidduutti mul'ata waan ta'eef. Hanqinoonni barattoota gidduutti mul'atan keessaa muraasni: habannaan dubbisanii ergaa walii galaa adda baasuu dhabuu, gaaffilee hubannoo dubbisaa kallattiifi al-kallattiin dhiyaatan walqixa hojjechuu dhabuu, hiika jechoonni galumsa dubbisa keessatti qabaniifi dubbisaan alatti qaban walbira qabuun tilmaamuu dhabuunis ni mul'ata. Kana malees, adeemsa tarsiimoolee dubbisuu gaaffilee dubbisa duraa, gaaffilee hubannoo yeroo dubbisaafi gaaffilee dubbisa boodaa yeroo tokko tokko barattoonniifi barsiisonni adeemsa isaa eeganii hojiirra oolchuurratti hanqina akka qaban hubatameera. Fakkeenyaaf, barattoonni mana barumsaa kanatti argaman keessaa gariin isaanii gahumsaan dubbisa Afaan Oromoo dubbisanii hubachuurratti hanqina kan qaban nijiru. Barattoonni

xiyyeeffannoo adeemsa dubbisuu hordofanii barreeffama Afaan Oromoo hindubbisne, gilgaalota hubannoo dubbisaa sirriitti hojjechuuf kanneen hanqina qabanis akka jiran hubatameera.

Haata'u malee, barattoonni ogummaa hubannaan dubbisuu barnoota afaanii keessatti qixa barbaachisaa ta'een fooyyeffachuun baannaan, walquunnamtii namoonni barreeffamaan odeeffannoo waliif dabarsuufi fudhachuurratti rakkachuu danda'u. Hubannaan dubbisuu dadhabuun immoo baruu-barsiisuu irratti danqaa ta'uu bira darbee, gosa barnoota biros haalaan barattoonni akka hinhunanne taasisuu danda'a.

Barattoonni fedhiifi kaka'umsa hubannoon dubbisuu isaaniitiif, sababoonni maddoota garaagaraa ta'uu nidanda'u. Kana keessatti seenaa duuba barattootaa jiru bal'inaan ilaaluun murteessaadha. Barattoonni kutaa tokko irraa kaasanii Afaan Oromoo barachuu dhabuun isaanii fedhii hubannoon dubbisuu akka hinhoranneef isaan danqaa ta'a. Karaa biraa immoo maatii dabalatee, hawaasni naannoo isaan waliin jiraatan warreen Afaan Oromoo hinfayyadamne waliin hawaasummaa geggeessuu isaaniitu hubannoon dubbisuu isaaniirratti dhiibbaa qaqqabsiisa ta'a. Kana malees, haalli siyaas-diinagdee uummata Oromoo irra tureefi ammas jiru; fedhiifi kaka'umsa hubannoon dubbisuu barattootaa kanaa gadi buusuu nidanda'a.

Barattoonni Afaan Oromoo dubbisaniis hubachuurratti qabxii gad-aanaa galmeessuu isaanii gama barattootaan qofa sababa gochuun gahaa miti. Haalli barsiisonni hubannoon dubbisuu dubbisa Afaan Oromoo ittiin barsiisan gahee mataasaa qabaachuu danda'a. Barattoonni mana barumsaa Afaan Amaaraa irraa gara mana barumsaa Afaan Oromoo dhufuun isaanni haalli afaanicha barachuu haaraa itti ta'uun gara Afaan Amaaraatti jalaa harkifata. Meeshaaleen barnootaa tarsiimoofi shaakala gulantaalee hubannoon dubbisuu barattootaa fedhiifi kaka'umsa itti horuuf kan isaan hinhawwanne ta'uu danda'u. Meeshaaleen barnootaa harka: kitaabni barattootaa hunda bira gahuu dhabuufi qajeelchi barsiisaa dhabamuun, barattoonni dubbisa hubannoon akka hindubbisne danquu danda'a. Qorannoo kana geggeessuuf kan na kakaase: hubannaan dubbisuun jireenya egeree barattootaaf murteessaa ta'uu isaa, hanqinoonni hubannoon dubbisuu barattootaafi barsiisotaa xiyyeeffannoo akka argatuuf, manni barumsaa Finfinnee bara 2010 baruu-barsiisuu Afaan Oromoo hubannoon dubbisuun adda baasuun ibsa itti kennuufi muuxannoon barsiisummaa qaburraa ka'een. Barattoonni mana barumsaa Burqaa Wayyuu sad. 1^{ffaa}, kutaa 7^{ff} fi 8^{ffaa} abbaltii garaagaraa, hojii dareefi hojii manaa yemmuu ilaalamu: kan

barattoota murtaa’anii fedhiin, kaka’umsiifi qabxiin hubannoon dubbisuu irratti galmeessan kan walgatan ta’uu argeen irratti qorachuuf fuulleffadhe. Kanaafuu, qorannoon kun gaaffilee bu’uuraa armaan gadiitiin to’atamuu danda’e.

Isaanis:

1. Barattoonni barreeffama Afaan Oromoo hubannaan dubbisuu hammam danda’aniiru?
2. Barreeffama Afaan Oromoo hubannaan dubbisanii gaaffiiwwan kallattiifi al-kallattii deebisuu?
3. Dubbisa Afaan Oromoo hubannaan dubbisanii hiika jechootaa haaraa bakka galumsaa irraa hubachuu danda’uu?
4. Maloota baruufi barssiisuu akkamiitti fayyadamuun barattoonni barreeffama Afaan Oromoo hubannaan dubbisuu danda’u?

1.3. Kaayyoowwan Qoranichaa

Qorannoon barattoonni barreeffama Afaan Oromoo dubbisanii hubachuu danda’uu mana barumsaa Afaan Oromoo Burqaa Wayyuu sad. 1^{ffaa} kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} irratti adeemsifame. Kaayyoowwan kunniinis bakka lamatti qoodamu. Kaayyoo gooroo fi kaayyoo gooreewwan jedhamuun dhiyaate.

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa barattoonni Mana Barumsaa Afaan Oromoo Burqaa Wayyuu Sad. 1^{ffaa}, kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} (Finfinnee) hubannoo dubbisaa Afaan Oromoo isaanii xiinxaluudha. Kaayyoowwan gooreen qoranichaa immoo kaayyoo gooroo irraa kan maddaniif: gaaffilee bu’uuraa qorannoo kanaa kan giddu-galeessa godhatanii dhiyaatanidha. Isaanis kanneen armaan gadiiti.

1. Barattoonni Mana Barumsaa Afaan Oromoo Burqaa Wayyuu kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} sad. 1^{ffaa} hubannoon dubbisuu Afaan Oromoo isaanii addaan baasuu.
2. Dubbisa hubannoon dubbisanii gaaffiiwwan kallattiifi al-kallattii dubbisa keessaa bahan hojjechuu danda’u isaanii ibsuu.
3. Hiika jechootaa haaraa haala bakka galumsa dubbisa keessaafi dubbisaan alatti jechoonni qaban tilmaamuu danda’uu isaanii addeessuu.
4. Tooftaalee barattoonni barreeffama Afaan Oromoo hubannaan dubbisuu ittiin gabbifachuu danda’an ifa gochuu.

1.4. Faayidaa Qorannichaa

- Bu'aan qorannoo kanaa qaamoleefi namoota adda addaa kan fayyadu ta'a. Isaanis: hafteen qorannichaa keessaa tokko mana barumsichaa kaa'uun barsiisonni, hooggatonni, supperizeerotaafi dhimmamtoonni hojii barnootaa argannoo qorannichi argachuu danda'uun rakkoolee jedhamanirratti xiyyeeffachuun akka hojjetaniif isaan nigargaara. Mana barumsaa Afaan Oromoo Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee keessatti yeroo dhiyoo keessatti banamaniif, rakkoon barattootaa furuu bira darbee afaanichi manneen barnootaa Finfinnee keessatti bu'uura qabaatee adeemsi baruu-barsiisuutiif tumsa taasisau nidanda'a.
- Kana malees, qaamoleen dhimmi ilaallatu biratti yeroo isaa eeggachuun meeshaalee barnootaa qopheessuu keessatti tarsiimoon hubannoon dubbisuun xiyyeeffannoo akka argatuuf kan gargaaruudha. Akkasumas ogeeyyiin barnootaa silabasi Afaan Oromoo ,qajeelcha barsiisotaa, kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} qopheessan haala raga qabatamaa ta'uun nigargaara. Kana irraa ka'uunis, hubannoon dubbisuu barattootaa afaanichaa ittiin baratamuufi barsiifamuu danda'amuun sirna barnootaa akka qopheessaniif nigargaara.
- Akkasumas, namoota gara fuul-duraatti dhimma mata-duree kana wajjin walfakkaataniirratti qorannoo bal'inaan geggeessuu barbaadaniif odeeffannoo ka'umsa ta'uun karaa itti agarsiisuun nidanda'a.
- Dhuma irratti barattoota carraa Afaan dhalootan barachuu dhabanii Afaan barnootaafi barnoota Afaan Amaaraatiin barachaa turanii gara barumsa Afaan Oromoofi Afaan barnoota kan ta'e Afaan Oromoo barachaa jiran kanneen barsiisonni barreeffama Afaan Oromoo hubannoon dubbisuu haala itti barattoota kanneen gargaaruufi cimsuu danda'an kallattii itti agarsiisuun adeemsa baruu-barsiisuu bu'a qabeessa taasisuun nigargaara.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun osoo kutaalee barnootaa hunda Mana Barumsichaarratti hojjetame bu'a qabeessummaan isaa olaanaa ta'a. Haata'u malee, sababa yeroofi hojii idileerraa kan ka'e qoratichi waan hindandeenyeef, hojii qulqulluu ta'e hojjechuuf kutaalee Manneen barnootaa

qaban keessaa kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} qofa irratti kan xiyyeeffadhe. Kanaafuu, qorannoon kun qabiyyee fi iddoodhaan kan daangaa'edha.

Qabiyyee isaatiin daangaan qorannichaa, “Barattoonni barreeffama Afaan Oromoo dubbisani hubachuu danda'uurratti qaban xiinxaluu” kan jedhu yoo ta'u; iddoodhaan yemmuu daangaa'u immoo bakki qorannichi itti geggeeffamu, Bulchiinsa magaalaa Finfinnee, magaalaa Nifaas-silki Laaftoo, aanaa 01(labuu), Mana Barumsa Afaan Oromoo Burqaa Wayyuu, sad. 1^{ffaa} kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} irratti geggeeffame.

Sababni qoratiichi kun Mana Barumsaa Afaan Oromoo magaalaa Finfinneefi kutaa jedhame kana qofarratti qorannoo isaa daangeesseef, hubannoon dubbisuun barattoota Afaan Oromoo Finfinneetti barachaa jiran ibsuufi hanqinoota mul'ataniif fala barbaaduu, yeroofi humna qabutti fayyadamee qorannoo bu'a qabeessa geggeessuu waan barbaada'ameef.

1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoo kana gaggeessuu keessatti hanqinoonni garaagaraa nimul'atu. Qorannoon kun manneen barnootaa Afaan Oromoo sad.1^{ffaa}, Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee keessatti argaman hunda irratti osoo gaggeeffamee gaarii ture. Haata'u malee, qorataan sababa hojii idilee isaa wajjin waan itti hinmijoofneef, Manneen Barnootaa Afaan Oromoo Finfinneetti argaman keessaa Mana Barumsaa Burqaa Wayyuu sad.1^{ffaa} qofarratti akka gaggeeffamu ta'eera.

Kana malees, dandeettiiwwan afaanii biroo qorannicha keessatti hammachiisuu dhabuun hanqina isa tokko. Dandeettiiwwan afaaniifi gosoota dubbisuu hunda xiinxaluuf, kaayyoorratti hundaa'uun kallattii garaagaraatiin ilaalamu. Dandeettiiwwan afaanii arfaniin qorachuuf immoo waantonni rakkisoo ta'an hedduun nijiru. Kanaaf qorataan, hubannoo dubbisaa barattoota kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} Afaan Oromoo baratan qofa xiinxaluu irratti kan xiyyeeffate. Xiinxala kana keessatti dandeettiiwwan: saffisaan dubbisuu, sirrummaan dubbisuu, ga'umsaafi ibsa waliin dubbisuurratti osoo gaggeeffamee gaarii ture. Dabalataan kutaalee barnootaa mana barumsichaa hunda itti hirmaachisuu hindandeenye. Sababni yeroo bal'aafi baajata baay'ee waan barbaachisuuf, kana hunda hojjechuu hindandeenye. Kanaaf, hanqina qorannoo kanaa guutuuf, namoonni biroo dhimma dubbisuurratti hojjechuu barbaadaniin hojjetamuu danda'ama.

1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shanitti qoodamee kan dhiyaatedha. Boqonnaa 1^{ffaa} keessatti ariirrata, ka'umsa, kaayyoowwan, barbaachisummaa, daangaa, hanqinaafi haala qindoomina qorannichaa ibsutu dhiyaate. Boqonnaa 2^{ffaa} keessatti sakatta'a barruu yemmuu ta'u, ogummaa hubannaan dubbisuu ilaalchisee, yaada beektonni afaanii kennaniifi ogbarruu firoominaa mata-durichaan walitti dhiyeenya qabantu keessatti dhiyaate. Boqonnaa 3^{ffaa}n mala qorannichaa kan ibsuudha. Kutaa kana keessatti malli qorannoon ittiin ibsame, iddatteessuu, meeshaaleen funaansa ragaaleefi malli xiinxalli ragaalee addeeffameera. Boqonnaa 4^{ffaa} keessatti xiinxalliifi hiikni ragaalee yoo dhiyaatu, boqonnaan qorannichaa inni dhuma, boqonnaa 5^{ffaa} dha. Boqonnaa kana keessattis cuunfaa qorannichaa, argannoon qorannichaatu ibsame. Dhuma irratti yaboon (yaanni furmaataa) dhiyaateera.

Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu

2.1. Sakatta'a Barruu Yaadrimee

Barreeffamni sakatta'a qorannoo kanaa yaada hayyootaafi qorannoowwan kanan dura hojjetaman adda addaa mata-duree qorannichaa waliin walitti fiduun qaaceessuufi ka'umsa ta'a. Haaluma kanaan, boqonnaa kana keessatti hubannoon dubbisuun yaada hayyootaafi qorannoowwan kanaan dura hojjetaman adda addaatiin deeggaramuun kan dhiyaatudha. Kanamalees, qoratichi qorannoowwan dandeettii dubbisuu waliin walqabataniin deegaramu. Akkasumas, yaaxxinoota hayyootaa kanneen tarsiimoofi tooftaalee hubannoon dubbisuu ofkeessaa qaban akka qorannoo kana wajjiin walsimutti qindeessuun kan dhiyaatudha.

2.1.1. Maalummaafi Yaadrimee Dubbisuu

Dubbisuu ilaalchisee hiikni dhaabbataafi giddu-galeessa ta'e akka hinjirre hayyoonni adda addaa ibsa kennaniiru. Hayyoonni ibsa kennan keessaa, Widdowson (1979), Ruddel (2001), Goodman (1967), Williams (1984) fi Nuttal (1996) waa'ee dandeettii dubbisuurratti hiikni hubannoon walfakkaatu akka hinjirre ibsaniiru. Garuu, hayyoonni kunniin ogummaa dubbisuu yoo hiikan, dubbisuun waan barreessaan barreeffamasaa keessa kaa'e (dabarsuu) barbaade hubannoofi yaada gad-fageenyaatiin fudhachuu yookaan immoo waraabbachuudha jechuudhaan yaada qaban ibsaniiru. Kanaafuu, akka hayyoonni kun ibsanitti dubbisuun ergaa barreeffamaa hubachuufi yaada barreeffama keessa jiru sammuu ofiitti fudhachuu akka ta'e mirkaneeffanna.

Hubannoon dubbisuu akkuma dandeettiiwwan bu'uuraa biroo (dhaggeeffachuu, dubbachuufi barreessuu) kan barumsaan yeroodhaa gara yerootti kan gabbifatamuudha. Namni tokkos dubbisaa gaarii jedhamuuf ga'umsi inni (isheen) dubbisarratti qaban murteessadha. Ga'umsi kunis ga'umsa dandeettii dubbisuuti. Ga'umsa kana immoo eenyumtuu taanaan uumamaan ykn dhalootaan kan argatu hinjiru. Erga mana barumsaa galee barumsa idileefi al-idileen gabbifata. Kanaafuu, ogummaa kana argachuufi kan baratamuufis barreeffama keessaa waa argachuun hubannoo ofii gabbifachuuf gargaara.

2.1.2. Yaadrimee Dubbisanii Hubachuu

Dubbisuun dandeettiiwwan afaanii keessaa isa bu'uuradha. Barreeffama dubbisuunis galma ga'iinsa niqaba. Dubbisuunis galma dubbisuu bira gahuuf, hubannoon dubbisuu qaba. Williams (1984:2) hubannoon dubbisuu yeroo ibsu, "...adeemsa namni waan tokko ittiin ilaaluuffi ittiin ilaaluuffi ittiin namni barreeffame qayyabatudha." Barreessaan barreeffama tokko waan dubbisaan isaa waraabbachuu danda'u dhaamsa baay'ee barreeffama keessa kaa'a. Dubbisuu keessatti maddi ni jira. Madda sanarraa immoo odeeffannootu sammuu dubbisaatiin waraabama. (Misgaanuu 2011:1-2) dandeettiin dubbisuu adeemsa walxaxaa si'aayinaan hirmaannaa sammuu dubbisaa kan barbaadu ta'usaa ibsa.

Ga'umsa dandeettii hubannaan dubbisuu afaanii qabaannaan kanneen akka ogummaawwan Seerlugaa, dandeettii ogbarruufi fayyada jechootaa gabbifachuun nidanda'ama. Walqunamtii namoota biroo waliin qabantu cima; yaada haaraafi odeeffannootu waliif kennama. Kanamalees, dubbisaafi barreessaan kan odeeffannoo waliif dabarsaniidha. Walquunnamtii karaa barreeffamaatiin. Taasifamuuf, ciminniifi ga'umsi dubbisaan hubannoon dubbisu murteessaadha. Nuttal (1996: 9) yemmuu waa'ee ga'umsa dubbisaa ibsiti," Dubbisaa cimaan yeroo mara yoo dubbisu, waa'ee barreeffama dubbisu sanaa yaadaa (hubataa) dubbisa. Kunis, akka nama bosona keessaa muka muree gubuu caalaa akka nama mukicha bishaan obaasuuti," jechuun ibsiti. Kana jechuun namni tokko hubannaa cimaan kan yoo ta'e, yeroofi qabeenya mancaasaa kan jiru osoo hintaane, jiruufi jireenya isaaf kan ta'u beekumsa sammuutiin ofijaaraa kan jiru ta'usaa nutti agarsiisa.

Ogummaan dubbisuu gosa ogummaawwan afaanii keessaa tokko ta'ee, ergaa dhiyaate waan barreeffamerraa muuxannoo ofiitiin wal-qabsiisuun kan hubatamuudha. Addunyaa (2012: 28-30) akka ibsutti, "Ergaa dubbisichaa hiikuun ogummaa gudunfuufi hiikuu, buusuufi baasuu, akkasumas seecca'uun geggeeffama" jedha. Kunis, barattootas, ta'e dubbisaan Afaan Oromoo tokko wanta Afaan Oromoon barreeffamee dhiyaate hubachuuf, faayidaafi fayyadama dhamjechootaa, walta'iinsa matimaafi gochimaa akkasumas, akkaataa galma isaanii addaan baasee beekuun barbaachisaadha. Hubannoowwan kan hinqabu taanaan ergaa dubbisichaa hubachuurratti danqamuu danda'a. Akkasumas, barreeffama dubbisaaf dhiyaate saffisaan dubbisuuf daangaa jechootaa kan garee miira tokkoon walitti qabaman addaan baasee beekuun

baay'ee barbaachisaadha. Kunis kallattiidhaan hubannoo caasaa ijaarsa Afaan Oromoo qabaachuu akka qabu hubachiisuudha. Kana jechuun immoo, walhammannaan miseensota gaalee himoota keessatti maal akka fakkaatu beekuun rakkoo malee saffisaan dubbisuufi ergaa darbuu malu hubachuu nidandeessisa.

Haaluma walfakkaatuun, dhimmaa dubbifamu sana haala gaariin hubachuuf dandeettiin caasaa afaanichaa baay'ee barbaachisaadha. Yaaduma kana ilaalchisee Addunyaa (2010: 28) akka ibsutti; “ Barataan faayidaalee dhamjechootaa, walta'iinsa matimaafi gochima addaan hinbaafanne...dubbisuuf nirakkisa” jedha. Akka yaada kanarraa hubatamutti, dubbisa tokko ergaasaa hubatanii hiika itti kennuufi yaadasaa hubachuudhaaf beekumsi caasaa afaanii bu'uura ta'uusaa nama hubachiisa. Akkasumas, dubbisuun odeeffannoo qubeeleefi jechoota barreeffama keessatti dandeetti dubbisichaan akkaataa hiika itti laannu ofkeessaa qabu. (Widdowsan, 1987)

Haaluma walfakkaatuun, Ogummaa dubbisuu Afaan Oromoo keessattis hubannaa qubeedhaa hanga qindaa'ina jechootaa irratti qabaachuun dubbisa tokko ergaasaa haala gaarii ta'een hubachuuf gargaara. Dabalataanis, dubbisuun qubeewwan gara jechootaatti; jechoota gara himootaatti, himoota immoo gara hiika qabeessaatti qindeessuu ofkeessatti kan hammatuudha jechuun Addunyaa (2012: 104-105) irratti ni ibsa.

Kanaaf, barreeffama dhiyaate dubbisanii hubachuuf, hiika waan barreeffamee adda baasanii beekuufi qindaa'ina Caasalee hubachuuf dandeettii xinqooqaa qabaachuun barbaachisaadha. Xinqooqni dubbisuuf seera baasa jechuun ibsu. Kembo (2000:2-3). Akkuma yaada kanarraa hubatamutti, xinqooqni dandeetti hubannoon dubbisuu keessatti rakkoolee dubbisaa mudatan. Seera xinqooqaa keessa jiru bu'uureffatee kan maqsu ykn hiikuudha. Sababni isaas xinqooqni rakkoolee qabata afaaniin mul'atan hundaaf furmaata akka qabu hayyoonni kunniinis karaa adda addaan ibsaniiru.

Ogummaa dubbisuu ilaalchisee, Ministeerri Barnootaafi Biiroon Barnootaa moojuula hinmaxxfanfame qopheessan (2006: 2-3) irratti ogummaan dubbisuu afaanii walxaxaa waan ta'eef, xiyyeeffannoon itti kennamusaa ibsameera. Silabsiin afaan dhalootaa yeroo qophaa'u: barsiisota, ogeeyyii barnootaa qopheessitoota meeshalee barnootaa ofkeessatti kan hammate ta'uu qaba. Qopheessitoonni kunis, barattoonni meeshaalee barnootaa kana keessatti hubachuu

akka qaban xiyyeeffannoon: waggaan, semisteeratti; torbaniifi guyyaatti dandeettii dubbisuu maleenya hubannoo isaanii gabbisuu danda'uun dhiyaachuutu irraa eegama. Grant (1987:69) yaaduma kana cimsuu, kitaabni barnoota afaanii yeroo qophaa'u sadarkaa barattootaafi hubannoo barattootaa kan madaalu taa'uunsaa dagatamuu akka hin qabne yaada qabu ibsera.

2.1.3. Faayidaa Dubbisuu

Faayidaan dubbisuu bakka tokkoo eegalee bakka murtaa'etti kan xumuramuu danda'u miti. Faayidaan dubbisuu jireenya dhala namaa guyyaa hundaa wajjiin walitti hidhamiinsa niqabaata. Kana jechuun, sosochii dhalli namaa jireenya isaa keessatti taasisu iddoo olaanaa qaba. Kanaafis, ilmi namaa hanguma waa dubbisuu jireenya isaas fooyyeffata. Kanaafis, fakkeenya kan ta'u ogummaa dubbisuu akka aadaatti ilaaluudha. Kanaafuu, "Namni tokko har'a dubbisaa; boru immoo geggeessaadha" jedhanii amanu. Dubbisuun dandeettii barbaachisaa egeree dhala namaa murteessuudha. Barattoonni barruu tokko gargaarsa malee ga'umsa barbaachisaa ta'een dubbisani muuxannoo (beekumsa) barbaachisaa ta'e argachuuf waa'ee hubannoon dubbisuu beekuun itti fayyadamuu qabu.

Faayidaa dubbisuu ilaalchisee Darajjeen (1998:69) akka ibsetti, "Adeemsa mana barumsaa keessatti barnoota garaagaraa kennamu hojjiirra oolchuunis ta'ee, addunyaa mana barumsaatiin alatti jiru keessatti gaheen dubbisuu baay'ee olaanaadha" Jedha. Akka yaada kanaatti dubbisuun milkaa'ina barumsaa keessatti iddoo guddaa qaba. Akkasumas, mana barnaataan alas addunyaa ammayyaa keessatti odeeffannoo barbaachisaa gama barreeffamaan jiru argachuuf gahee dubbisuun qabu ol'aanaadha.

Dandeettiin kun bu'uurri isaa kan jalqabamu wayita baruu-barsiisuu eegalee kaasee ta'uun isaa yaada namoota biro irraa fudhateen Darajjeen kitaaba isaa keessatti kaa'eera. Afaan barachuu keessatti dandeettiin dubbisuu isa tokko waan ta'eef akkuma kanneen biro dandeettiin kunis daree keessatti seeraan baratammun barbaachisaadha. Dubbisuun karaa barattoonni muuxannoo garaagaraa adeemsa jireenya isaaniitiif ta'uu ittiin argataniidha. Adeemsi dubbisuu kunis sagalee osoo hindhageessiiin barreeffama tokko dubbisani ergaa isaa hubachuu danda'uudha. Akkuma beektonni hedduun ibsanitti, dubbisuun dandeettii baay'ee barbaachisaa ta'eefi barattoonni daree keessatti dandeettii barumsa isaanii gabbifachuuf kan isaan gargaaru waan ta'eef, dandeettii kanaan cimsuun barbaachisaa akka ta'e bal'inaan ni ibsama.

Kanamalees, bu'aan dubbisuu addunyaa irra jiraannu kana keessatti guyyaa guyyaan taateewwan nama ajaa'ibsiisan ykn namoota gaddisiisan hedduun raawwatamaa oolu. Kun immoo naannoo keenya qofaatti kan raawwataman miti. Taateewwan kanneen hubachisuuf warri ogeessota ta'an galaalcha, barruuleetiin dubbistoota biraan gahu. Dubbisaan garii ilaalcha ykn yaada qalbitiin hubata. Namni karaa dubbisuu kanaan addunyaa keessa jiraatu kana dawwata. Kana malees, ilmi namaa karaa seenaa adda addaa ittiin hubatee dhaloota har'aa qaqqabsiisuun, labata itti aanuuf dabarsuu danda'uudha. Nama dubbisuutu seenaa, duudhaafi eenyummaa isaas hubata. Barreeffamni dubbisuun kana hunda bira darbees, namoota bashannansiisuufi waan haaraa akka barataniif nigargaara.

2.1.4. Wantoota Dubbisani Hubachuurratti Gufuu ta'an

Adeemsa baruufi barsiisuu afaanii keessatti barreeffama dubbisani hubachuu danda'uun murteessaa akka ta'e amma tokko hubanneera . Kunis barattoonni beekumsaafi dandeettii ogummaa afaanii garagaraa akka gonfataniif gahee guddaa taphata. Barreeffama Afaan Oromoo barattoonni dubbisani hubachuu akka hin dandeenyeef wantoonni gufuu ta'an jiraachuu ni malu. Kanneen keessaa: barattoonni rakkoo muuxannoo barreeffama dubbisani hubachuurratti qaban kaasuun ni danda'ama. Kunimmoo barattoonni barreeffama dubbisani dandeettiifi ogummaawwan afaanii gabbifataa akka hin deemne isaanitti gufuu ta'a. Hayyuun Yazar(2013:36) yoo ibsa kennu," Reading is individual activity, it requires guidance to develop basic reading skills."Yaadni kunis barreeffama dubbisani hubachuu gochoota dhuunfaa akka ta'aniifi dubbisani hubachuu bu'uura akka ta'e nutti agarsiisa. Dubbisani hubachuurratti kan gufuu ta'an keessaa kan biraa immoo gama hanqina ogeeyyii barnootaa irraa kan madde ta'uu danda'a. "One of the obstacles that negatively affect teaching reading is the lack of expertise among educators, who can effectively teaching reading skills (Duke and Block, 2012:206) jechuudhaan ibsu. Wantoota barreeffama dubbisani hubachuurratti gufuu ta'an qabxiilee kanneen heeruun nidanda'ama.

I. Dubbisuurratti Amantaa, Ilaalchafi Gocha Barsiisaarraa Mul'atan

Barreeffama dubbisani hubachuurratti barsiisaan, malleen boodatti hafoo ta'aniifi barsiisaa giddu-galeessa godhateen barsiisuun dubbisani hubachuu barattootaaf gufuuta'a. Barattoonnis kaka'umsa dhabuun sirnaan barreeffama qunnamtii taasisuun dhabuurraa kan ka'e: adeemsa

odeeffannoo dubbisa keessaa baasuu, yaada barreeffamichaa xiinxaluufi hiika itti kennuurratti gufuu itti ta'a. Yaada kana, Yazar (2013:35) yoo ibsu, "Teachers' perceptions and attitudes impact on determine strategies in teaching reading comprehension". Teachers' beleifs about teaching have astrong influence on their instructional practices in reading comprehension" jechuudhaan ibsa. Yaada hayyuu kanarraa kan hubachuu, ilaalchiifi amantaan barsiisaa barreeffama hubannoon dubbisuurratti qabu dhiibbaa guddaa qaba.

II. Barattoota Hubannoon Barreeffama Dubbisuuf Onnachiisuu Dhabuu.

Hayyoonni barnoota afaanii keessatti barattoota onnachiistuun furtuu akka ta'e ibsu. Onnachiistuun barreeffama dubbisanii hubachuurratti dhiibbaa qaqqabsiisuu danda'a. Onnachiistuun barreeffama dubbisanii hubachuu barattootaa yaad-qalbii isaanii jijjiiruu keessatti qooda guddaa qaba. Dornyei (2001:28) yaada kana ilaalchisee yoo ibsu, "Motivational strategies are techniques that promote the individual's goal related behavioe. There are two main types of motivation: Intrinsic and extrinsic motivation."

Akkuma yaadota kanneen irraa hubannuutti, onnachiistuun tarsiimoofi tooftaan dubbisuu wajjiin walqabatu galma gahiinsa dubbisuu tokko tokkoon barattootaa jajjabeessa. Akaakuwwan onnachiistuu kunis bakka lamatti qoodamu. Onnachiistuu keessaafi alaa jechuun qoodnee ilaalla. Onnachiistuun keessaa uumamaan keessa barattootaa jiraachuu keessaa madduudha. Onnachiistuun alaa immoo keessa barattootaa wantoota jiran kakaasuun fedhii barreeffama hubannoon dubbisuu keessatti hora. Barsiisonnis barattoota kakaasuudhaan fedhii itti horuudhaan; barreeffama isaan hawachuu danda'u dhiyeessuun hubannoon dubbisuu akka cimsatan taasiisuudha. Kana keessatti, barsiisonni qophiifi filannoo barreeffama hubannoon dubbifamuuf deemamuurratti dursanii gaaffilee adda addaatiif deebii kennuu danda'uu qabu.

Grellet (2010) dhimma kana yemmuu ibsu, "motivated means starting reading the text prepared to find answers to anumber of questions and specific interesting information or ideas" jechuudhaan ibsa. Onnachiistuun dhibamuun barreeffama Afaan Oromoo dubbisanii hubachuu barattootaatti gufuu (danqaa) ta'uu nidanda'a.

III. Malleen Hubannoon Dubbisuu Ittiin Barsiisan.

Barreeffama dubbisuu barsiisuun, barattoonni karaa gahumsaa, sirrummaafi hubannoo qabuun dubbisani akka hubatan gochuun galma gahiinsa hubannooti. Barsiisaan Malleen garaagaratti fayyaadamuun barreeffama hubannoo dubbisiisu akka qabu lafa kaa’u. Kana keessatti malleen arfan tokko heeru. Akka Hulme and Snowi (2011:207) kun ibsanitti dubbisuun dhamsaga sirnaan sagaleessanii dubbisuu danda’uurraa eegala.

Four main methods that can be used to teach learners how to read: the phonics methods look and say methods, the language experience approach, and the context support methods. In the phonics methods learners are taught the names of the letters and sounds they make and then they learn how to blend letters together to make words in the Look and say methods, they learn how to read words as whole units, some times are accompanied by pictures or put in a meaningful context. The language experience approach uses learners own words to make it easier for them to read. The context support methods focuses on using reading materials that is of interests learning context.

Barattoonni barreeffama hubannoon akka dubbisan gochuuf malleen adda addaatti gargaaramuun murteessaadha. Malleen kunis dhamsaga sagaleessuufi sagaleewwan (qubeewwan) walitti fiduun jecha ijaaranii dubbisuu, Itti agarsiisaa jechoota waliin sagaleessuun, kanas fakkiin ykn galumsa dubbisa keessatti xiyyeeffachuu barsiisuu, karaa biraa immoo muuxannoo barreeffama dubbisuu barattoonni qaban irraa kaanee akka dubbisan gochuu dandeenya. Kana malees, barreeffama meeshaaleen deeggaree fedhii keessatti uumuun akka isaan hubannoon dubbisan gochuun nidanda’a. Malleen garaagaraa kanneen itti fayyadamuu dadhabuun immoo hubannoon dubbisuu barattootatti gufuu ta’uu danda’a.

IV. Karoorsuu fi Hojii Qindeessuu Dhabuu.

Barsiisaan daree barnootaa seenuun dura karoora safaramaafi qindaa’aa ta’e, barachuu barattootaa gargaruufi qabatamaa taasisuu dursee qopheeffachuu qaba. Ceranic (2009:336) dhimma kana yemmuu ibsitu, “Good planning and creating supportive classroom environment are crucial for progression. To develop sound practice teachers neentime to plan and design their classwork.” jettiin. Yaanni kun kan ibsu karoorri gaariifi qindaa’aa ta’e tokko daree barnootaafi barattootaa kan gargaaru ta’uu qaba. Yeroon qoqqooduun dhiyaatee gochaalee barattoonni shaakalan qindeessee tartiiban kan dhiyeessu ta’uu qaba. Daree qindeessuufi tooftaalee barsiisuu

illee kan filatamu ogummaa hubannoon dubbisuu barattootaa kan fooyyessuu ta'uu qaba. Barreeffama keessatti galumsa jechootaa kallattii itti agarsiisuun, Caasaa barreeffama Afaan Oromoo hubataa, barreeffamicha akka dubbisaniifi haala barattoonni barreeffama dubbisan deebi'anii itti cuunfuu danda'an itti gargaaramuufi karoorsuun gaariidha. Karoora safaramaafi gochaalee qindaa'aa ta'e dhabuun hubannoon dubbisuu barattootaatti gufuu ta'uu danda'a.

V. Adeemsa Dubbisuu haalan Itti Fayyadamuu Dhabuu

Barreeffama tokko barattoonni dubbisani akka hubatan gochuuf gulantaafi tartiiba gochaalee dubbisuu dursanii karoorsuufi xiyyeeffannoo keessa galchuun murteessaadha. Gulantaalee kunis, hubannoo dubbisa duraa, hubannoo yeroo dubbisaafi hubannoo dubbisaa boodaa jedhamuun beekamu. Adeemsa dubbisuu kunniin kaayyoowwan of danda'aan qabu. Yaada Kanas Atkins fi kanneen biroo (1996: 80-81) haala kanaan ibsu.

The aim of pre-reading phase is to introduce the topic giving a reason for reading and to provide some language preparation for the text. While reading stages is to help students understand the writer's purpose and clarify the content and structure of the text being read;

The aim of the post-reading phase to reflect up on what has been read and relate it to the student's activities. Reading Comprehension in asignificant way pre-reading of vocabulary definitions is the traditional pre-reading activity.

Adeemsa dubbisuun kanneen duraa-duuba isaanii eeguudhaan dalaga barattootaa wajjiin walqabsiisuun hubannoo barattootaa cimsuudha. Odeeffannoofi hubannoo muuxannoo duraan qaban, addaan baafachuu dhaan yeroo barreeffama dubbisan keessatti, waan barreessaan barbaade addaan baafachuu, qabiyyeewwan adda baafachuufi caasaa barreeffama afaanichaa hubataa dubbisaaniif gargaara. Barreeffama dubbisuun booda immoo gaaffilee hubannoorratti hundaa'uun gochaalee adda addaa hojjechuun kan agarsiisaniidha. Adeemsa gulantaalee dubbisuu kanneen hojiirra oolchuu dhabuu barsiisotaa hubannoo barattootaatti gufuu ta'a.

Akkuma walii galaatti adeemsota dubbisuu haalaan hojiirra oolchuuf, dandeettiin afaanichaa murteessaadha. Kana jechuun namni dandeettiiwwan walii gala Afaan Oromoo qabu tokko dubbisa Afaan Oromoon dhiyaateef dubbisee yaada dubbisichaa hubachuu nidanda'a. Maaliif yoo jedhame? Dandeettiiwwan afaanii hunduu wal-utubu waan ta'eef. Barataan tarsiimoolee dubbisuu sadan waliin qindeessee dubbisa keessaa waa hubachuufi waan dubbisa keessaa hubate

immoo, deebisee ibsuu danda'uu qaba. Dandeettii hubannaan dubbisuufi dhaggeeffachuun ergaa ykn yaada namoota biro fudhachuuf kan itti gargaaramnu yoo ta'u; dandeettii barreessuufi dubbachuun hubannoo, beekumsaafi yaada qaban karaa ittiin namootaaf qoodaniidha. Yaada kana Vorstius et al.(2013:212) yemmuu ibsu, “ Reading comprehension is a core component of being a successful individual. Reading effectively is essential for both educational and professional” jechuudhaan ibsa. Kanaafuu, dandeettiiwwan afaanii bifa qindoomina qabuun hojiirra oolchuu hubannaan sirriitti dubbisuun gama barnootaafi hojii idileettiin milkaa'ina barattootaaf kennuu danda'a.

Haalli dhiyaannaan dubbisni Afaan Oromoo hubannoo dubbisaa barattootatti gufuu ta'uu nidanda'a. Dubbisichi tarsiimoolee hubannaan dubbisuuf barattoota gargaaraniin wal-duraa duubaan kan hinqophoofne ta'uu danda'a. Gaaffileen dubbisa duraa muuxannoo duraan qaban yaadachiisuun, qalbii isaanii gara dubbisaa kan geessu ta'uu qaba. Amma danda'ametti dubbisichi fakkiin deeggaramee dhiyaachuun gaariidha. Barreeffamni hubannoo dubbisaa barattootaaf dhiyaatu,qabiyyeefi bal'inni isaa sadarkaa barattootaa olta'e fedhii dubbisuu keessatti dhaamsa. Baay'inni keeyyattootaafi dheerinni himootaa sadarkaa barattootaa kan madaalan ta'ee, jechoota salphaafi miira dubbisootaa hawatan ta'uu gaariidha. Dabalataanis, akkaataan itti fayyadamni afaanii barreeffamicha keessatti dhiyaate illee adeemsa hubannoon dubbisuu barattootaa daangessuu danda'a. Barreeffamicha keessatti safuu, aadaa, amantii, duudhaan hawaasaafi koorniyaan kan hinkabajamne yoo ta'e, barattoonni hubannoon dubbisuuf fedhii dhabu. Dabalataanis, barreeffamichi jechoota salphaafi jechoota namoonni afaan dhalootaa itti dhimma bahaniin kan ijaarame ta'uu qaba. Meeshaaleefi malli galumsa dubbisa keessatti hubannoon dubbisuu shaakalsiisuun barattoota keessatti fedhii itti uuma. Yaada kana Singh (2011:117) yemmuu ibsa, “The context support method focuses on using reading materials that is interests learning context” jechuun iba. Yaada kana irraas wanti hubatamu haalli dhiyaannaa meeshaalee hubannoon dubbisuu barnootaa murteessaa ta'uu isaa nama hubachiisa.

2.1.5. Sababa Dubbisani Hubachuu Dhabuun Rakkina nu Mudatan.

Adeemsa baruu-barsiisuu keessatti barnoonni afaanii barreeffama dubbisani hubachuu danda'uun qooda guddaa qaba. Barreeffama dubbisani hubachuu danda'uun baruu-barsiisuu afaanii keessatti iddoo guddaa qaba. Ogummaan dubbisuu daandeettiiwwan keessa isa

bu'uraadha. Kanaaf, barreeffama dubbisanii hubachuu dadhabuun rakkinoota adda addaatiif barattoota saaxila. Dandeettii barreeffama dubbisanii hubachuu dadhabuun xinsammuun barattootaa akka hin gabbanne taasisa. Kun immoo, barreeffama dubbisanii barnoota afaanii keessatti ogummaafi beekumsa afaanii barattoonni akka hingufanne taasisa. Kunis barreeffama dubbisanii hiika jechootaa tilmaamuu, barreeffama keessaa odeeffannoo murtaa'aa baasuu dadhabuu, sakatta'aafi gad-fageenyaa, akkasumas yaada waliigala bareessaa hubachuu dhabuu, barreeffama dubbisanii hubachuun hiika itti kennuu dhabuu, ijaarsa (qindoomina) barreeffamichaa sakatta'uufi gad-fageenyaan yaada barreeffamichaa gad-fageenyaan madaaluu dadhabuu barattootaatu nu mudachuu danda'a. yaaduma kana deeggaruun *Harmer (2002:61)* yemmuu ibsu akkana jedha.

The students have to develop their reading comprehension skills reading such as predicting, guessing word meaning reading for specific information, scanning, skimming, reading surveying text organization, and critically evaluating text. In addition to this recognize and use memorized element when text are enumerative lists a number of skills.

Yaada hayyuu kana irraa akkuma hubanutti, barreeffama dubbisnee hubachuu hin dandeenyu yoo ta'e, kaayyoowwan hubannoon dubbisuu kanneen hayyoonni kunniin tarreessan barattoonni hojiirra oolchuu dadhabu. Kun adeemsa baruu-barsiisuu rakkoo isaa ulfaataa barattootaafi barsiisota mudachuu danda'aniidha.

2.1.6. Akkaataa Barattoonni Waa Dubbisani Hubachuu Danda'an Itti Shaakalsifaman.

Barreeffama hubannoon dubbisuu barattootaa shaakalsiisuuf tooftaalee barattoota gahoomsuu qaban adda baasuun beekuun murteessaadha. Tooftaaleen kunis kan barattoota gargaaruun odeeffannoo barreeffama keessaa sammuu fudhachuun akka barattoonni hiika itti kennan taasisa. Kanaafis, barattoonni barreeffama hubannoon dubbisuuf shaakala walirraa hincinne taasisuu qabu. Barsiisaanis barreeffamoota, barattoonni irraa barataniifi isaan shaakalsiisuu danda'u, akkasumas tooftaalee garagaraatti fayyadamuun hubannoo dubbisuu barattootaa cimsuun barbaachisaadha.

Hayyoonni ibsa kennan, "Reading Comprehension strategies the activities which students to control their own learning. Infact, there are difficulties with distinguishing between reading skills and reading strategies" (Karasa 2012:170) jechuun ibsa. Tooftaaleen hubannoon dubbisuun

barattootaa gochaaleen kallattii barattootatti agarsiisuun ofiin barachuu barattootaaf haala mijjeessa. Ogummaan dubbisuufi tooftaaleen hubannoon dubbisuun garagaara.

I. Yaad-Qalbii Sammuufi Jijjiirama Yaad-Qalbii Sammuu Fiduu Danda'uu.

Barreeffamni hubannoon dubbisuuf gargaaran walxaxaa ta'een hirmaachisuun kan barsiifamuudha. Haalonni walxaxaa kunis tooftaalee yaad-qalbii sammuuufi jijjiirama hubannoo dubbisaa karaa guddifachuu danda'aniif dhiyaata. Tooftan dandeetti yaaduu sammuu cimsachuu qabaniifi dandeettii sammuuun yaaduun barachuu gara ol-aanaatti guddifachaa deemuu danda'an barattootaa hirmaachisuudha. Yaaduma kana ibsi kenname, "Reading Comprehension is a combination of reader's Cognitive and meta cognitive processes, It is not worthy that students should combine these strategies to achieve competence in reading" (Ahamdi and Ismail, 2012:159) jechuun ibsan.

Yaada hayyoota kanneen keessaas wanti hubatamu, Adeemsi barreeffama barattootaa hubannoon barattoota ittiin shaakalsiifnu dandeettii sammuu isaanii qaruu danda'uufi jijjiiramni sammuu isaanii caalmaa karaa gudachaa deemuu ta'uu qaba. Yoo kana ta'e gahumsiifi dandeettiin hubannoon dubbisuu gara sadarkaa olaanaatti sammuu yaaduutti jijjiiramaa deemu.

II. Ogummaa Dubbisuu Yaad-Qalbii Sammuu Waliin Qabsiisuu.

Qorannoon baay'een guddina faayidaa ogummaa dubbisuufi tooftaa dubbisuurratti walii nigalu. Barattoonni keenya dubbisaa gaarii ta'uuf, dandeettii hubannoon dubbisuu guddifachuu qabu. Barattoonni barreeffama afaan oromoo tokko yemmoo dubbisan waan shaakaluu danda'uu qabu. Kaayyoo dubbisanii dursanii itti beeksisuun, tooftaalee ittiin kallattii qabsiisuun sammuu isaanii hubannoon dhimmoota garagaraatiif akka dubbisan gochuufi barattootaa kallattii hubannoon dubbisuu qabsiisuun nibarbaachisa. Barattoonnis dubbisa tokko dandeettii dubbisuu gabbifachuuf: tilmaamuu, hiika jechootaa tilmaamuuf, odeeffannoo murta'aa baasuuf, sakatta'uufi gad-fageenyaan dubbisuu, odeeffannoo dubbisaa walii galaa gabbifachuu danda'uuf dubbisuu qabu. Yaada kana Harmer (2002 :61) akkana jechuun, " A number of skills reading such as predicating , guessing word meaning , reading for specific information, scanning, skimming, reading for general comprehension, inferring for text, interpreting text, surveying text organization and critically evaluating texts" ibsa kenneera.

Yaada kanarraa wanti hubatamu, barreeffama dubbisuu wayita baratan barreeffamicha wajjiin kanneen walqabatan waa baay'ee shaakalu. Isaanis; hiika jechootaa tilmaamsiisuu, odeeffannoo murtaa'oo barbaaduuf, sakatta'aan dubbisisuu, hunda waliin gahuun dubbisisuu, hubannoo walii gala argachuuf, yaada barreeffamichaa jireenya isaanii wajjiin akka walqabsiisan gochuun, barreeffamichaatti hiika akka itti kennan gochuufi gad-fageenyaan dubbisanii barreeffama dubbisanis qabatamaan sirriitti akka madaalaan gochuudhaan gahumsa hubannoon dubbisuu isaanii akka fooyyeffataa deemaniif nigargaara.

III. Jijjiirama Yaad-Qalbii Sammuu Taasisuun.

Barreeffama dandeettii yaad-qalbii sammuum dubbisuun barattooni adeemsa hubannoon dubbisuu isaanii gabbisa. Barattooni ofdanda'uun tooftaa filachuun yaad-qalbii sammuu isaaniin xiyyeeffannoo itti kennuun dubbisuuf gargaara. Huang and Newbern (2012) yemmuu ibsan, " Meta cognition involves components such as selecting strategies, setting, goals and monitoring one's own progress. Meta cognitive reading strategies are of interest and direct the ways readers arranges their interaction with the text." Jechuudhaan ibsu. Yaada hayyootaa kanarraa wanti hubatamu, Barattooni jijjiirama yaad-qalbii sammuum dubbisuun shaakaluun, caacculee tooftaa filatamaa, bakka, galma dubbisuu, ofiin haala mijeeffachuun ofiin shaakaluun fooyya'iinsa agarsiisaa deemuu. Tooftaa kunis onnachiisaafi kallattiin dubbisaan adeemsa barreeffama dubbisuu ofiin haala mijeeffata. Kun immoo, barreeffama dubbisanii hubannoo cimsachuu isaanii ni saffisiisa. Barattooni barreeffama dhuunfaa qunnamtii taasisuun barachuu isaanii hiika qabeessa taasisa. Kunis hubannoon dubbisuu barattootaa gabbisa.

Adeemsa barreeffama hubannoon dubbisuu kana keessatti wanti hindagatamne: karoorsuu, hordoffii gochuufi madaaluun jiraachuu qabu. Karoorsuu keessatti: dubbisaan tooftaalee dubbisuufi dhimma maaliif akka dubbisu dursee adda baafachuun, yeroo dubbisaatti barattooni barreeffama filatame qunnamuun odeeffannoo barbaadan (fedhan) qofa irratti hundaa'uun barreeffama keessaa akka fudhatan shaakalsisuu dha.

Hordoffii taasisuun immoo wayita barreeffama dubbisan tooftaa filatameefi karoorfameen dubbisanii barreeffama keessaa odeeffannoo barbaadame baasuufi dhiisuu isaanii duukaa ba'uun hordofanii barattoota qajeelchuudha. Adeemsi hubannoon dubbisuun barattootaa dogoggora ykn sirrii ta'uu adda baasuufi dandeettiin hojiin agarsiisuu haala itti fufiinsa qabaachuu danda'uun

shaakalsisuudha. Hubannoon hordoffiin barreeffama dubbisuun, “Involves the capacity to reflect on one’s done right or wrong and to integrate new information with prior existing knowledge.” (Hogan et al. 2011:8) jechuudhaan ibsa kenna. Itti fufuun adeemsa hubannoon dubbisuu keessatti haala karoorfameefi hordoffii taasifameen gochaa barattooni raawwatan madaaluudha. Adeemsa hubannoon dubbisuu kana keessatti hojii isaan hojjetaniif onnachiisuu, dubbisanii xumuruu ilaaluu, hubannoon dubbisuu irratti waan dhibe adda baafachuu, iddoowwan dogoggora qaban itti agarsiisuufi wantoota ulfaataa isaanitti ta’e adda baasuun hubannoo akka argatan gargaaruudha. “Teachers can promote their students, evaluating skills by informing them about the mistakes they commit. Making them aware about difficulties they are identifying the area of challenge to students in reading comprehension” (Akyol et.al: 2014) jechuun ibsa kenna.

IV. Dandeettii Xinqooqaa wajjiin walqabsiisuun Barsiisuu.

Barreeffama hubannoon dubbisuuf dubbisaan dandeettii xinqooqaa irratti qabuufi dandeettiin dubbisuu walitti dhufeenya guddaa qabu. Barreeffama dhiyaate dubbisanii hubachuuf, hiika waan barreeffamee adda baasanii beekuufi qindaa’ina caasaalee hubachuuf dandeettiin xinqooqaa qabaachuun barbaachisaa dha. Dubbisaan tokko ogummaa dubbisuu isa jalqabaa qubeelee sagaleewwaniin walitti firoomsee akka dubbisuu gargaaruudha. Afaan Oromoo keessatti, jechi qindoomina: dhamsagootaa, birsagootaa, dhamjechootaa ta’uusaa beekanii haalaan akka dubbisan gochuudha. Maalummaa jechaa Adduunyaa (2012:105) yoo ibsu, “Jechi qindeeffama dhamsagootaa, birsagootaafi dhamjechootaa kan unkaalee hiika tokkoofi isaa ol qabaniin dhiyaachuu danda’uufi afaan tokko keessatti ofdanda’ee dhaabbatudha.” Jechoonni dubbisa tokko keessatti argamanis yaada kanaan adda (ala) ta’uu hindanda’u. Kanaafuu, dubbisaan tokko beekumsa hiika jechootaafi jechoota bifa horteeffii yaasaan ijaaramaniin dubbisuu danda’uu qaba. Dubbisaan barreeffama Afaan Oromoo tokko jechoota hiika tokkoo ol qabaniifi hiika dhamjechootaa Afaan Oromoo beekuun isa fayyada. Fakkeenyaaf, dubbisuu keessatti “fixe,” “fixxe,” “kute,” “kutte,” “kuchisiise” jechoota jedhaman otuu fudhannee, namni waa’ee faayidaa dhamjechootaa hinbeekne tokko dubbisuu keessatti dogoggoruun jijjiirama hiikaa yookiin ergaa fida. Kanaaf xinqooqni afaanichaa beekuun dogoggora malee dubbisanii hubachuuf nigargaara.

Haaluma walfakkaatuun, barreeffama dubbifamu tokko haala gaariin hubachuuf dandeettiin caasaa afaanichaa baay'ee barbaachisaadha. Yaaduma kana ilaachisee Addunyaa (2010:28) yoo ibsu “Barataan faayidaalee dhamjechootaaa, walta'iinsa matimaafi gochimaa addaan hinbaafanne....dubbisee hubachuuf nirakkisa” jedha. Akka yaada kanarraa hubatamutti barreeffama tokko ergaasaa hubatanii hiika itti kennuufi yaadasaa hubachuudhaaf beekumsa caasaa afaanii bu'uuraa dursanii shaakaluun barbaachisaa ta'uu nama hubachiisa. Akkasumas, dubbisuun odeeffannoo qubeeleefi jechootaa barreeffama keessatti dandeettii dubbisichaan akkaataa hiika itti kennuu ofkeessaa qabuun barattoota shaakalsiisuudha. (Widdowson, 1987) jechuudhaan ibsa kenna. Hayyuun biraas, xinqooqni dubbisuuf seera baasa jechuun ibsa. Kembo (2000: 2-3) akkana jechuun ibsa, xinqooqni barreeffama dubbisuu keessattii rakkoolee dubbisaa mudatan, seera xinqooqaa jiru bu'uureffatee(hordofee) rakkoolee hubannoon kan maqsu ykn hiiku ta'uusaa haala kanaanis ibsa kenneera.

V. Meeshaaleefi Barreeffama Dubbifamu Filachuun.

Yeroo baay'ee barsiisaan gochisaa meeshaaleefi barreeffama dubbisuuf oolan, filatee daree barnootaaf dhiyeessuun gahee isaati. Barreeffama hubannoon dubbisuuf deemna yoo ta'e meeshaaleefi barreeffama dubbifamu filannee dhiyeessuuf qabna. Kana malees, meeshaaniifi malli baruu barsiisuu filannee ittiin barsiisnu barreeffama hubannoon dubbisuu kan barattoota gargaaru ta'uu qaba. Kanaafis barsiisaan meeshaaleefi mala filatee jijjiiree barattootaaf dhiyeessuun dubbisuu shaakalsiisuu qaba. Barreeffama hubannoo dubbisuu yemmuu qopheessinu sadarkaa dandeettii dubbisuu barattootaa irratti hundaa'uun meeshaa filachuun barbaachisaadha. Harmer (2002:178) yoo ibsu, “....appropriates reading materials interms of genres, difficulty, interest, cultural background and choosing topics that suit student's interesent the core of teaching. It helps students improve their reading skill” jechuun ibsa.

Yaada kanarraa wanti hubatamu, barattoonni barreeffama dubbisanii hubannoo isaanii akka fooyyeffataniif, barsiisaan wantoota kanneen giddu-godhatee dhiyeessuuf qaba. Isaanis: barreeffama dubbisuuf isaanitti tolu, gahumsa gargar kan baasu, fedhii isaan kan guutu, aadaa waliin kan deemuufi mata duree isaan keessatti horuu danda'uu filatee dhiyeessuun ogummaa dubbisuu isaanii akka fooyyeffataniif barattoota isaan gargaara.

2.1.7. Yaaxinoota Barachuu

Barachuun barattoota karaa qabatamaa ogummaa barreeffama dubbisani hubachuun ittiin danda'amuudha. Yaaxinoonni barachuu gara garaas ni jiru. Yaaxinoonni gara garaa kunis adeemsa ogummaa barreeffama dubbisuun ittiin baratamu ibsu. Yaaxinoonni kunniinis; yaaxina hawaasummaan barachuu (the social learning theory), yaaxina dandeettii sammuu (the cognitive skill theory) fi yaaxina modeelaa barachuu jedhamuun beekamu.

2.1.7.1 Yaaxina Hawaasummaan Barachuu

Yaaxinni hawaasummaan barachuun walitti dhufeenya taasisuun wal-irraa barachuun kan danda'amudha. Bandura (1977:3-15) tti kan mala dha'ameedhe yoo ibsu, "The knowledge, skill, strategies, beliefs, attitudes, and behavior can be learnt through observing others. It emphasizes that learning has a social nature." Yaada kanarraa wanti hubatamu adeemsa barachuu keessatti beekums, ogummaan, tarsiimoon ittiin baratan, amantaa, ilaalchiifi jijjiiramni yaadi-qalbi kan barataman kanneen biroo daawwachuu keessaa akka ta'e nutti agarsiisa. Adeemsi barreeffama dubbisuu keessan baratamu kunniin lamatti qoodamee ilaalama. Isaanis; Gochaa raawwatamu irraa bu'aa argameerraa barachuufi Ta'insoota jijjiirama yaad-qalbiifi ta'insoota akka modeelaatti dawwachuufi dhageeffachuun barachuudha. Kan irraa baratamus barreeffama ykn namootadha. Warreen haala kanaan baratanis barattoonni maatii isaanii barreeffama bashannanaafi yeroo itti dabarfachuu isaanii waliin dubbisuudhaan barreeffama dubbisani hubachuu isaanii gabbifatu. Akka yaaxina kanaatti barattoonni kanneen modeela ta'uu danda'an, namoota ykn barreeffamoota qajeelfama hordofuudhaan ilaaluufi dhageeffachuun irraa barachuu danda'u. kana keessatti barreeffama callisani osoo hintaane, xiyyeeffannoon ilaalani kan dubbisani kan hubatan ta'u.

2.1.7.2. Yaaxina Dandeettii Sammuu

Yaaxinni dandeettii sammummaa yaaxinoota heeraman keessa isa tokkodha. Yaaxinni kun kan irratti xiyye xiyyeeffata. Yaaxina kanas kan mala dhahees Anderson (1980:11-17) dubbisuun hojii sammuu wajjin kan walqabate ta'usaa ibsa. Akka yaada hayyuu kanaatti jijjiiramni guddina sammuu kan dhufu adeemsa wal irraa hincinne taasisuun akka ta'e hubanna. Dandeettiin waa yaaduu barattootaa dhiibbaa kallattii itti agarsisuu fi gara fuul-duraatti deemsisuun gahumsa gonfachiisee jijjiirama yaad-qalbi barattootaa argamsiisa. Akka Anderson (1982:213)

tti ibsutti, “There are three stages of skill acquisition: the declarative stage, knowledge compiling and the procedural stage.” Yaada olii kanarraa wanti hubatamu ogummaan barumsa ittiin argatan sadarkaalee sadii qabaachuu isaa hubanna. Isaanis; inni jalqabaa haala gad-bu’aa keessatti barachuu danda’uudha. Ka’umsi ogummaa barachuun kun bakkaa fi yeroo kan fudhatuudha. Sababni isaas barataan odeeffannoo sammuutti qabachuun ogummaa kan ittiin gabbifatuudha. Kana keessatti kan ilaalamu akkamitti akka dubbisuudha. Barataan jalqaba qubee adda baasuu sagaleessuufi qubeewwan kanneen immoo jechoota keessa galchuun sammuutti qabata.

Sadarkaa adeemsa barachuu isa lammaffaa keessatti dogoggora barreeffama keessaa addaan baasuun samuutti qabachuudha. Kana booda kutaa qaama sammuutti odeeffannoo dabarsuun adeemsa keessa shaakala taasifamuun ogummaa dubbisuu fooyya’eeffataa deema. Adeemsa barachuu kana keessatti barataan barreeffama baay’inaan dubbisa kan dubbisu miti. Jechoota sammuutti qabatamuu danda’an sagaleewwan qoqqoodee dubbisuun sammuutti qabata. Kunis barattoonni dandeettii saffisaan dubbisanii hubachuu jechootaa akka cimsataniif nigargaara.

Inni sadaffaan, barattoonni jechoota adeemsa duraa duubummaa eeganii sadarkaa dubbisuurraa gahuudha. Sadarkaa kanatti barattoonni shaakala dubbisuu wal irraa hincinne taasisuun ogummaa hubannoon dubbisuu isaanii gabbifataa deemu. Kunis caalaatti ogummaa hubannoon dubbisanii beekumsa jechoota cimsachuu isaaniitiif iddoo olaanaa qaba.

2.1.7.3. Yaaxina Moodeela Barachuu

Yaaxinni moodeela barachuu kun Alexaander (2003:3-7) jedhamuun ibsame. Akka hayyuu kanaattis moodeelli kun kan barattoonni ogummaa dubbisuu dagaagfachuufi adeemsa barachuu barnoota idilee kan ittiin fooyyeffataniidha. Yaaxina moodeela barachuu kana keessatti barattoonni hojii hojjetaa dubbisaniifi tarsiimoo irra deddeebi’aniifi yaada barreeffamaa dubbisanii gabaabsuutti gargaaramu. Adeemsa dubbisanii barachuu kana keessatti dhimmoonni dubbisuu wajjiin walqabatan gar-tokkeen isaanii ykn hundi isaanii dubbisuun al-tokkotti itti ulfaataa. Dhimmoonni dubbisaaniifkun kanneen duraan beekan yaadachuu beekumsaafi dubbisanii hubachuu dagaagfachuu ta’a. Barataan kan hubachuu qabu hojiiwwan dubbisuu wajjiin walqabataniifi tarsiimoo dubbisa gad-fageenyaati. Isaan kunis; dubbisa dubbisan deebiisanii ibsuufi dubbisischa madaaluudha. Dubbisaan sadarkaa agummaa gabbiffachuu

kanaatti, dubbisuun adeemsa bal'aa qabaatu iyyuu, bu'uurri beekumsaafi adeemsi karaa salphaa tarsiimoo gad-fageenyaatti gargaaruun hubannoo dubbisaa cimsuuf murteessaadha.

Qorannoo tokko yaaxinoota irratti hundaa'ee adeemsifamuu niqabaata. Yaaxinoota mata-duree qorannoo waliin deemu danda'an wajjiin walsimsiisuun qorannoo geggeessuun saayinsii deemsa qorannooti. Anis yaada adeemsa qorannichaa gabbisuu kanneen danda'an mata duree wajjiin walsimsiisee qindeessee dhiyeesseera. Hojii baruu-barsiisuu keessatti hubannaan dubbisuun hojii dandeettii sammuu. Hubannaan dubbisuu keessatti barattoonni sagaleefi sagalee, birsagaafi birsaga walitti sammuu keessatti jecha ijaarachuun dubbisa sammuu keessatti hiika galumsaa tilmaama. Ogummaawwan kan duraan sammuu keessa jiruufi waraqaarraa dubbisa jiru walitti sammuu keessatti hiika kenna dubbisa. Kana malees, adeemsi barachuu ogummaa afaanii hawaasummaadha. Hubannaan dubbisuuf barattoonni tarsiimoo itti dubbisan, beekumsa afaanichaafi ogummaa dubbisuu; hiriyoota, barsiisaa ykn maatii daawwachuun barachuu danda'u. Kun immoo hawaasummaa ofkeessaa qabaachuu mul'isa. Barattoonni adeemsa barachuu modeelaatiin ogummaa hubannaan dubbisuu kan fooyyessuudha. Kana keessatti barreeffamoota hedduu jiran keessaa; kaayyoo, fedhii barattootaa, tarsiimoo, dhimmoota dubbisaniif addaan baasuun hubannoon dubbisuuf dhiyaata. Kanaafuu, qorannoon kun yaaxinoota sadan: yaaxinoota dandeettii sammuu yaaxina hawaasummaafi yaaxina moodeela barachuu irratti kan hundaa'eedha. Yaaxinoonni kunniinis hubannaan dubbisuu barattootaa haala barattoonni ogummaa dubbisaa cimsataniifi tooftaa ittiin dubbisanis ifatti karaa kan itti agarsiisuudha.

2.2. Adeemsa Dandeettii Hubannoon Dubbisuu Itti Barsiifamu.

Hubannoon dubbisuu barsiisuuf adeemsi gochaalee irratti xiyyeeffatamuu qaban jiru. Adeemsa gochaa dubbisaa duraa, yeroo dubbisuufi dubbisuun boodaa jedhamanii bakka sadiitti qoodamu. Duraan dursee barsiisaan tokko hubannaan dubbisuu barsiisuuf, meeshaa (dubbisa) filachuun haala qabiyyee barnootaa wajjin deemu danda'uun qindeessee wal-duraa duubaan akka hojiirra taasisuu qaba. Yaada kana Tolemariam (2017: 67) irratti yemmuu ibsu, “Malli baruu- barsiisuun duraa, yeroo dubbisaafi dubbisuun boodaa gaggeeffamuu qaba. Barsiisonni hubannaan dubbisuu barattootaaf fakkeenya ta'uu qabu; dubbisicha ilaalchisees barattootaaf gaaffii dhiyeessanii deebii fudhachuu qabu” jechuudhaan ibse.

Yaada oliirraa waanti hubatamu, gochaan adeemsa dubbisuu shaakala hubannoon dubbisuu barattootaa gabbisuu danda'udha. Akkasumas, gochaan kun waan barreeffame bu'uura godhachuun kan dalagamu waan ta'eef barruu sirnaan qindeeffame barbaada. Sababni isaa barataan afaanii gargaarsa duubaa yoo hinqabaanne dalagaa tokkotti seenuun baay'ee isaan rakkisa. Barattoonni osoo dubbisuutti hinseenin dura waa'ee dubbisa mata-duree dubbisani hanga tokko beekuu qabu. Kanaafuu, barruun barataaf dhiyaatu muuxannoo isaaniin kan walqabate ta'uu akka qabu yaada olitti dhiyaatterraa hubachuun nidanda'ama.

Adeemsa hubannoon dubbisuu cimsuuf, shaakaloota garaagaraa keessa kan darbu ta'a. Kunis hubannoon dubbisuu barsiisuun adeemsi isaa sirna barnoota afaanii keessatti argamuu qaba. Gilgaalonni sadarkaalee dubbisuu sadaniif ta'uu qopheeffachuudha. Barsiisaan wayitii daree keessatti barattoota dubbisuu barsiisuuf gara kutaatti seenu, dubbisa dubbisa qophaa'ee barattootaaf dhiyeessu, maal gochuu akka qaban qajeelfama ifaa kennuun jalqabsiisuun barbaachisaadha. Yaada olitti ibsame kana Atkins fi kanneen biroo (1996:80-81) irratti akka ibsutti sadarkaalee dubbisuu bakka sadiitti qoodee kaa'a. Walumaa galatti, sadarkaalee kanneen sadan keessatti gaheen barsiisaa maal ta'uu akka qabu, haala armaan gadii kanaan ibsamaniiru.

I. Sadarkaa Dubbisa Duraa (pre reading phase).

Sadarkaa kana keessatti mata-duree dubbifamu barattootaan wal-barsiisuuf qabxiilee armaan gadii kanneen barattoota hubachiisuudha. Yeroo fedhii itti horuufi dubbisuuf kaka'umsa itti argataniidha.

- A. Sababa dubbisaniif itti himuu (kaayyoo)
- B. Beekumsa kanaan duraa waa'ee mata-duree kanaa irratti qaban wajjin akka waliin mari'atan Gochuu.
- C. Waa'een mata-duree dubbisuuf deemamuu maal akka ta'uu danda'u tilmaamsisuu.
- D. Hiika jechoota haaraa kan hubannaa barattootaa irratti gufuu ta'an muraasa jechoota Lama ykn sadii waliin tilmaamuu.

II. Yeroo Dubbisuu (While reading phase).

Sadarkaa kanatti gaheen barsiisaa adeemsa dubbisuu hoogganuufi haala **mijeessuudha**. Yeroon kun yeroo barattoonni kallattiidhaan dubbisa qunnamuun odeeffannoo dubbisa keessaafi ergaa

barreeffamaa itti qayyabataniidha. Yeroo barattoonni hiika jechoota haaraafi ciccimoo galumsa irraa tilmaamu fa’

III. Dubbisa Booda (post reading)

Barattoonni guutamaatti dubbisa erga dubbisanii booda, hubannoon dubbisuu isaanii mirkaneeffachuuf barsiisaan kanneen hojiirra oolchuu qaba.

- A. A.Hubannaan dubbisuu barattootaa madaaluu.
- B. Gaaffilee gilgaalotaa dubbisa keessaa bahan kennuun dalagsiisuudha.
- C. Barattoonni deebii gaaffileef kennan irratti waliin akka mari’atan gochuu.
- D. Dubbisicha dubbisan muuxannoo isaa tilmaammii dubbisa duraa, dubbisuun booda sirrummaa isaa akka mirkaneeffatan gochuu
- E. Odeeffannoo dubbisa keessaa argatan qindeessanii akka dhiyeessan gaafachuufi yaada dubbisichaa jechoota mataa isaaniitiin akka ibsan taasisuu.

2.3. Sakatta’a Barruu Walfakkii

Qorannoon garagaraa mata-duree kan waliin kan walfakkaatan sakatta’uun mana barumsaa Afaan Oromoo Burqaa Wayyoo sad. 1^{ffaa} Finfinnee keessattis ta’e; Manneen barnootaa biroo keessattis qorannoon mata-duree kana waliin walfakkaatu hanga yoonaatti rakkoo gama kanaan jiru furuuf qorannoo hojjetame hinagarre. Haata’u malee, qorannoonni garagaraa mata-duree dubbisuurratti ittiin guuttannaa digirii 2^{ffaa} tiif manneen barnootaa adda addaa irratti qorannoo garagaraa namoota adda addaatiin hojjetamaniiru. Gannat (2012) mata duree, “Xiinxala Ogummaa Dubbisuu Barsiisuu: Barattoota Afaan Oromoo akka afaan 2^{ffaa} kutaa 8^{ffaa} manneen barnootaa Bishooftuurratti Baratan” jedhurratti qorannoo kan adeemsifte yoo ta’u, kaayyoon qorannoo ishees; ogummaa dubbisuu barattootaa afaan oromoo akka afaan 2^{ffaa} tti kutaa 8^{ffaa} baratan hojiirra oolaa jiru qaaccesuudha. Qajeelaa (2015) mata-duree, “Rakkoo barattoonni barreeffama afaan oromoo dubbisanii hubachuu dadhabuu” jedhurraatti qorannoo adeemsiseera. Kaayyoon isaas, kutaa 11^{ffaa} keessatti tarsiimoon hubannoon dubbisuu hojiirra ooluu isaanii sakatta’uufi xiyyeeffannoon qorannoon isaas amaloota dubbisuu ittiin kutaa keessatti barsiifamaa jiran qaaccesuudha. Xiyyeeffannoon qorannoo koo immoo hubannoo dubbisaa barattoota Afaan Oromoo xiinxaluudha. Kaayyoofi adeemsi qorannichaas qorannoo biroorraa addadha.

Haaluma wal-fakkaatuun, Kuulanii (2010) mata-duree, “Xiinxala Garaagarummaa Dandeettii Dubbisanii Hubachuu Barattoota Afaan Oromoo akka Afaan Lammaffaatti Barataniifi akka Afaan Jalqabaatti Baratan.” Jedhurratti qorannoo adeemsifteetti. Kaayyoon qorannichaas, barattoonni kutaa 9^{ffaa} garaagarummaa dandeettii dubbisani hubachuu barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barataniifi akka afaan jalqabaatti baratan xiinxaluudha. Qorattuun kunis, barattoonni kutaa 9^{ffaa} Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan, barattoota warra akka afaan tokkoffaatti baratan caalaa hubannoon dubbisaa isaanii gad-aanaa ta’uu argannoo ishee keessatti mirkaneessiteetti. Xiiyyeffannoon qorannoo ishee dandeettii dubbisani hubachuu barattoota Afaan Oromoo akka lammaffaafi akka akka afaan tokkoffaatti baratan gidduu jiru addaan baasuun ibsuu yoo ta’u ; Qorannoon koo immoo, Mana Barumsaa Afaan Oromoo Burqaa wayyuu Finfinneetti barattoota kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} hubannoo dubbisaa isaanii adda baasuun tarreessuudha. Kanaafuu, qorannoowwan olitti eeraman kunnii kaayyoo, bakkaafi sadarkaa kutaa barnootaatiin qorannoo koo irraa addadha.

Haa ta’u malee Finfinnee keessatti barreeffama Afaan Oromoo dubbisani hubachuu danda’uu barattootaa ilaalchisee qorannoon hojjetame hinjiru. Haala yeroo ammaa barattoonni Afaan Oromoo Finfinnee hubannoo dubbisaatiin irra jira ibsuufi tarsiimoolee hubannoo dubbisaa ittiin gabbifatan ibsuudha. Qorannoo kanas kan adda taasisu: 1^{ffaa} mata duree qorannichaa, 2^{ffaa} kaayyoo qorannichaa, 3^{ffaa} mana barumsaafi kutaa irratti hojjetamudha. Kanaafuu, rakkoo hubannoon dubbisa Afaan Oromoo dubbisani hubachuu dadhabuun barattootaa M/barumsaa Afaan Oromoo Burqaa Wayyuu sad. 1^{ffaa} (Finfinnee) kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} baratan qoratee ifatti baasuufi argannoos erga argate yaadni furmaataas kan ibsamu ta’eera.

Boqonnaa Sadii: Saxaxaafi Malleen Qorannichaa

3.1. Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qorannoo kanaa giddu-galeessa qorannichaati. Kunis, qorannichi maal fakkaata? Gaaffii maal irrattis hojjetame (bu'uureffate)? Gaaffii jedhamee kana keessatti ka'uu danda'uuf deebii kan argatuudha. Kanaafuu, saxaxni qorannoo kanaas ibsaadha. Qorannichis kan inni bu'uurfatus mala akkaamtaafi ammamtaa walfaana mala walmakootti fayyadamuun ragaaleen qorannichaa kan ibsamudha. Haaluma kanaan, ragaalee qorannichaa maddeen adda addaarraa walitti funaanamu. Ragaalee kannneenis, lakkoofsaafi dhibbeentaatti jijjiiramuu danda'an gabatee keessa galchuun, kanneen gara lakkoofsaafi dhibbeentaatti jijjiiramuu hindandeenye gad-fageenyaan ibsama. Ragaaleen qorannichaas amala akkaamtaafi ammamtaa bu'uura godhachuudhaan tokko tokkkoon ibsamuun qaaceffamee kan dhiyaateedha.

3.2. Madda Ragaalee

Akkuma qorannicha keessatti ibsamuuf yaalametti, madda ragaalee qorannichaa kan ta'an: Mana barumsaa Burqaa Wayyuu sad 1^{ffaa} barattoota mana barumsicha Afaan Oromoo kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} bara, 2011 tti baratan, barsiisota Afaan Oromoo mana barumsichaa keessatti Afaan Oromoo barsiisaa jiran. Akkasumanis, dookimeentii barattootaa kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} sakatta'uun maddeen ragaalee kunniin kan filatamaniidha. Sababni isaas qorannichi Kan geggeeffamu barattootuma kana waan ta'eefiidha. Hubannoon dubbisuun barreeffama Afaan Oromoo danda'uun barattootuma kana irraa ragaan argama. Akkasumas, Barsiisonniifi meeshaaleen barnootaas olitti ibsaman, ka'umsa rakkoo kanaa ta'uu waan danda'aniifinhaalii mijataan uumamuu dhabuu barreeffama Afaan Oromoo ga'umsaan dubbisani hubachuufi dandeettii dubbisuu xiyyeeffachuu isaanii odeeffannoo irraa argachuuf kana keessatti hammatamanii jiru.

3.3. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Qorannoo tokkoof ragaan ykn odeeffannoon akka barbaachisu kan namoota walgaafachiisu miti. Inni guddaan garuu, meeshaalen ragaalee qorannoof barbaachisan ittiin funaanaman filachuun hojii murteessaadha. Sababnisaas, ragaalee barbaadaman haalan argachuufi malleen ragaa funaanuuf garagaraan mata-dureen walqabatan ta'uu qaba. Akkasumas, kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun xiyyeeffannoon gaaffilee filachuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan,

meeshaaleen kanneen keessaa qorannoo kana keessatti tooftaalee ragaan ittiin funaanamu; qormaataafi sakatta'aa dookimeentiiti, af-gaaffiin barsiisotaafi barattoota Meeshaalee funaansi ragaalee kunniin odeeffannoo qabatamaa haala barreeffama Afaan Oromoo dubbisanii hubachuu danda'uu isaanii ifatti mul'isu danda'aniiru.

3.3.1. Qormaata

Qormaanni meeshalee funaansa ragaaleetiif itti gargaaramnu keessaa isatokkodha. Kana keessatti dubbisa sadarkaafi fedhii barattoota giddu-galeessa godhatee filachuun gaaffilee hubannoo dubbisicha keessa baasuun dandeettii hubannoon dubbisuu barattoota qorachuuf gargaara. Maalummaa qormaataa ilaalchisee ያለው (2006: 194) yoo ibsu, “ፈተና ማለት የተወሰኑ ጥያቄዎች ተዘጋጅተዉ ወጥነት ባለዉ መንገድ የተፈታኞችን አእምሮአዊ ወይም ስነባህሪያዊ ሁኔታ አስመልክቶ መረጃ ለመሰብሰብ የሚረዳ መለኪያ ነዉ::” jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu qormaanni haala walfakkeenya qabuun qophaa'ee dandeettiifi amala barattoota ilaalchisee odeeffannoo barbaanne funaannachuu kan itti fayyadamnu ta'uusaa ibsa.

Qormaata barreeffama dubbisanii hubachuu danda'u (Reading Comprehension test) qopheessuu ilaalchisee. ቤድሉ (1988: 26) Garleet (1981: 6-9) waabeffachuun akka ibsitetti; “ንባብ የተለያዩ ንዑስ ክህሎትን ያጠቃልላል:: እነዚህን የተለያዩ ንዑስ ክህሎች ለማዳበር ደግሞ በተለያዩ ጥያቄዎች መገልገል አስፈላጊ ነዉ:: በተለያዩ የጥያቄ አይነቶች መጠቀሙ ሁለት አገልጎሎት አለዉ:: ይህዉም 1ኛ የምንባቡን አገባብ ለመረዳትና የምንባቡን ይዘት መረዳት የሚወጡ የፈተና ጥያቄዎች” jechuudhaan ibsiti.

Yaanni hayyoota kanneen kan nutti agarsiisu: barreeffama dubbiffamuu kan dandeettiifi amala barattoota haala sadarkaa isaaniirratti kan bu'uureffate qopheessuun, gaaffilee qormaata yaada dubbisichaafi qabiyyee dubbisichaa irratti xiyyeeffachuun barattoonni hubannoo isaan dubbisuurratti qaban argachuun nidanda'ama. Karaa biraatiin, qormaanni kan dandeettii barattoonni har'a qaban irraa ka'uudhaan gara fuulduraatti eessa akka isaan ga'uu danda'an erga hubatanii booda isaanii (sadarkaa Hubannoo) isaanii iddoo hubachuun haala jiru mijeessuuf kan gargaaruu ta'uusaa ibsa. (Dastaa 2013: 123).

Kaayyoon qormaatni qorannoo kana keessatti kannamuuf, barattoonni barreeffama Afaan Oromoo hubannaan dubbisanii jijjiirama gama beekumsa afaaniifi jijjiirama amalaa isaan agarsiisan xiinxaluudha. Qormaanni kunis kan qophaa'u barsiisota Afaan barsiisaa jiran lamaafi

barsiisota Afaan Ingilizii barsiisaa jiraniin, kana jechuunis barsiisota afuriin qophaa'a. Baankiin qormaata Afaan Oromoo akka afaan Ingilizii waan hinjirreef, dubbisuma kaayyoo kana galmaan gahuu danda'u filatu. Dibbisni kanaaf filatamus fedhii, aadaafi safuu barattoota eegu, qindoominafi fayyadamni keessaa bahuu danda'an ta'uu qaba. Dubbisa irratti hundaa'uun gaaffilee akaakuu sadii qaban baasu. Gaaffileen waliigalaa digdamii- shan yoo ta'an; akaakuun gaaffilee kallattiin dubbisarraatti hundaa'an dhugaafi sobni (5), hiika galumsa jechoota dubbisa keessaa jahan walitti firoomsuun torba (7), akkasumas gaaffilee galumsa dubbisa keessaafi aggaamsaa (inferessial question) walitti kudha sadii (3) qopheessuun ga'umsi hubannoon dubbisuun isaanii ittiin madaalama. Barsiisonni qormaata qopheessan erga kana raawwatani booda, gaaffileefi deebii walitti qindeessuuf qorataaf kennu. Qorataanis haaluma qophaa'een barattoota qoruun, hubannoo barattoonni argamsiisanitti hiika kenna.

Walumaa galatti qorannoo kana keessatti barreeffama Afaan Oromoo, barattoonni ofiin dubbisan, ergaafi qabiyyee isaa hubannoon dubbisani, gaaffilee hubannoo keessaa bahan qopheessuun murteessaadha. Dubbisni hubannoofi gaaffileen hubannoo yemmuu filatamanis, beekumsa gama sammuufi jijjiirama amalaa barattootaarratti kan xiyyeeffate ta'uu qabu.

3.3.2. Sakatta'a Dookimentii

Qorannoo kana keessatti sakatta'an dookimentii akkaataa barattoonni itti galma'aniifi M/Barumsaa eessaa akka dhufaniifi kutaa meeqatti Afaan Oromoon barachuu akka eegalan adda baafachuu ta'a. Barattoonni kun qorumsa hubannoo dubbisaa al-meeqa akka fudhataniifi qabxii meeqa akka galmeessan sakatta'uudha. Afaan Oromoo kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} hubannoo dubbisuu irratti barattoonniifi barsiisonni haala isaan irra jiran adda baafachuun qaaccessuuf gargaara. Kana keessatti hubannoo dubbisuu barattoonni barreeffama Afaan Oromoo irratti qaban bu'uura isaa beekuuf gargaara. Ka'umsi jalqabaa Afaan barnootaafi barumsi afaanii hubannoon dubbisuu barattootaa irratti dhiibbaa fiduu danda'a. Kanamalees, hubannoon dubbisuu barattootaa maleenyi (dhiyaatinni) isaa meeshalee barnoota kanneen wajjiin walqabata waan ta'eef. Kanas qorannoo kana keessatti qaaccessuun ragaa qorannoo kanaa cimsa, yoo hin jiraanne immoo dhiibbaa isaan hubannoon dubbisuu barattootaa irraa ga'aa jiran xiinxaluun ragaa qorannoo kanaa keessatti hammachiisuuf gargaara.

3.3.3. Af-gaaffii

Kaayyoo, caasaafi gahee qaburratti hundaa’uun afgaaffiin qorannoo kanaa kutaa lama (2) qaba. 1^{FFAA}, gaaffii caaseffama ykn daangeeffamaadha. Kunis odeefkennitoonni filannoo kennameef qofarratti hundaa’uun deebii kennu. Kunis gaaffii, “Eeyyee” yookiin “lakkii” jedhamaniin ibsamu. 2^{FFAA}, afgaaffii hindaangeeffamne kan ibsi itti kennamuufi kan odeefkennitoonni yaada isaanii bal’inaan ittiin ibsaniidha.

Haaluma kanaan, meeshaalee funaansa ragaalee keessaa af-gaaffiin kan inni dhiyaatu baratt ootaafi barsiisootaaf yoo ta’u; barsiisonni Afaan Oromoo mana barumsaa Afaan Oromoo Burqaa Wayyuu Sad. 1^{ffaa} kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} barsiisaa jiraniif barsiisota kanaaf kan dhiyaatudha. Af-gaaffilen barattootaaf dhiyaatan kan caaseffaman gaaffilee 14 fi kanneen banaa ta’an (3) sadiidha.

Gaaffileen Afgaaffii barsiisotaa dursanii qophaa’u. Afgaaffilee kunis baay’inni isaanii 6 yoo ta’an; caaseffamaan kan daangeeffaman (cufaa) 4 yoo ta’an; gaaffileen banaa ta’an immoo 2 ta’u. Qoratichi deebiwwan barsiisotaan kennaman yaadannoo qabachuun akkaataa walitti dhufeenya gaaffileen qabaniin qindeessuun booda qorannicha tokko tokkoon isaaniitti hiikni kan itti kennameedha.

3.4. Iddattoo Qorannichaa.

Qorannoon kun iddattoo garaagaraatti dhimma bahuun kan hojjetameedha. Iddattoo qorannoo kanaa ta’anii kan filataman: Mana Barumsaa Afaan Oromoo Burqaa Wayyuu sad.1^{ffaa} fi 2^{ffaa}, kutaa barnootaa 7 fi 8, Mata-duree Hubannoon Dubbisuu, akkasumas, barattootaafi barsiisota mana barumsichaati. Iddattoo kunis madda odeeffannoo ragaa tokkoffaafi lammaffaa irratti kan hunaa’eedha. Manni Barumsaa, kutaa 7 fi 8, akkasumas, Hubannoon dubbisuun mala akkaayyootiin kan filatameedha. Sababni isaa kaayyoon qorannichaa hubannoo dubbisuu barattoota Afaan Oromoo xiinxaluu waan ta’eefi barattoonni kutaa 7 fi 8 dhiyeenya Finfinnee keessatti Afaan Oromoo barachuu eegalan hubannoo dubbisuu isaanii addaan baasuun ibsa itti haakennamuuf xiyyeeffataman. Hubannoon dubbisuun immoo, afaan bira darbee, gosa barnoota biro illee barachuuf murteessaa waan ta’eef. Barattoonni garuu, carraa tasaatiin filataman. Sababni isaas filannoo barattootaa kana keessatti loogiin tokko illee akka hinuumamneef

yaadameeti. Barsiisonnis, mala akkaayyootiin fudhataman. Isaa barsiisonni Afaan Oromoo Kutaa 7 fi 8 kan barsiisan muraasa waan ta'aniif akkuma jirutti fudhataman.

Qorannoo tokkoof ragaa kennitoota irraa odeeffannoo karaa meeshaaleen sirrii ta'een funaannachuun murteessadha. Haata'u malee, odkennitoota hundarraa fudhachuun waan hindanda'amnedha. Kanaaf bakka bu'oota irraawwatama qorannichaa irraa fudhachuun barbaachisaa ta'a. Kanaafuu, iddattoon qorannoo kanaa kan filataman mana barumsaa, hubannoon dubbisuu, barattootaafi barsiisota mana barumsaa Burqaa Wayyuu sad.1^{ffaa} Afaan Oromoo (Finfinnee) . Kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} ti.

I. Iddattoo Mana Barumsaa.

Manneen Barnootaa Afaan Oromoo magaalaa Finfinnee keessatti bara 2010 tti banamanii Afaan Oromootiin baruu-barsiisuu eegalan. Manneen barnootaa kunis kutaa bulchiinsa magaalaa Finfinnee afur keessatti eegalan. Manni barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sad.1^{ffaa} fi 2^{ffaa} ,kutaa Bulchiinsa Gulalleetti, Manni barumsaa Jeneraal Waaqoo Guutuu sad 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} ,kutaa bulchiinsa Kolfeetti, Manni barumsaa Burqaa Wayyuu sad 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} kutaa bulchiinsa Niifas siilki Laaftoofi Manni barumsaa Gaaraa-Guurii sad 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} immoo kutaa bulchiinsa Hekkaa jadhamutti banaman. Iddoon manneen barnootaa Afaan Oromoo kanneen keessaa manni barumsaa Burqaa Wayyuu sad 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} kan filatameedha. Kan filatameefis bakki hojii qorataafi manni barumsichaa walitti dhiyeenya qabaachuu kan ka'eef filatame. Manni barumsa kunis kutaa bulchiinsa magaalaa Finfinnee; Niifas Siilki Laaftoo, Aanaa 01 (Labuu) tti kan banameedha. Kanaafuu, manni barumsichaas iddoo madda odeeffanno qorannoo kanaa ta'a jechuudha.

Manneen barnootaa bulchiinsa magaalaa Finfinnee keessatti argaman hedduun carraa iddattoo kana keessatti hinhammatamne. Sababni Afaan baruu-barsiisuu ittiin deemsisaa turaniifi jiran Afaan Amaaraatiin waan ta'eef. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas: barattoonni Afaan Oromootiin Finfinnee keessatti barachuu eegalan, barreeffama Afaan Oromoo dubbisanii hubachuu danda'u isaanii kan qoratuudha. Dhimmi Afaan Oromoo xiyyeeffata waan ta'eef gara manneen barnootaa Afaan Oromoon Finfinnee keessatti barsiisaa jiran irratti fuulleffate.

II. Iddattoo Barattootaa

Iddattoon barattootaa kan filatame, akkuma madda ragaalee jalatti ibsame barattoota mana barumsaa Afaan Oromoo Burqaa Wayyuu sad. 1^{ffaa} 2^{ffaa} (Finfinnee) kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} barachaa jiran keessaa kan filatamaniidha. Barattoonni kutaa kutaa 7^{ffaa} daree (A-C) baratan keessaa yoo ta'u barattoota 113 kanneen ta'an keessaa barattoota 40 kanneen ta'uu danda'an (%35.39) isaanii mala iddattoo carraa tasaatiin filatamuun adeemsifame. Kanaafuu, bara 2011 tti A.L.I. baay'inni barattootaa kutaa kutaa 7^{ffaa} mana barumsaa Afaan Oromoo Burqaa Wayyuu sad. 1^{ffaa} (Finfinnee) barattoota 113 waan ta'aniif iddattoo carraa tasaatiin kan filataman (%35.39) kanta'aniidha. Barattoonni kutaa 8^{ffaa} daree (A-B) tti baratan keessaa barattoota 97 kanneen ta'an keessaa barattoota 40 kanneen ta'uu danda'an (%41.23) isaanii mala iddattoo carraa tasaatiin filatamuun adeemsifame. Walumaa galatti barattoonni kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} n barattoota 210 waanta'aniif carraa tasaatiin kanfilataman barattoota 80 (%38) kanta'aniidha. Kunis, dareewwan hunda keessatti baay'inni barattootaa argaman giddu-galeessaan kutaan 7^{ffaa} 38 yemmuu ta'an; barattoonni kutaa 8^{ffaa} giddu-galeessaan barattoota 48 ta'u. Barattooni kutaa 7^{ffaa} daree tokko keessa barattootaa 13 tu mala iddatteessuu carraa kana keessatti filatame Barattoonni kutaa 8^{ffaa} daree tokko keessaa barattoota 20 tu filatame. Dimshaashumatti, barattoonni iddattoon filataman barattoota 80 yemmuu ta'an, dhiira 33 fi shamarran 47s ta'aniidha. Gabateen armaan gadiis gabaabinatti kanuma ibsa.

Maqaa mana barumsaa	Kutaa	Koorniyaa		Ida'ama
		Dhi	Dha	
Afaan Oromoo Burqaa Wayyuuu sad. 1 ^{ffaa} fi 2 ^{ffaa} (Finfinnee)	7 ^{ffaa}	17	23	40
	8 ^{ffaa}	16	24	40
	Ida'ama	33	47	80

III. Iddattoo Barsiisotaa.

Iddattoon barsiisotaa immoo, barsiisota Afaan Oromoo mana barumsichaa keessatti lakkoofsa barsiisota barsiisaa jiran barsiisonni afur kanfilatamniidha. Mana barumsaa Afaan Oromoo Burqaa Wayyuu sad. 1^{ffaa} 2^{ffaa} (Finfinnee) lakk. 1 tti kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} barsiisonni dhiiraa 2 fi M/Barumsaa Afaan Oromoo Burqaa Wayyuu Sad, 1^{ffaa} (Finfinnee) lakkoofsa 2 tti A/Oromoo barsiisan dhalaa 1 fi dhiira 1 filatamaniiru. Sadarkaa barnootaa yoo ilaalle barsiisonni afranuu

Afaan Oromotiin digirii jalqabaan eebbifamaniiru. Walumaagalatti arfanuu madda ragaalee ta'uudhaan fudhatamaniiru.

3.5. Tariiba Ragaaleen Ittiin Funaaname.

Ragaaleen qorannoo kanaaf oolan haala armaan gadiitiin funaaname. Kunis, jalqabarratti: barsiisota miseensota muummee Afaanii yaada deeggarsaa gaafachuun, gareen ta'anii qormaata hubannoo dubbisaa wajjin wal-qabatu qopheessuun deebii isaa waliin akka qorataaf qindeessaan taasifame. Qormaata gareen qophaa'e kanas gaafa 13/09/2011 tti kennuun deebii qormaata sororsuun qabxii barattoota qabxeessuutu raawwatame. Itti aansuun immoo, Gaaffilee afgaaffiitu barsiisotaaf dhiyaate. Akkasumas haala hubannoon dubbisuu barattoonni itti barachaa turaniifi deeggarsa adeemsota hubannoon dubbisuurratti barsiisotaan taasifame mirkaneeffachuuf af-gaaffiin barattootaaf dhiyaate. Kunis, maleenyaafi tooftaalee hubannoo dubbisuun shaakaluu barattootaatu ilaalama. Kitaabni barattootaas gaaffilee hubannoon dubbisuu: gaaffilee hubannoo dubbisuu duraa, gaaffilee hubannoo yeroo dubbisaafi gaaffilee hubannoo dubbisaan boodaa qabaachuufi barsiisonnis haalaan hojiirra oolchuufi dhiisuu isaanii af-gaaffileen cufaafi banaa ta'an qindaa'anii dhiyaatan. Dhumarratti, haala dhufaatiin barattoota mana barumsichaafi meeshaalee barnootaa: silabiin, qajeelcha barsiisaafi kitaabni barattoota Afaan Oromoo kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} hubannoo dubbisaa wajjin wal-qabachuu af-gaaffiin barsiisotaaf dhiyaate. Dookimeentiin barattoota kutaa 7^{ffaa} abbaltiiwwan dubbisaa barattoonni hojjetaniifi qormaata moodeelaa barattoonni kutaa 8^{ffaa} semisteera 2^{ffaa} tti barattoonni fudhatan sakatta'uudhaan kan xiinxalli kan geggeeffame.

3.6. Tooftaa Xiinxala Ragaalee.

Ragaaleen maddoota adda addaarraa walitti qabamuun mala akkamtaa fi mala ammamtaa walkeessa mala makkootti fayyadamuun xiinxalame. Haala kana, Adunyaan (2011:60) dhimma kana yeroo ibsu, "mala akkamtaafi ammamtaa qorannoo tokko keessatti walfaana dhimma itti ba'uun mala tokko qofti dhimma bu'uura hubannoo cimaa barbaada. Bu'aan adeemsa kanaan argamus isa odeffannoo akaakuu tokkoorraa argamu caalaa guulaadha. Kanaaf, ragaaleen meeshaalee funaansa ragaaleen guuraman qorannoo kana keessatti mala makoon kan xiinxalamedha.

Sababni malleen kunfilaatamanisifis, malli qulqulleeffataan ragaalee qorannichaa gad-fageenyaan ibsa itti kennuuf filatamaa waan ta'eef; malli ammamtaan immoo ragaalee qorannichaa lakkoofsaafi dhibbeentaan ibsuuf filatamaa waan ta'eef. Walumagalatti ragaaleen qormaataafi sakatta'a dookimeentiin barattoota mana barumsichaa irraa funaanaman mala ammamtaatiin kan ibsamu yoota'u; ragaaleen afaaffiidhaan barsiisotaafi barattoota irraa walitti qabamuun argaman immoo mala akkamtaatiin ibsamu. Qorannoon mana barumsaa Afaan Oromoo Burqaa Wayyuu sad. 1^{FFAA} fi 2^{ffaa} barreeffama A/Oromoo dubbisanii hubachuun kun tartiiba ragaalee kanneen keessa darbuun xiinxalameedha.

Boqonnaa Afur: Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee

4.1. Ibsa Odeeffannoo Kennitootaa.

Kan odeeffannoo kennan barattoota kutaa 8^{ffaa} fi 7^{ffaa} mana barumsaa Afaan Oromoo Burqaa Wayyuu sad. 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} (Finfinnee) barataniidha. Barattoota kutaa 7^{ffaa} baratan dhi 17 dub 23 walitti 40 fi barattoota kutaa 8^{ffaa} baratan dhi 16 dub 24 walitti 40, walumaa galatti kutaa lamaan irraa barattoota dhi 33 dub 47 walitti 80 irraa ragaan walitti qabameera. Akkasumas barsiisota gosa barnootaa Afaan Oromoo barsiisan dhi 3 fi dub 1 walitti barsiisota 4 irraa ragaan walitti funaanameera.

4.1.1. Duubee Barsiisotaa Ragaa Kennanii.

Odeeffannoo duubee barsiisota ragaa kennuuf iddatteeffamnii saala, sadarkaa barnootaafi muuxannoo hojii barsiisummaa isaanii ibsu haala armaan gadiin gabataa keessatti dhiyaateera.

Gabatee 1: Seen duubee barsiisotaa: saala, sadarkaa barnootaafi muuxannoo isaanii ibsu.

Saala			Sadarkaa Barnootaa			Muuxannoo barsiisummaa				
Dhi	Dub	Ida'ama	Dip	Dig	MA	5-9	10-15	16-20	21-25	26 oli
3	1	4	-	4	-	-	2	-	2	-

Haaluma Gabatee 1 keessatti ibsameen barsiisonni raga kennuuf iddatteeffaman barsiisota dhiiraa 3 fi barsiistuu tokkoodha. Barsiisonni hundi isaanii (%100) sadarkaa barnootaan digrii jalqabaa kan qaban yammuu ta'u, gama muuxannoo hojii barsiisummaa isaatiin barsiisonni 2 (%50) ta'an tajaajila waggaa 10-15 kan qabaniidha. Akkasumas barsiisonni 2 (%50) ta'an immoo hojii barsiisummaa irratti tajaajila waggaa 21-25 kan qabaniidha.

4.1.2. Duubee Barattoota Hirmaatanii.

Gabatee 2: Barattoota ragaa kennuuf Iddatteeffaman Saalaafi Afaan Oromoo kutaa meeqa irraa akka eegalan ibsu.

Ragaa		Iddattoo			%
Saala		Dhi	Dub	Ida'ama	
Kutaa 7	AO 1-6 baratan	7	5	12	% 30
	AO 6 irraa eegalan	10	18	28	% 70
Kutaa 8	AO 1-6 baratan	12	21	33	% 82.5
	AO 7 irraa eegalan	4	3	7	% 17.5
Idaa'ama		33	47	80	100

Akkuma gabatee 2 irratti hubachuun danda'amutti barattoota 80 iddattoo filataman keessaa barattoonni kutaa 7^{ffaa} 28 (%70) ta'an kutaa 6^{ffaa} irraa ka'anii Afaan oromoo barachuu kan eegalan yemmuu ta'u, barattoonni 12 (% 30) ta'an immoo kutaa 1^{ffaa} irraa ka'anii afaan oromoon barachuu eegalan. Barattoonni kutaa 8^{ffaa} baratan 7(% 17.5) kutaa 7 irraa ka'anii Afaan Oromoon barachuu kan eegalan. Barattoonni 33 (% 82.5) immoo kutaa 1 irraa ka'anii hanga kutaa 8^{ffaa} tti Afaan Oromoon barachaa dhufan. Walumaa galatti kutaa lamaan dhiirota 33 keessaa barattoonni 14 (% 17.5) ta'an kutaa 1-6^{ffaa} fi 7^{ffaa} tti Afaan Amaaraan kan barataa turaniidha. Barattoota shamarranii 47 ta'an keessaa barattoonni 26 (% 32.5) ta'anis kutaa 1-6^{ffaa} fi 7^{ffaa} tti isaanis afaan amaaraan barataa kan turaniidha.

4.2. Xiinxala Qormaata Barattootaa

Qormaanni meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa isa tokko. Adeemsa baruufi barsiisuu keessatti qormaanni karaa nuyi ittiin dandeettii, beekumsa ykn hubannaan dubbisuu gahumsa qabaachuufi dhiisuu barattootaa ittiin safarru keessaa isa beekamaadha. Kanas yaada beektotaa irraa hubachuu dandeenyerra. Haaluma kanaan hubannaa dubbisaa barattootaa Afaan Oromoo mana barumsaa afaan oromoo Burqaa Wayyuu sad. 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} (Finfinnee) tti baratani akka armaan gadiitti xiinxalameera.

Bu'aa Qormaata Barattoota Kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa}

Gabatee 3: Xiinxala Qormaataa Hubannaa dubbisaa Barattoota Kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} tiif kenname gabatee agarsiisu.

T/L	Qabiyyee Qorumsaa	Kutaa	Baayina gaaffii	90 oli		80-89		60-79		50-59		50 gadi		Ida'ama	Mean
				Lakk	%	Lakk	%	Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk.	%		
I	Dubbisa hubachuun: Dhugaa ykn soba	7	5	18	45	8	20	7	17.5	4	10	3	7.5	100	3.85
		8	5	16	40	9	22.5	9	22.5	4	10	2	5	100	3.82
II	Hiika galumsaa jechootaa walitti firoomsaa	7	7	10	25	12	30	7	17.5	5	12.5	6	15	100	3.37
		8	7	14	35	10	25	9	22.5	5	12.5	2	5	100	3.72
III	Filannoo: hubannoo ergaa dubbisaa	7	13	18	45	6	15	7	17.5	5	12.5	4	10	100	3.72
		8	13	7	17.5	13	32.5	13	32.5	4	10	3	7.5	100	3.42
IV	Giddu-galeessaan	7	25	15.33	38.33	8.66	21.66	7	17.5	4.66	11.66	4.33	10.83	100	3.64
		8	25	12.33	30.83	10.66	26.66	10.33	25.83	4.33	10.83	2.33	5.83	100	3.65

Hub: Qabxiin giddu-galeessi “mean” kan ittiin hojjetame, gatii intervaaliitiif kenname baay’isu, baay’ina barattoota intervaalii sana keessatti argaman, itti fufuun kan intervaalii hundaa walitti ida’amee baay’ina barattoota qormaata fudhatan hundaaf qoodame.

Ibsa: Qooddii qabxii fi ulfaatinsi kennameefi firiin barattootaa itti xiinxalame kun akkaataa Miniteerri Barnootaafi Biiron Barnootaa Oromiyaa manneen barnootaaf dhiyeessanniin

<u>Qooddii qabxii (Interval)</u>	<u>Agarsiistuu</u>	<u>Gatii (ulfaatina)</u>
90 oli	Baay’ee Baay’ee gaarii	5
80-89	Baay’eegaarii	4
60-79	Gaarii	3
50-59	Gahaa	2
50 gadi	Gadi aanaa	1

4.2.1. Xiinxala Ragaalee Qormaataa Barattoota Kutaa 7^{ffaa} .

Barattoonni qormaata qoramuun dura, gaaffileen qormaatichaa barsiisota dippaartimeentii afaaniitiin qophaa’e. Itti aansuun barattoonni qormaata qoramuu isaanii dura, maal hojjechuuf akka deemaniifi maaliif akka qoraman ibsi gahaan kennamee, battaluma sanatti carraa akka fudhatan taasifame. Kana booda, barattoonni kutaa 7^{ffaa} qormaata akka fudhatan ta’e. Qormaanni kunis hubannoo dubbisaa barattootaa kan madaalu ta’ee, gaaffilee 25 irraa, akaakuu qorumsa garaagaraatiin ijaaramee kan dhiyaatedha. I, Dhugaafi sobni gaaffii shan, II. Jechoota hiika galumsa dubbisaan walitti firoomsuun gaaffilee torba, III. Filannoon yaada walii galaafi ergaa dubbisaa hubachuuf gaaffilee kudha sadii dhiyaate. Gosa gaaffilee hundumaa kutaa 7^{ffaa} qabxii barattoonni argatan afuriin baay’isuun, firiin qormaatichaa 0/0 100 keessaa fudhatame. Qabxii barattootaa kanas, unka inteervaalii BBOOn qaaccessa firii barattootaa manneen barnootaaf kennuun qoqqoodamee kan xiinxalamedha.

Barattoonni qabxii 90 ol fidan baay’ee baay’ee gaarii, barattoonni 80-89 gidduu fidan immoo baay’ee gaarii, barattoonni qabxii 60-79 gidduu fidan gaarii, kanneen qabxii 50-59 gidduu argatan immoo gahaa yemmuu ta’an, barattoonni 50 gadi fidan garuu, gadi-aanaadha. Qooddii inteervaalii kanas, gabateetti fayyadamuun lakkoofsaafi dhibbeentaan erga ibsamee booda, adeemsa seera “Linkert scale” gatii itti kennuun qabxiin guddu-galeessaa (mean) isaanii

hojjetameera. Haaluma kanaan, qabxii 90 ol warri fidan(5), barattoonni qabxii 80-89 fidan (4), warreen qabxii 60-79 gidduu fidan (3), barattoota qabxii 50-59 fidan (2)fi kanneen 50 gadi fidan immoo(1)n baay'isuun firiin barattootaa, walitti ida'amuun barattoota hundaaf qoodamee, qabxiin giddu galeessaa “mean” fidan xiinxalame. Qooddiin qabxiifi ulfaatinni kennameef akkaataa firiin barattootaa itti xiinxalame kun haala Ministeerri Barnootaafi BBOon qaaccessa qabxii barattootaa manneen barnootaaf dhiyeessaniifi gatiin ulfaatinaa inteervaalii iskeeliif kenname agarsiisa.

I. Xiinxala Gaaffii Dhugaafi Soba.

Gabatee armaan olii irraa akkuma hubatamutti, barattoonni Mana Barumsaa Afaan Oromoo Burqaa Wayyuu sad. 1^{ffaa} qormaata fudhatan lakkoofsaan 40 ta'u. Gaaffiin dubbisa keessaa ajaja I. Dhugaa yookiin Soba jechuun akka deebisan gaafataman 0/0 20 keessaa barattoonni kutaa 7^{ffaa} 18(0/0 45) ta'an qabxii 90 olargatan. Barattoonni kutaa 7^{ffaa} 8(0/0 20) ta'an immoo, qabxii 80-89 gidduu deebisuu danda'aniiru. Barattoonni baay'inni isaanii 7(0/0 17.5) ta'anis qabxii 60-79 gidduu qabxii gaarii ta'e argataniiru. Barattoonni lakkoofsi isaanii 4(0/0 10) ta'an immoo qabxii 50-59 gidduu qabxii gahaa ta'ee yemmuu argatan, barattoonni 3(0/0 7.5) ta'anis qabxii 50 gadi ta'e, qabxii gadi-aannaa argataniiru.

Akka walii galaatti, qabiyyee gaaffii dhugaafi sobaatiin qabxii giddu-galeessaan barattoota qormaata kutaa 7^{ffaa} fudhatan 40(0/0 100)ta'an cuunfinee yemmuu ilaallu, qabxii 3.85 fiduun sadarkaa gaarii ta'eerratti argamu. Ibsi qabxii barattootaa kana irraa wanti hubatamu, barattoonni hedduun isaanii hubannoo dubbisaatiin sadarkaa baay'ee baay'ee gaariifi baay'ee gaarii keessatti argamu. Kana jechuun barreeffama Afaan Oromoo dubbisanii hubachuurratti fooyyee qabaachuu isaanii mul'isa. Gama biraatiin, barattoonni lakkoofsi isaanii 4 ta'an qabxii gahaa ta'e argachuufi barattoonni 3 ta'an immoo qabxii gadi-aanaa fidaniiru. Kunis kan namatti agarsiisu, barattoonni kutaa 7^{ffaa} hubannoo dubbisaatiin hanqina qaban muraasa ta'uu agarsiisa.

II. Xiinxala Ragaalee Jechoota Hiika Galumsaan Walitti firoomsuu.

Gabatee armaan olii akka agarsiisutti, qormaata ajaja II. Jalatti jechoota dubbisa keessaa bahan hiika galumsa isaaniitiin walitti firoomsuu kan jedhu ture. Gaaffileen kun lakkoofsaan torba yemmuu ta'an, barattoonni kutaa 7^{ffaa}, qormaataa kana fudhatan 40 ta'u. Barattoota kana keessaa,

barattoonni 10(0/0 25) ta'an qabxii 90 ol ta'e argataniiru. Barattoonni kanneen 12(0/0 30) ta'an immoo, qabxii 80-89 gidduu argataniiru. Barattoonni baay'inni isaanii 7(0/0 17.5) ta'an qabxii 60-79 gidduu galmeessisuu danda'aniiru. Haaluma wal-fakkaatuun, barattoonni lakkoofsi isaanii 5 (0/0 12.5) ta'an immoo qabxii 50-59 gidduu qabxii gahaa ta'e argataniiru. Barattoota kutaa 7^{ffaa} kana keessaa barattoonni 6 (0/0 15) ta'anis 50 gadi fiduun, qabxii gadi aanaa ta'e argataniiru. Qabiyyee gaaffii hiika galumsa jechootaa walitti firoomsuu akka walii galaatti, barattoonni qormaata fudhatan 40(0/0 100) ta'an, qabxii fooyya'aa ta'e 3.37 giddu-galeessa ta'e fidaniiru.

Walumaa galatti, ibsi qabxii barattootaa kun kan agarsiisu, barattoonni baay'een dubbisa hubannoon dubbisani hiika galumsa jechootaa hubachuun walitti firoomsuu kandanda'an ta'uu agarsiisa. Gara biraatiin, barattoonni 5 qabxii gahaa fiduufi barattoonni 6 ta'an immoo qabxii gadi aanaa fidan kunniinis hubannoon dubbisuurratti, barattoonni 11 hanqina qabaachuu isaanii mul'isa. Akka walii galaatti, barattoonni kutaa 7^{ffaa} 40 qormaata fudhatan keessaa kanneen 28 ta'an Afaan Oromoo kutaa gad-aanutti osoo hinbaratiin, qormaata haala kanaan hojjechuu danda'uu isaanii hubannoo dubbisaa gaarii qabaachuu isaanii ifatti mul'isa.

III. Xiinxala Ragaalee Filannoo Yaada Walii galaafi Ergaa Dubbisaa Irratti Hundaa'e.

Gabatee armaan oliirraa hubachuun akka danda'amutti, qormaata ajaja III. Jalatti gaaffileen dubbisa keessaa bahan. Gaaffileen kun yaada walii galaafi ergaa dubbisichaa irratti hundaa'uun hubannoo dubbisaa barattootaa madaaluuf, gaaffileen filannoodhaan dhiyaatan lakkoofsaan 13 dha. Qabxiin gaaffilee kunniin qabatan qabxii 0/0 52 keessaa fudhatame. Barattoonni kutaa 7^{ffaa} gaaffilee qormaataa kana fudhatan 40 ta'u. barattoota 40 ta'an kanneen keessaa barattoonni 18(0/0 45) ta'an qabxii 90 ol yemmuu fidan, barattoonni lakkoofsi isaanii 6(0/0 15) ta'an immoo, qabxii 80-89 gidduu argataniiru. Haalum wal-fakkaatuun, barattoonni baay'inni isaanii 7(0/0 17.5) ta'anis, qabxii 60-79 gidduu argataniiru. Akkasumas, barattoonni lakkoofsi isaanii 5(0/0 12.5) ta'an immoo qabxii gahaa ta'e 50-59 gidduu galmeessuu danda'aniiru. Kutaa 7^{ffaa} kana keessaa, barattoonni 4(0/0 10) ta'anis qabxii gadi aanaa 50 gadi argataniiru. Qabxii giddu-galeessaan "mean" qormaata gaaffilee filannoo barattoonni 40(0/0 100) fudhatan yemmuu ilaallu, qabxii giddu-galeessaa 3.72 argataniiru.

Akkuma walii galaatti, hubannoon dubbisanii yaada walii galaafi ergaa dubbisaa hubachuun gaaffilee hojjechuurratti, barattoonni hedduun sadarkaa baay'ee baay'ee gaariifi gaarii keessatti argamu. Kun immoo hubannoon hubannoon dubbisuurratti fooyyee qabaachuu isaanii agarsiisa. Barattoota qormaata fudhatan keessaa $\frac{1}{4}$ kanneen ta'an sadakaa qabxii gahaafi gadi aanaa keessatti argamu. Kun immoo barattoonni amamtaan isaanii eerame kun, barreeffama Afaan Oromoo hubannoon dubbisuurratti hanqina qabaachuu isaanii agarsiisa. Akka walii galaatti, barattoonni kutaa 7^{ffaa} hubannoon dubbisuun isaanii gaarii ta'uu namatti agarsiisa.

4.2.2. Xiinxala Ragaalee Qormaata Barattoota kutaa 8^{ffaa}.

Barattoonni kutaa 8^{ffaa} qormaata qoramuun dura, gaaffileen qormaatichaa barsiisota dippaartimeentii afaaniitiin qophaa'e. Itti aansuun barattoonni qormaata qoramuu isaanii dura, maal hojjechuuf akka deemaniifi maaliif akka qoramaan ibsi gahaan kennamee, battaluma sanatti carraa akka fudhatan taasifame. Kana boodas, barattoonni kutaa 8^{ffaa} qormaata akka qoramaan ta'e. Qabiyyeen qormaata kanaas, hubannoo dubbisaa barattootaa ofkeessatti kan qabate ta'ee, gaaffilee 25 hubannoo dubbisaa barattootaa madaaluuf gargaaraniin qindaa'ee dhiyaate.

Qormaanni hubannoo dubbisaa barattootaa kun akaakuu gaaffilee qormaata garaagaraa irraa ijaarame. I, Dhugaa ykn sobni gaaffii shan, II.jechoota hiika galumsaa dubbisaan walitti firoomsuun gaaffilee torba ,III.Filannoon ergaa dubbisaafi yaada walii gala dubbisaa hubachuuf gaaffileen kudha sadiidha. Gosa gaaffilee hundumaa kutaa 8^{ffaa} afuriin baay'isuun firii qormaatichaa 0/0 100 keessaa fudhatame. Qabxii barattootaa kanas, unka intervaalii BBOn qaaccessa firii barattootaa manneen barnootaaf kennuun qoqqoodamee kan xiinxalame.

Barattoonni qabxii 90 ol fidan baay'ee baa'ee gaarii, barattoonni 80-89 gidduu fidan baay'ee gaarii, barattoonni 60-79 gidduu fidan immoo gaarii, kanneen 50-59 gidduu argatan immoo gahaadha. Barattoonni 50 gadi fidan garuu, qabxii gad-aanaadha. Qooddii intervaalii kanas, gabateetti fayyadamuun lakkoofsaafi dhibbeentaan erga ibsamee booda, adeemsa seera "Linkert scale" gatii itti kennuun qabxiin giddu-galeessaa "mean" hojjetameera. Haala kanaan barattoonni qabxii 90 ol fidan (5), barattoonni qabxii 80-89 gidduu fidan (4), warreen qabxii 60-79 (3), barattoonni qabxii 50-59 gidduu fidan (2)fi 50 gadi kanneen fidan immoo (1)n baay'isuun firii barattootaa, walitti ida'amuun barattoota hundaaf qoodamee, qabxiin giddu-galeessi barattoonni fidan xiinxalame.Qooddiin qabxiifi gatiin firii barattootaaf itti kenname kun akkaataa Ministeerri

Barnootaafi Biiron Barnootaa Oromiyaa manneen barnootaaf dhiyaassaniin qaaccessame. Gatiin ulfaatinaa intervaalii iskeeliif kenname adeemsa bu'uura seera "Linkert scale" ta'uu isaa agarsiisa.

I. Xiinxala Ragaalee Gaaffii Dhugaafi Soba.

Gabatee armaan olii irraa akkuma hubannutti, barattoonni Mana Barumsaa Afaan Oromoo Burqaa Wayyuu sad.1^{ffaa} fi 2^{ffaa} -tti baratan keessaa, barattoonni kutaa 8^{ffaa} 40 qofatu qormaata fudhatan. Gaaffiin dubbisa keessaa ajaja I,Dhugaa ykn sobajechuun akka deebisan 0/0 20 keessaa qoraman. Barattoonni kutaa 8^{ffaa} 16(0/0 40) ta'an qabxii 90 ol argatan. Barattoonni baay'inni isaanii 9(0/0 22.5) ta'an immoo qabxii 80-89 gidduu deebisanniru. Haaluma walfakkaatuun, barattoonni lakkoofsi isaanii 9 (0/0 22.5) ta;anis qabxii 60-79 gidduu qabxii gahaa ta'e fidaniiru. Barattoonni kutaa 8^{ffaa} lakkoofsi isaanii 4 (0/0 10) ta'an 50-59 gidduu qabxii gahaa ta'e yemmuu argatan, barattoonni baay'inni isaanii 2 (0/0 5) ta'an qabxii gad-aanaa fiduu danda'aniiru. Qabxii giddu-galeessaan barattoonni kutaa 8^{ffaa} 40(0/0 100) ta'an 3.82 qabxii fooyya'aa ta'e argataniiru.

Ibsa qabiyyee qormaataa dhugaa ykn soba jechuun barattoota kutaa 8^{ffaa} 40 (0/0 100) ta'an cuunfinee yoo ilaallu, dubbisa hubannoon dubbisanii gaaffilee dhugaa ykn sobaa hojjechuurratti barattoonni caalmaa qaban sadarkaa oliifi giddu-galeessaa keessatti argamu. Kun immoo barattoonni hedduun barreeffama Afaan O romoo dubbisanii hubachuurratti fooyyee qabaachuu isaanii agarsiisa. Gama biraatiin, barattoonni lakkoofsaan 6 hincaalle immoo hubannoon dubbisaa isaanii sadarkaa gahaafi gad-aanaatti keessatti argamu. Barattoonni kunis hubannoon dubbisuu isaanii akka fooyya'uuf deeggarsa maatiifi barsiisota isaanii barbaadu.

II. Xiinxala Ragaalee Jechoota Hiika Galumsaan Walitti Firoomsuu.

Gabatee armaan oliirraa akkuma hubatamutti, qormaata ajaja II, jalatti jechoota dubbisa keessaa bahan hiika galumsa isaanii walitti firoomsuu kan jedhu ture. Gaaffileen kun lakkoofsaan torba yemmuu ta'an, barattoonni kutaa 8^{ffaa} gaaffilee kana qoramanis 40 ta'u. barattoota kutaa 8^{ffaa} 40 ta'an keessaa, barattoonni 14 (0/0 35) ta'an qabxii 90 ol deebisaniiru. Barattoonni lakkoofsi isaanii 10 (0/0 25) ta'an immoo 80-89 gidduu qabxii baay'ee gaarii ta'e argataniiru. Haalum walitti dhiyeenya qabuun, barattoonni 9 (0/0 22.5) ta'an qabxii 60-79 gidduu qabxii gaarii ta'e

galmeessisuu danda'aniiru. Barattoonni baay'inni isaanii 5 (0/0 12.5) ta'an immoo 50-59 gidduu qabxii gahaa ta'e argataniiru. Hiika galumsa jechoota walitti firoomsuu kanaan, barattoonni kutaa 8^{ffaa} 2 (0/0 5) ta'an 50 gadi qabxii gad-aanaa ta'e argataniiru. Qabxii giddu-galeessaanis barattoonni kanneen 40 (0/0 100) ta'an kunniin qabxii fooyya'aa ta'e 3.72 argataniiru.

Ibsi qabxii barattoota armaan olii kan agarsiisu, barattoonni hedduun dubbisa Afaan Oromoo hubannoon dubbisanii hiika galumsaa jechootaa walitti firoomsuu kan danda'an ta'uu agarsiisa. Karaa biraatiin, barattoonni lakkoofsaan 5 ta'an qabxii gahaa fidaniifi barattoonni 2 qabxii gad-aanaa argatan kunniin dubbisa Afaan Oromoo hubannoon dubbisuurratti hanqina qabaachuu isaanii mul'isa. Garaagarummaan hubannoon dubbisuu barattoota kutaa 8^{ffaa} gidduu jiraatuyyuu, barattootra muraasa irraa kan hafe baay'een sadarkaa gaariirratti argamu. Barattoonni 7 ta'an kunniinis tumsi maatiifi barsiisotaa duubaan jiraannaan hubannoon dubbisuurratti fooyyee agarsiisuu danda'u.

III . Xiinxala Ragaalee Filannoo Yaada Walii Galaafi Ergaa Dubbisaa Irratti Handaa'e.

Gabatee armaan olii irraa hubachuun akka danda'amutti, qormaata III, ajaja jalatti gaaffileen dubbisa keessaa bahan kanneen yaada walii galaafi ergaa dubbisichaarratti hundaa'u. Gaaffileen kunis hubannoo dubbisaa barattootaa madaaluuf filannoodhaan dhiyaatan lakkoofsaan gaaffilee 13 ta'u. Qabxiin gaaffileen kunniin qabxii 0/0 52 keessaa fudhatame. Barattoonni kutaa 8^{ffaa} gaaffilee qormaataa kana qoraman 40 kanneen ta'aniidha. Barattoota 40 kanneen keessaa barattoonni 7 (0/0 17.5) ta'an qabxii 90 ol kan argatan yemmuu ta'an, barattoonni kanneen 13 (0/0 32.5) ta'an immoo 80-89 gidduu qabxii baay'ee gaarii ta'e argataniiru. Haaluma walfakkaatuun, barattoonni 13 (0/0 32.5) ta'anis 60-79 gidduu qabxii gaarii ta'e fidaniiru. Karaa biraatiin, barattoonni lakkoofsi isaanii 4 (0/0 10) ta'an qabxii gahaa ta'e 50-59 gidduu galmeessisuu danda'aniiru. Barattoota kutaa 8^{ffaa} kana keessaa, barattoonni 3 (0/0 7.5) ta'an immoo 50 gadi qabxii gad-aanaa ta'e fidaniiru. Qabiyyee qormaataa kanaan, barattoonni 40 (0/0 1000) ta'an fudhatanii qabxii giddu-galeessaa 3.42 gaarii ta'e argataniiru.

Walumaa galatti, hubannoon dubbisanii yaada walii galaafi ergaa dubbisaa hubachuurratti, barattoonni hedduun sadarkaa baay'ee gaariifi gaarii ta'e irratti argamu. Kana jechuun barattoonni kutaa 8^{ffaa} dubbisa Afaan Oromoo hubannoon dubbisuurratti sadarkaa oliifi giddu-

galeessarratti argamuun isaanii hubannoon dubbisaa isaanii gaarii ta'uu namatti agarsiisa. Barattoota 40 keessaa kanneen 7 ta'an immoo dubbisa Afaan Oromoo hubannoon dubbisani hubachuurratti sadarkaa gahaafi gad-aanaa irratti argamu. Isaan kun fedhiifi kaka'umsi dubbisa Afaan Oromoo hubannoon dubbisuurratti qaban xiqqaa ta'uufi tarsiimoolee hubannoon dubbisuu haalaan kan hojiirra hin oolchine ta'uu agarsiisa. Kanaafuu, barattoota muraasaan alatti, barattoonni kutaa 8^{ffaa} hedduun hubannoon dubbisaa Afaan Oromoo isaanii fooyya'aa ta'uu namatti agarsiisa.



Suura 1: Gaafa guyyaa 10/09/2011 yeroo qorataan barattoota Afaan Oromoo Kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} qormaata qoraa jiru kan agarsiisu.

4.3. Xiinxala Sakatta'a Dookimeentii Barattootaa

Sakatta'insi dookimeentii barattootaa meeshee odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa isa tokko. Adeemsa baruufi barsiisuu keessatti sakatta'insa dookimeentii barattootaa taasisuun gahumsa hubannoon dubbisuu isaanii odeeffannoo ittiin argachuu dandeenyu keessaa tokkodha. Sakatta'a dookimeentii taasifameenis odeeffannoo argame irraa ka'uun, gahumsa hubannoon dubbisuu qabaachuufi dhiisuu barattootaa ittiin safarre keessaa isa tokko. Kanas yaada beektotaa irraa hubachuu dandeenyeerra. Kanuma irraa ka'uun dubbisa Afaan Oromoo barattoonni ofiin dubbisani gaaffilee dubbisa keessaa bahan akka hojjetan kennameefi qormaanni moodeelaa kutaa 8^{ffaa} tiif, gaaffileen hubannoo dubbisaa wajjin walqabatan sakatta'amee xiinxalameera.

Haaluma kanaan hubannoo dubbisaa barattoota Mana Barumsaa Afaan Oromoo sad.1^{ffaa} fi 2^{ffaa} kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} (Finfinnee)-tti baratan akka armaan gadiitti xiinxalameera.

4.3.1. Xiinxla Ragaalee Sakatta’insa Dookimentii Barattoota Kutaa 7.

Adeemsa qorannoo kana keessatti dookimentiiin sakkatta’ame kan bara 2011 tti Mana Barumsaa Burqaa Wayyuu sad 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} tti hojii abbaltii Afaan Oromoo dubbisa wajjiin walqabatu semisteera 2^{ffaa} kutaa 7^{ffaa} f kenname sakatta’uu ture. Gosti abbaltichaa dubbisa hubannoo irratti kan hundaa’e yoo ta’u, gaaffilee 22 kan qabuudha. Xiiyyeffannoon gaaffilees yaada waliigalaa dubbisichaa, hubannoo hiika galumsarraa tilmaamuufi filannoo yaaddeen callaafijechoota hariiroo walii qaban adda baasuu fa’aati.

Gabatee 4: Sakatta’a Dookimeentii Barattoota kutaa 7^{ffaa} Abbaltii Hubannoo dubbisaa akka hojjetan kennamee barruulee isaanii harka funaanuun sororfame xiinxala geggeeffame.

T/L	Qabiyyee Dookimentii	Baayina gaaffii	90 ol		80-89		60-79		50-59		50 gadi		Ida’ama	Mean
			Lakk	%	Lakk	%	Lakk	%	Lakk	%	Lakk	%		
1	Gaaffii hubannoo dubbisa yaada waliigalaa	4	15	37.5	10	25	8	20	7	17.5	-	-	100	3.8
2	Hubannoo hiika galumsa irraa tilmaamuu	10	14	35	9	22.5	8	20	7	17.5	2	5	100	3.6
3	Gaaffilee hubannaa dubbisichaa filannoo dhiyaatan	8	7	17.5	9	22.5	8	12.5	10	32.5	6	15	100	3.025
4	GG	22	12	25	9.33	23.33	8	17.5	8	22.5	2.66	6.66	100	3.47

Hub: Qabxiin giddu-galeessi “mean” kan ittiin hojjetame, gatii intervaaliitiif kenname baay’isu, baay’ina barattoota intervaalii sana keessatti argaman, itti fufuun kan intervaalii hundaa walitti ida’amee baay’ina barattoota qormaata fudhatan hundaaaf qoodame.

Ibsa: Qooddii qabxiifi ulfaatinsi (gatiin) kennameefi firiin barattootaa kun itti Xiinxalame, akkaataa Ministeerri Barnootaafi BBO manneen barnootaaf Xiinxala qabxii barattootaa dhiyeessaniin geggeeffame.

<u>Qooddii qabxii</u>	<u>Agarsiistuu</u>	<u>Gatii (ulfaatina)</u>
90 oli	Baay’ee Baay’ee gaarii	5
80-89	Baay’ee gaarii	4
60-79	Gaarii	3
50-59	Gahaa	2
50 gadi	Gadi aanaa	1

Gabateen armaan olii kun hubannaa dubbisa barattootaa madaaluuf dubbisa boqonnaa 17 wajjiin walqabata. Qabiyyeen abbaltichaas: hubannaa dubbisaa yaada waliigalaa, hiika galumsaa irraa tilmaamuu, filannoo yaaddeen callaafi hariiroo jechoonni waliin qaban kan ofkeessaa qabu. Baay’inni gaaffilee qabiyyee 1^{ffaa} 4, qabiyyeen 2^{ffaa} gaaffilee 10 yammuu ta’an, kan qabiyyee 3^{ffaa} 8 dha. Walumaa galatti gaaffilee 22 dookimentiin abbaltii barattoota kutaa 7^{ffaa} sakatta’ame. Barattoota gaaffilee abbaltii deebisaniifi kanneen hindeebisne baay’ina isaanii lakkoofsaafi parsantiidhaan adda baasee ibsa.

Akkuma gabaticha keessatti ibsamuuf yaalametti barattoonni Afaan Oromoo kutaa 7^{ffaa} baratan qabiyyeewwan abbaltichaa sadan dhiyaatan keessaa gaaffilee hubannaa dubbisa yaada waliigalaa arfan barattoonni 15 (% 37.5) ta’an qabxii 90 oli argataniiru. Barattoonni 10 (% 25) ta’an immoo qabxii baay’ee gaarii 80-89 gidduu fidaniiru. Barattoonni baay’inni isaanii 8 (% 20) ta’anis qabxii gaarii ta’ee 60-79 gidduu fidaniiru. Qabxii gahaa ta’es barattoonni 7 (% 17.5) ta’an 50-59 gidduu argataniiru. Qabiyyee abbaltii kanarratti qabxii gad-aanaa 50 gad-ta’e argatan hin jiran. Qabxiin giddu-galeessaa kan barattoota hundaa 3.8 yammuu ta’uu, kunis fooyya’oo ta’uu isaanii agarsiisa.

Qabiyyee isa lammaffaa hubannaa jechoota hiika galumsarraa tilmaamuu irratti barattoonni muraasa irraa kan hafe, barattoonni hedduun isaanii qabxii gaarii galmeessisaniiru. Barattoonni 14 (% 35) ta’an baay’ee baay’ee gaarii qabxii 90 oli yemmuu argatan, barattoonni lakkoofsi isaanii 9 (% 22.5) ta’anis qabxii baay’ee gaarii ta’e 80-89 gidduu argataniiru. Haaluma

walfakkaatuun barattoonni 8 (% 20) ta'an immoo 60-79 gidduu qabxii gaarii ta'e yammuu argatan, barattoonni lakkoofsi isaanii 7 (% 17.5) ta'anis qabxii gahaa ta'e 50-59 fidaniiru. Garuu, barattoonni baay'inni isaanii 2 (% 5) ta'an qabxii gad-aanaa ta'e 50 gadi fiduu danda'aniiru. Barattoonni baay'een hiika galumsa jechootaa tilmaamaa hubannoon haa dubbisan malee, barattoonni ¼ ta'an garuu, hiika galumsa jechootaa hubannoon dubbisuu gabbifachuutu isaan irraa eegama.

Qabiyyee isa sadaffaa gaaffilee filannoo yaaddeen callaa dubbischaafi hariiroo jechootaa hojjechuurratti lakkoofsi barattoonni qabxii gadi aanaa galmeessuu danda'anii qabiyyeewwan armaan olii caalee argameera. Barattoonni 7 (% 17.5) ta'an qabxii 90 oli yammuu argatan, barattoonni lakkoofsaan 9 (% 22.5) ta'an immoo qabxii 60-79 gidduu argatanis 8 (% 12.5) kanneen ta'aniidha. Barattoonni irra jireessi isaanii qabxii gahaa ta'e argatan.

Baay'inni isaanis 10(%32.5) yammuu ta'an barattoonni lakkoofsaan 6(%15) ta'an immoo qabxii gad aanaa ta'e 50 gadi argataniiruu. Qabxii giddu – galeessaan barattoonni qabiyyee sadaffaa kanaan qabxii 3.025 warra kaan caalaa gadi aanaa fiduu danda'aaniiru. Yaada callaa dubbisa Afaan Oromoo tokko tokkoon xiyyeeffannoo keessa galchuun hubannoon dubbisuurratti barattoota walakkaa ta'an kan isaan hafu ta'uu agarsiisa. Yaaddeen callaa dubbisa hubannoon dubbisuun barachuufi barsiisurratti, barattoonniifi barsiisonni xiyyeeffannoo itti kennuun shaakala wal-irraa hincinne taasisuutu iaan irraa eegama.

4.3.2. Xiinxala Ragaalee Sakkatta'a Dookimeentii Barattoota Kutaa 8

Adeemsa qorannoo kana keessatti dookimentiin sakkatta'amee kan bara 2011 tti Mana Barumsaa Burqaa Waayyuu sad. 1ffaa fi 2ffaa tti qormaata Moodelaa Afaan Oromoo seemistera 2^{ffaa} tu sakkatta'ame. Qormaata Moodelaa Barattootaa kutaa 8ffaa tiif qophaa'e keessaa gaaffilee hubannoo dubbisaa irratti xiyyeeffatan keessaa fudhachuu waraqaa deebii barattootaf odeeffannoo harkaa funaanamee kan sakkatta'amee dha. Qormaatichi qabiyyeewwan sadii; gaaffilee yaada walii galaadubbisichaa, jechoota hiika galumsaarraa tilmaamuu fi gaaffilee filannoo hubannoo dubbisaati. Gaaffileen kunniinis baay'inni isaanii 15 yammuu ta'an qabiyyeen 1^{ffaa} gaaffii 3, qabiyyeen 2^{ffaa} gaaffii 5 fi qabiyyeen 3^{ffaa} immoo gaaffilee 7 kan qabatee dha.

Gabatee 5: Bu'aa Sakatta'aa dookimentii qormaata Moodeelaa kutaa 8^{ffa} sam. 2ffaa, bara 2011 fi qabiyyee qormaatichaa.

Lakk	Qabiyyeewwan	Bayina	90 oli		80-89		60-79		50-59		50 gadi		Id	Mean
			Lakk	%	Lakk	%	Lakk	%	Lakk	%	Lakk	%		
1	Gaaffii walii Gala	3	12	30	13	32.5	9	22.5	6	15	-	-	100	3.77
2	Hiika galumsa Jechoota	5	10	25	13	32.5	13	32.5	2	5	2	5	100	3.67
3	Gaaffillee hubannoo dubbisaa	7	3	7.5	13	32.5	13	32.5	8	20	3	7.5	100	3.125
4	Gidduu-galeessan	15	8.33	20.83	3	32.5	11.66	87.5	5.33	13.33	1.66	4.16	100	3.52

Hub: Qabxiin giddu-galeessi “mean” kan ittiin hojjetame, gatii intervaaliitiif kenname baay’isu, baay’ina barattoota intervaalii sana keessatti argaman, itti fufuun kan intervaalii hundaa walitti ida’amee baay’ina barattoota qormaata fudhatan hundaa qoodame.

Ibsa: Qoodiin qabxiifi ulfaatinsi (gatiin) kennameefi firiin barattootaa kun itti xiinxalame akkaataa Ministeerri Barnootaafi BBO manneen barnootaaf qaaccessa qabxii dhiyeessaniin.

Qoodii qabxii

Agarsiistuu

Gatii (ulfaatina)

90 oli	Baay’ee Baay’ee gaarii	5
80-89	Baay’ee gaarii	4
60-79	Gaarii	3
50-59	Gahaa	2
50 gadi	Gadi aanaa	1

Gabateen armaan olii qabiyyee qormaatichaafi baay’ina gaaffilee qabiyyeewwan kanneeniin qopha’anii kan agarsiisuudha. Dabalataanis, baay’inni barattootaa Afaan Oromoo kutaa 8^{ffaa} qormaata kana fudhatan 40 yammuu ta’an, barattoota qormaataa deebisaniifi kanneen hin deebifne baay’ina isaanii lakkoofsaafi parsantiidhaan adda baasee ibsa. Akkuma gabaticha keessatti ibsamuuf yaalametti barattoonni afaan oromoo kutaa 8^{ffaa} baratan qabiyyee 1^{ffaa}:

gaaffilee yaada waliigalaa dubbisaa baratan tokko illee osoo qabxii 50 gadi aanaa hinfidiin hojjetaniiru. Barattoonni lakkoofsaan 12 (% 30) ta'an qabxii 90 oli yammuu argatan, barattoonni baay'een isaanii 13 (% 32.5) ta'an immoo qabxii 80-89 gidduu argataniiru. Haaluma walfakkaatuun barattoonni 9 (% 22.5) qabxii gaarii ta'e 60-79 kan argatan yammuu ta'an, barattoonni lakkoofsi isaanii 6 (% 15) ta'an immoo qabxii gahaa ta'e galmeessisuu danda'aniiru. Qabxiin giddu-galeessa barattoota hundaa 40 (% 100) 3.77 ta'uu danda'eera. Qabxiin armaan olitti ibsame kun kan agarsiisu, barattoota muraasa irraa kan hafe, barattoonni hedduun dubbisa Afaan Oromoo tokko dubbisanii yaada walii gala dubbisichaa hubachuu kan danda'an ta'uu namatti agarsiisa.

Qabiyyeen lammaffaa hubannoon jechoota hiika galumsaa irraa tilmaamuun gaaffilee shan kan qabuudha. Barattoonni 10 (% 25) ta'an qabxii baay'ee baay'ee gaarii 90 oli ta'e yammuu fidan, barattoonni lakkoofsi isaanii caalmaa ta'e 13 (% 32.5) ta'an qabxii baay'ee gaarii ta'e 80-89 gidduu fidaniiru. Akkasumas, barattoonni 13 (% 32.5) ta'an qabxii gaarii ta'e 60-79 gidduu yammuu fidan, barattoonni baay'inni isaanii muraasa ta'e 2 (% 5) qabxii gahaa 50-59 gidduu yammuu galmeessisan, barattoonni muraasa ta'an 2 (% 5) ammas qabxii gadi-aanaa ta'e 50 gadi argataniiru. Qabxiin giddu-galeessa barattoota hundaa 3.67 dha. Barattoonni kutaa 8^{ffaa} kun dubbisa Afaan Oromoo yemmuu dubbisan, barattoonni 26 ta'an hiika galumsa jechootaa hubannoon kan dubbisan yoo ta'an, barattoonni 13 amma illee hubannoo dubbisuu gabbifachuuf irraa deddeebi'anii shaakaluu qabu. Barattoonni afur garuu, dubbisa Afaan Oromoo keessatti hiika galumsa jechootaa tilmaamaa hubannoon dubbisuu gabbifachuuf, adeemsa baruu-barsiiisuu keessatti barataafi barsiisaan carraa wal-irraa hincinne gochuu akka qaban mul'isa.

Qabiyyee isa sadaffaa keessatti barattoonni hedduun 13 (% 32.5) ta'an qabxii 80-89 baay'ee gaarii ta'eefi barattoonni ammas 13 (% 32.5) ta'an immoo qabxii 60-79 gaarii ta'e argataniiru. Barattoonni muraasni 3 (% 7.5) ta'an qabxii 90 oli argataniiru. Garuu barattoonni muraasa ta'an 3 (% 7.5) ta'an immoo qabxii gadi-aanaa ta'e 50 gadi fiduu danda'aniiru. Haata'u malee, barattoonni baay'inni isaanii 8 (% 20) immoo qabxii gahaa ta'e 50 -59 gidduu galmeessuu danda'aniiru. Qabiyyeewwan lamaan olitti ibsamaniin barattoonni 40 (% 100) ta'an qabxii giddu galeessaa gadi-aanaa ta'e 3.125 fidaniiru. Gaaffilee hubannoo dubbisa keessaa bahan haalaan hojjechuurratti, barattoonni giddu-galeessarratti haa argaman malee, barattoonni 11 ta'an

gaaffilee dubbisa keessaa bahan sirriitti hojjechuuf dubbisa Afaan Oromoo hubannoon dubbisuun kan isaan irraa eegamu ta'uusaa agarsiisa.

Akka yaada gabatee armaan olii irraa fudhatameetti gaaffilee qabiyyeewwan sadan dhiyaatan keessatti barattoonni lakkoofsi isaanii 5 ta'an hubannoon dubbisaa isaanii gadi aanaa ta'uu nutti agarsiisa. Barattoonni hedduun garuu intervaaliin walhaagatan malee hubannoon dubbisaa isaanii fooyyee qabaachuu namatti mul'isa.

4.4. Xiinxala Ragaalee Af-gaaffii Barsiisootaafi Barattootaa.

Afgaaffiin meeshaalee funaansa ragaaleen qorannoon kun ittiin geggeeffame keessaa isa tokkodha. Af-gaaffiin kan namoonni lama yookiin isaa ol yaada sammuudhaa qaban tokko irratti kan waliin dubbataniidha. Kanas yaadni beektotaa boqonnaa lama sakatta'a barruu armaan olii keessatti ibsameera. Haaluma kanaan qorataan odeeffannoo af-gaaffii barsiisootaafi barattootaa akka armaan gadiitti xiinxaleera.

4.4.1. Xiinxala Ragaalee Af-gaaffii Barsiisotaa.

Gabatee 6: Haala hubannaan dubbisuu barattootaa gargaarsa barsiisonni taasisan mirkaneeffachuuf gaaffilee dhiyaate.

T.L	Gaaffilee dhiyaatan	Yaada barsiisonni kennan	Deebistoota
1	Barattoonni dubbisa Afaan Oromoo hubannoon akka dubbisan akkamiin jajjabeessitaa?	Yeroo baay'een jajjabeessa kan jette barsiistuu.	1
		Darbinee darbinee jajjabeessina kan jedhan barsiisota	3
		Ida'ama	4
2	Dubbisa Afaan Oromoo hubannaan dubbisuu barattootaa haala kamiin adda baasta?	Yeroo mara adda baaseen gargaara kan jette barsiistuu.	1
		Darbinee darbinee adda baasna kan jedhan barsiisota	3
		Ida'ama	4
3	Dubbisa hubannaan dubbisuu barsiisuurratti xiyyeeffannoo itti kennuun ni barsiistaa?	Yeroo baay'ee xiyyeeffannoo itti kennina kan jedhan barsiisota	3
		darbee darbeen xiyyeeffannoo itti kenna kan jedhe barsiisaa	1
		Ida'ama	4
4	Kitaabniifi dandeettiiwwan hubannoo dubbisuu haala wal madaaluun xiyyeeffannoo argateeraa?	Irri caalaan haala walmadaaluun qophaa'e kan jette b/tuu	1
		Darbee darbee malee walhin madaaluu kan jedhan b/sota	3
		Ida'ama	4

Akka gabatee 6 gaaffii 1^{ffaa} irratti barsiisaan/tuun wayitii barnoota Afaan Oromootti, dubbisa afaan oromoo hubannoon akka dubbisan barattoota jajjabeessuu yammuu gaafataman barsiistuun tokko (% 25) yeroo baay'ee walitti fufiinsaan akka jajjabeessitutti ibsite. Barsiisonni sadii (% 75) kan taa'an immoo darbe darbee barattoota akka jajjabeessanitti ibsan. Gaaffii 1^{ffaa} kana irratti maaliif darbe darbee barattoota hubannaan dubbisuu akka jajjabeessan yammuu gaafatamanitti sababoota barsiisonni sadii ibsatan: qabiyyee dubbisaaf xiyyeeffannoo kennuu dhabuufi qabiyyeewwan ka'aniif yeroo qusachuu jecha akka itti hinxiyyeffanne lafa ka'an. Yaada kanarraa kan hubatamu barsiisonni baay'een, hubannaan dubbisa afaan oromoo akka dubbisaniif barattoonni kan hinjajjabeeffanne ta'u agarsiisa. Gaaffii 2^{ffaa}, immoo dubbisa Afaan Oromoo hubannaan dubbisuu barattoota barsiisonni adda baafachuu danda'uu isaanii yammuu gaafatamanitti barsiistuun Afaan Oromoo tokko (% 25) yeroo mara adda baafadha jettee ibsatte. Barsiisonni dhiiraa sadii (% 75) immoo darbe darbee adda baafanna jechuudhaan filannoo isaanii heeran. Yaanni isaanii sababeessaniis hafee (dubbisa) dursanii qopheessuufi itti qophaa'uu dhabuun akka jiruufi adeemsota dubbisaa hojiirra oolchuun akka dagatamuutti ibsan.

Yaada kana irraa wanti hubatamu, barattoonni hedduu ta'an hubannaan dubbisuurratti deeggarsa barsiisota isaanii kan arganne ta'uu ifatti agarsiisa.

Gaaffii 3^{ffaa}n immoo dubbisan Afaan Oromoo hubannaan dubbisuu barsiisuurratti barsiisonni xiyyeeffannoo itti kennuun barsiisuu yammuu gaafataman barsiisonni sadii (% 75) yeroo baay'ee xiyyeeffannoo itti kennuun ni barsiifna yammuu jedhan, barsiisaan tokko (% 25) garuu darbe darbeen hojiirra oolcha jechuun yaada qabu ibseera. Sababa barsiisicha dhiyeesses hubannoon dubbisuu barsiisuu ofiifuu hubannoo gahaa ta'e dhabuufi tooftalee hubannoo ittiin adda baafachuu dhabuun akka ta'e ibsateera.

Gaaffii 4^{ffaa} irratti immoo kitaabniifi dandeettiiwwan hubannoon dubbisuu haala wal-madaaluun xiyyeeffannoo argachuu danda'uu isaa gaaffiin yammuu barsiisootaaf dhiyaatetti, barsiistuun tokko (% 25) yeroo baay'ee xiyyeeffannoo akka waliin qabanitti ibsite. Haata'u malee, barsiisonni sadii (% 75) ta'an immoo darbee darbee malee kitaabniifi dandeettiiwwan hubannoon dubbisuun akka wal hin madaalletti ibsan.

Yaanni barsiisonni sadan kitaabaafi dandeettii hubannoon dubbisuurratti kaasan. Kitaabni barattootaa afaan oromoo qophiin sirna barnoota isaa waggaa dheeraa turuu irraa kan ka'e, hubannoon dubbisuu barattootaa giddu-galeessa kan godhate miti jechuudhaan ibsan. Kana malees, adeemsa hubannoo dubbisuu keessatti gaaffilee hubannoo yeroo dubbisaaf baay'inaan bakki hinkennamneef, kanamalees, yeroo tokko tokko kitaabni barattootaa jechootaa dubbisa keessa hinjirre gaaffiin hubannoon dubbisa booda akka dubbisa keessa jiraanitti gaafata jechuudhaan yaada qaban ibsataniiru. Yaada barsiisotaa kana irra wanti hubatamu qophii sirna barnootaa afaan oromoo keessatti illee kitaaba barattootaa fooyyessuu, gabbisuu ykn jijjiiruu dhabuufi sirna qophii isaa keessatti ogummaa dubbisuuf xiyyeeffannoo olaanaa kennuu dhabuun, hubannoon dubbisuu barattootaaf dhiibbaa akka namatti agarsiisa.

Af-gaaffiilee Banaa Barsiisotaaf Dhiyaate.

5. Ka'umsi barattoonni Afaan Oromoon barachuu ittiin eegalan maal fakkaata? Gaaffii jedhuuf deebiin barsiisonni Afaan Oromoo Mana Barumsaa Burqaa Wayyuu sad. 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} laatan, Barattoonni baay'een Bulchiinsa Magaala Finfinnee keessaafi godinaalee adda naannawaa Finfinnee keessa akka dhufan ibsan. Barattoonni kun baay'een isaanii carraa afaan oromoon barachuun dhabuu irraa kan ka'e oolmaa daa'immanii irraa eegalanii hanga kutaa 6 fi 7 irratti Afaan Amaaraan barachaa akka turan ibsaniiru. Manneen Barnoota Mootummaafi barnootaa dhuunfaatti Afaan Amaaraan warreen barataa turetu Afaan Oromoon barachuuf dhufan. Haalli dhuufaattii isaanis, fedhiifi kaka'umsa mataa isaniifi kan maatii isaaniirraa kan ka'een carraa mootummaan manneen barnootaa afaan oromoo banetti barachuuf fedhii guutuu kan dhufaniidha.

Yaada kana irraa wanti hubatamuu haala tureefi bakka jiraataa turan malee, barattoonni afaan dhaloota isaaniin barachuuf akkasumas maatiin illee ittiin barsiifachuuf fedhiiguddaa akka qaban namatti mul'isa. Barattoonni kunis fedhiifi kaka'umsa afaan oromoon barachuu qaban irraa kan ka'e barreeffama afaan oromoo hubannoon dubbisuu baay'een isaanii danda'aniiru. Kanas kan mirkaneessuu danda'ameef, qormaataa fi abbaltiiwwan qormaata wajjiin wal qabate keessattuu barattoonni kutaa 7^{ffaa} afaan oromoon kutaa 6^{ffaa} tti ittiin barachuu eegalan qabxii isaan fidan xiinxaluun kan argamedha

6. Barattoonni barreeffama Afaan Oromoo hubannoon dubbisuufi gilgaalota dubbisa wajjiin walqabatan hojjechuurratti kaka'umsa akkmii qabu? Gaaffii jedhuuf, barattoonni gilgaalota dubbisaa hojjechuuf baay'een isaanii kaka'umsa guddaa qabu jechuudhaan deebisan. Tarsiimoowwan dubbisuu gara garaatti fayyadamuudhaan hubannaan dubbisuurratti baay'een isaanii hir'ina akka qabanitti yaada isaanii ibsan. Barattoonni murtaa'aan garuu muuxannoo hubannoon dubbisuu, gargaarsa barsiisotaa iddoowwan duraan turaniifi deeggarsa maatii isaanii gargaaramuun Afaan Oromoos qixa barbaadameen dubbisanii kan hubatanis jiraachuu barattootaa heeruu barsiisotaarraa hubatameera. Irra caalaatti barattoonni hedduun kaka'umsa keessoo qabaachuun isaaniin waggoota 1-2 gidduutti barreeffama Afaan Oromoo hubannaan dubbisanii hubachuu danda'uu isaanii yaada barsiisonni kennaniifi qormaata isaan hojjetan irraa hubachuun danda'ameera. Fedhiifi kaka'umsi keessoo barachuu barattootaaf murteessaadha.



Suura 2: Gaafa guyyaa 9/09/2011 af-gaaffii barsiisota Afaan Oromoo: Guutamaa Dheeressaa Fi Biraanuu Jibaat waliin af-gaaffii taasifame.

4.4.2. Xiinxala Af-gaaffii Barattootaa

4.4.2.1. Hubannoo Dubbisa Duraa Madaaluuf Barattootaaf Dhiyaate.

Gabatee 7: Gabatee madaallii hubannoo dubbisa duraa irratti deebii af-gaaffii barattootaa.

T/L	Dandeettii dubbisuu xiyyeeffatame	Kutaa	Deebii barattoonni kennan				Ida'ama	
			Eeyyee		Lakkii		Lakk	%
			Lakk	%	Lakk.	%		
1	Mata duree muuxannoo jireenya kee wajjiin walitti nifiddaa?	7	6	85.7	1	14.28	7	100
		8	4	57.14	3	42.85	7	100
2	Waan dubbisicha keessaa dubbisuuf deemtu niraagdaa?	7	6	85.7	1	14.28	7	100
		8	4	57.14	3	42.85	7	100
3	Jechoota ergaa dubbisichaaf murteessoo ta'an nitilmaamtaa?	7	5	71.42	2	28.57	7	100
		8	7	100	-	-	7	100
4	Barsiisaan xiyyeeffanna itti isiniif kennaa?	7	7	100	-	-	7	100
		8	4	57.14	3	42.85	7	100

Akka gabatee armaan olii irraa hubatamutti gaaffii 1^{ffaa} irratti barattoonni mata-duree dubbisaa dhiyaate tokko beekumsaafi muuxannoo jireenya isaanii waliin walitti fiduufi dhiisuu isaanii yammuu gaafataman, barattoota kutaa 7^{ffaa} baratan barattoota 7 keessaa 6 (% 85.7) eeyyee jedhanii yammuu deebisan, barataan tokko (% 14.28) immoo lakkii jechuudhaan deebiseera. Barattoonni kutaa 8^{ffaa} baratan 7 keessaa barattoonni 4 (% 57.14) eeyyee jedhanii deebisaniiru. Barattootaa 7 keessaa barattoonni 3 (% 42.85) ta'an immoo mata-duree dubbisaa jireenya dhuunfaa isaanii wajjiin akka wal hinqabsiifnetti deebisan. Yaada kana irraa wanti hubatamu barattoonni kutaa lamaan irraa lakkoofsi shan ta'an mata-duree dubbisaa muuxannoof beekumsa duraan qaban waliin kan wal hinqabsiifne ta'uun isaanii hubannoo dubbisa duraarratti hanqina qabaachuu isaanii mul'isa.

Gaaffii 2^{ffaa} irratti mata-duree isaa ilaaluun dubbisichi kun waa'ee maalii dubbisuuf akka dursanii tilmaamuufi dhiisuu isaanii gaafatamanii, barattoonni kutaa 7^{ffaa} baratan 7 keessaa barattoonni 6 (% 85.7) eeyyee yemmuu jedhanii deebisan kutaama kana keessaa barataan tokko (% 14.28) kan ta'e immoo lakkii waan dubbisicha keessaa dubbisuuf demu dursee akka hinraagneetti deebise.

Barattoonni kutaa 8^{ffaa} baratan 7 keessaa barattoonni 4 (% 57.14) ta'anis eeyyee jedhanii yemmuu deebisan, barattoonni baay'inni isaanii 3 (% 42.85) ta'an immoo lakkii jechuudhaan deebisaniiru. Kunis kan namatti mul'isu kutaa lamaan keessaa barattoonni 4 (% 28.57) ta'an

waan dubbisicha keessaa dubbisuuf deeman dursanii xiyyeeffannoo itti kennuun kan hinraagne ta'uu isaanii mul'isa. Kun immoo barattoonni murtaa'an qophii dubbisa duraa taasifamuufi hubannoo dubbisa duraa keessatti hanqina qabaachuu isaanii kallattiin agarsiisa. Kanaafuu, tilmaamuu danda'uun ergaa dubbisichaa hubachuuf gahee guddaa waan qabuuf, tilmaamuu dadhabuun isaanii hubannoo isaaniirratti dhiibbaa ni qaba.

Gaaffii 3^{ffaa} n jechoota ergaa dubbisichaaf murteessoo ta'an hiika isaanii ni tilmaamtaa? Gaaffii jedhuuf barattootaa kutaa 7^{ffaa} baratan 7 keessaa barattoonni 5 (% 71.42) eeyyee ni tilmaamna jedhanii yemmuu deebii kennan, barattoonni lakkoofsi isaanii 2 (% 28.57) ta'an immoo lakkii jechuun jechoota murteessoo dursanii kan hintilmaamne ta'uu isaanii deebisaniiru. Barattoota kutaa 8^{ffaa} baratan 7 keessaa hundi isaanii 7 (% 100) ta'an eeyyeeen jechuudhaan jechoota ergaa dubbisichaaf murteessoo ta'an, hiika isaanii dursanii tilmaamuu akka danda'an deebisaniiru. Kunis barattoonni dubbisicha hubannaan dubbisuun ergaa dubbisaa akka hubataniif baay'ee isaan gargaareera. Tilmaamuu barattootaa muraasaa yoo ilaalle, hubannoo ergaa dubbisichaa irratti dhiibbaa guddaa qaba.

Gaaffii 4^{ffaa} n barsiisonni afaan oromoo barsiisan hubannoo dubbisa duraaf xiyyeeffannaa itti isiniif kennuu? Jedhamanii gaaffii gaafatamaniif barattoota kutaa 7^{ffaa} baratan 7 keessaa barattoonni hundi 7 (% 100) eeyyee jedhanii akka barsiisonni xiyyeeffannoo itti kennu jechuun deebiisaniiru. Barattoota kutaa 8^{ffaa} baratan 7 keessaa barattoonni 4 (% 57.14) eeyyee jedhanii akka xiyyeeffannoon itti kennamuutti deebisaniiru. Garuu barattoonni lakkoofsi isaanii 3 (% 42.85) ta'an immoo lakkii jechuudhaan barsiisan isaanii gaaffilee hubannoo dubbisa duraatiif xiyyeeffannoon akka itti hinkennamne deebisaniiru. Yaada kana irraa wanti hubatamu, adeemsota dubbisaa barattoota isaanii kallattii itti agarsiisuun adeemsa hubannoo dubbisaa akka cimsatan gochuudhaaf, garaagarummaan illee barsiisota gidduu kan jiru ta'uusaa mul'isa. Kun immoo adeemsa hubannaan dubbisuu barattootaa irratti dhiibbaa niqaba. Adeemsi garaagarummaan barsiisota gidduu kunis adeemsa hubannaan dubbisuu barreeffama afaan oromoo gabbifachuu barattoota deebii kennan adda adda isaan taasiseera.

4.4.2.2 Af-gaaffii Hubannoo Yeroo Dubbisuu Madaaluu Barattootaaf Dhiyaate.

Gabatee 8: Gabatee madaallii hubannoo yeroo dubbisuu irratti af-gaaffii barattootaaf dhiyaate kan agarsiisu.

T.L	Dandeettii dubbisuu xiyyeeffatame	Kuta a	Deebii barattoonni kennan				Ida'ama	
			Eeyyee		Lakkii		Lakk	0/0
			Lakk.	0/o	Lakk	0/0		
1	Yaada waliigala (ergaa) dubbisichaa hubataa ni dubbistaa?	7	7	100	-	-	7	100
		8	7	100	-	-	7	100
2	Hiika jechootaa dubbisa keessatti galumsarraa tilmaamtaa?	7	7	100	-	-	7	100
		8	6	85.71	1	14.28	7	100
3	Ergaa dubbisichaa jechoota mataa keetiin ni ibsitaa?	7	6	85.71	1	14.28	7	100
		8	5	71.42	2	28.57	7	100
4	Jechoonni galumsaan alatti hiika biroo qabaachuu isaanii ni hubattaa?	7	6	85.71	1	14.28	7	100
		8	6	85.71	1	14.28	7	100
5	Dubbisicha madaaluun dogoggora yaadaafi qubeessuu ni sirreessitaa?	7	6	85.71	1	14.28	7	100
		8	5	71.42	2	28.57	7	100

Gabateen armaan olii kan agarsiisu ogummaawwan yeroo dubbisuu dubbisaan ergaa dubbisaa tokko hubachuuf tarsiimoo inni hordofuu qaburratti hundaa'uun af-gaaffii barattootaaf dhiyaate dha. Akkuma gabateerra hubannutti af-gaaffii barattootaaf dhiyaatan baay'inaan shan yoo ta'u, deebiin barattoonni kutaa lamaanuu kennan gabatee keessatti ibsameera.

Gaaffii 1^{ffaa} n barattoonni yeroo dubbisuu yaada walii galaa dubbisichaa hubachuu danda'uu fi dhiisuu isaanii gaafatamanii barattoota kutaa 7 baratan keessaa barattoonni hundi isaanii 7(%100) eeyyee jedhanii deebisaniiru. Haaluma wal fakkaatuun barattoonni kutaa 8^{ffaa} baratan hundi isaanii 7(%100) isaanis eeyyee jechuudhaan akka ergaa walii gala dubbisaa dubbisuun isaanii kun ergaa walii galaa dubbisaa hubachuu danda'uun isaanii namatti agarsiisa. Barattoonni kutaa lamaanuu baratan tarsiimoo dubbisuu kana hundi isaanii kan itti fayyadaman ta'uu agarsiisa.

Gaaffii 2^{ffaa} n barattoonni yeroo dubbisaa hubannoo dubbisaan hiika jechootaa galumsa irraa tilmaamuu danda'uu fi dhiisuu isaanii gaafatamanii deebiin barattootaa kutaa 7^{ffaa} baratan hundi 7(%100) ta'an eeyyee kan jedhuu dha. Barattoonni kutaa 8^{ffaa} baratan 7 keessa barattoonni 6(%85.71) ta'an eeyyee jedhanii deebisan. Barattoota 7 keessaa garuu barataan tokko (%14.28) immoo lakkii jechuudhaan deebisuu danda'eera. Deebii barattootaa kana irraa wanti hubatamuu

tarsiimoo hiika jechootaa dubbisa keessatti galumsarraa tilmaamaa dubbisuurratti kutaa lamanuu haala gaarii kan jiran yoo ta'u, barataan tokko garuu, hiika jechoota galumsarraa xiyyeeffannoo kan itti hin kenniinee ta'uu isaa hubannoo isaarratti dhiibbaa qabaata.

Gaaffii 3^{ffaa} n ergaa dubbisichaa jecha mataa keetiin ibsitaa ? kan jedhu yoo ta'u, deebiin barattoonni kutaa lamaanuu kennan gabatee armaan olii keessatti kaa'ameera. Haaluma kanaan barattoonni kutaa 7^{ffaa} baratan 7 keessaa barattoonni 6(%85.71) eeyyee jedhanii yemmuu deebisan, barataan tokko (%14.28) immoo lakki jechuudhaan deebiseera. Barattoota kutaa 8^{ffaa} baratan 7 keessaa barattoonni 5(%71.42) ta'an eeyyee jedhanii yemmuu deebisan barattoonni 2(%28.57) ta'an immoo lakkii jechuun deebisaniiru. Kana keessatti wanti hubatamuu barattoota muraasa irraa kan hafe, barattoonnihedduun tarsiimoo ergaa dubbisaa hubachuun dubbisuu fayyadamuun yaada dubbisichaas jechoota mataa isaaniitiin ibsuu akka danda'an mul'isa.

Gaaffii 4^{ffaa} n jechoonni galumsa dubbisa keessatti qabaniin alatti hiika biroo qabaachuu fi dhiisuu isaanii hubattaa ? Jedhamanii gaafatamanii, barattoonni kutaa 7^{ffaa} baratan 7 keessaa barattoonni 6(%85.71) eeyyee jedhanii deebisaniiru. Barataan tokko (%14.28) garuu lakkii jechuudhaan, akka galumsa keessaa alatti hiika jechoota hin hubanetti ibsateera. Barattoota kutaa 8^{ffaa} baratan 7 keessaa haaluma walfakkaatuun barattoonni 6(%85.71) eeyyee jedhanii yemmuu deebisan, barataan tokko (%14.28) ta'e immoo lakkii jechuun yaada isaa ibsateera. Kun immoo jechoonni galumsa dubbisa keessa alattii hiika biroo qabaachuu isaanii barachuu dhabuun beekumsa hubannoo jechootaa barattootaa dangeessuu danda'a.

Gaaffii 5^{ffaa} n yeroo dubbisaatti, dubbisicha madaaluun dogoggora yaadaafi sirna qubeessuu ni sirreessitaa? Gaaffii jedhamanii gaafataman, barattoota kutaa 7^{ffaa} baratan 7 keessaa barattoonni 6(%85.71) ta'an eeyyee jedhanii deebisaniiru. Barataan tokko (%14.28) garuu lakkii jechuun deebiseera. Barattoota kutaa 8^{ffaa} baratan 7 keessaa immoo barattoonni 5(%71.42) ta'an eeyyee jedhanii yemmuu deebisan, barattoonni 2(%28.57) ta'an immoo lakkii jechuudhaan deebisaniiru. Barattoonni muraasni kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} keessaa tarsiimoo dubbisa madaaluun, dogoggora yaadaa fi sirna qubeessuu seecca'aa dubbisuun dadhabuun hubannoo dubbisaa akka isaan hin gabbifanne taasisa.

4.4.2.3. Af-gaaffii Hubannaa Dubbisa Boodaa Madaaluu Barattootaaf Dhiyaate.

Gabatee 9: Madaallii hubannoo dubbisa boodaa irratti af-gaaffii barattootaafi deebii isaanii

T.L	Hubannoo dubbisa boodaa Xiyyeeffatamu	kutaa	Deebii barattoonni kennan				Ida'ama	
			Eeyyee		Lakkii		Lakk	0/0
			Lak	0/o	Lak	0/0		
1	Gaaffilee hubannoo waliigalaa dubbisichaa ni deebistaa?	7	7	100	---	--	7	100
		8	7	100	-----	---	7	100
2	Tilmaama kee duraanii, gaaffilee hubannoo boodaawalitti fiduun ni mirkaneeffattaa?	7	4	57.1	3	42.8	7	100
		8	6	85.7	1	14.2	7	100
3	Muuxannoo kee ergaa dubbisichaa wajjiin walitti fiddaa?	7	5	71.4	2	28.5	7	100
		8	5	71.4	2	28.5	7	100
4	Dubbisa hubannaan dubbistee gaaffilee dubbisa keessaa bahan sirriitti hojjettaa?	7	7	100	----	----	7	100
		8	5	71.4	2	28.5	7	100
5	Gaaffileen hubannoo dubbisicha wajjiin walitti ni hidhataa?	7	7	100	----	-----	7	100
		8	5	71.4	2	28.5	7	100

Gabatee armaan olii irraa barattoonni ergaa dubbisa tokko hubachuuf tarsiimoolee adeemsa dubbisuu keessaa dubbisa boodaa maal gochuu akka qaban beekuun murteessaadha. Haaluma kanaan af-gaaffiin hubannoo dubbisa boodaa shan cufaa ta'eefi af-gaaffiin banaa (walabaa) ta'e sadii dandeettii hubannaa dubbisaa boodaa barataan qabaachuu qabu irratti hundaa'ee kan dhiyaateedha.

Gaaffiin 1^{ffaa} gaaffilee hubannoo waliigalaa dubbisichaa nideebistaa? Kan jedhu yoo ta'u, deebiin barattoonni kennan gabatee armaan olii keessatti ibsameera. Barattoonni kutaa 7^{ffaa} baratan 7 keessaa barattoonni hundi isaanii 7(0/0 100) ta'an eeyyeen jedhanii hunduu deebisaniiru. Haaluma walfakkaatuun barattoonni kutaa 8^{ffaa} baratan 7 keessaa hundi isaanii 7(0/0 100) ta'an isaanis eeyyee jechudhaan deebisaniiru. Deebii barattoonni kennan kana irratti hundoofnee yemmuu iaallu, barattoonni kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} tarsiimoo hubannoo ergaa walii gala dubbisaa hubatanii gaaffileef deebii kennuu kan danda'an ta'uu mul'isa. Kanas qormaata isaaniif kenname irraa hubachuun akkuma danda'ametti, gaaffilee ergaa waliigalaa dubbisaa barattoonni hedduun deebii isaa argataniiru.

Gaaffii 2^{ffaa} n tilmaama tarsiimoo adeemsa dubbisa duraa keessatti mata-duree ilaalanii tilmaaman ergaa dubbisicha dubbisanii xumuranii booda sirrii ta'uufi dhiisuu isaa kan mirkaneeffatan dubbisicha dubbisanii erga xumuranii boodadha. Gaaffiin kun barattoonni hubannoo kana qabaachuufi dhabuu isaanii adda baafachuuf, tilmaama kee duraanii ni mirkaneeffattaa? Jedhamanii yemmuu gaafataman barattoonni kutaa 7^{ffaa} baratan 7 keessaa barattoonni 4(0/0 57.14) ta'an eeyyeen jedhanii yemmuu deebisan, barattoonni 3(0/0 42.85) ta'an immoo lakkii jechuudhaan deebisaniiru. Barattoonni kutaa 8^{ffaa} baratan 7 keessaa barattoonni 6(0/0 85.75) ta'anis deebii isaanii eeyyeen jedhanii yemmuu deebisan, barataan tokko (0/0 14.28) immoo lakkii jechuun deebiseera. Deebii barattoota kan kutaa lamaanuu yemmuu iaallu, barattoota 14 keessaa barattoonni kudhan eeyyee jedhanii yemmuu deebisan, barattoonni afur qofti lakkii jechuudhaan deebisaniiru. Yaada barattoota kana irraa waanti hubatamu tokko barattoota muraasa irraa kan hafe barattoonni hedduun tilmaama dubbisa duraa gaaffilee hubannoo dubbisa boodaa wajjin walitti fiduun hubannoo isaanii kan mirkaneeffatan ta'uu namatti mul'isa.

Gaaffii 3^{ffaa} n immoo muuxannoo kee ergaa dubbisa keessaa argatteen walitti ni fiddaa? Kan jedhu yemmuu ta'u, deebiin barattoonni kutaa lamaanuu deebii walfakkaataa ta'e kennaniiru. Barattoonni kutaa 7^{ffaa} baratan 7 keessaa barattoonni 5(0/0 71.42) ta'an "eeyyeen" jedhanii yemmuu deebisan, barattoonni 2(0/0 28.57) ta'an immoo lakkii jechuun deebisaniiru. Haaluma walfakkaatuun barattoota kutaa 8^{ffaa} baratan 7 keessaa barattoonni 5(0/0 71.42) ta'anis "eeyyeen" jedhanii yemmuu deebisan, barattoonni (0/0 28.57) ta'an "lakkii" jechuun deebisaniiru.

Gaaffii 4^{ffaa} n dubbisa hubannaan dubbistee gaaffilee dubbisa keessaa bahaan sirriitti hojjettaa? Kan jedhan yemmuu ta'u, deebiin barattoota kutaa 7^{ffaa} barata 7 keessaa barattoonni hundi isaanii 7(0/0 100) "eeyyeen" jedhanii yemmuu deebisan barataan lakkii jedhee deebise tokko illee hinjiru. Barattoota kutaa 8^{ffaa} baratan 7 keessaa barattoonni 5(0/0 71.42) ta'an "eeyyeen" jedhanii yemmuu deebisan, barattoonni 2(28.57) kan ta'an immoo "lakkii" jechuun deebisaniiru. Deebii barattoota kana irraa wanti hubatamu, kutaa lamaan irraa barattoonni 12 ta'an gaaffilee dubbisa keessaa bahaan sirriitti hojjechuun hubannoo dubbisaa cimaa kan qaban yoo ta'an, barattoonni 2 qofti gaaffilee hubannoo dubbisa boodaa sirriitti hojjechuuf hanqina kan qaban ta'uu agarsiisa.

Gaaffii 5^{ffaa} n immoo gaaffileen hubannoo dubbisicha wajjin walitti ni hidhataa? Kan jedhu yemmuu ta'u, deebbiin barattoonni kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} kennan garaagarummaa muraasa mul'iseera. Barattoonni kutaa 7^{ffaa} baratan hundi isaanii 7(0/0 100) ta'an "eeyyee" jedhanii deebisaniiru. Barattoonni kutaa 8^{ffaa} baratan 7 keessaa barattoonni 5(0/0 71.42) ta'an "eeyyee" jedhanii yemmuu deebisan, barattoonni 2(0/0 28.57) ta'an immoo "lakkii" jechuun deebisaniiru. Barattoonni lakkii jedhanii deebisan sababni isaan dhiyeessan yeroo tokko tokko gaaffileefi jechoota dubbisa keessatti hinibsamneti gaaffilee hubannoo dubbisaa boodaa ta'anii kitaaba barattootaa keessatti akka argaman ibsaniiru.

Walumaa galatti tarsiimoolee hubannoo dubbisa duraa, kan yeroo dubbisuufi dubbisa boodaa irratti hundaa'uun gaaffilee garaagaraa barattoota filatamaniif dhiyaate. Barattoota kutaa 7^{ffaa} baratan torbaafi barattoota kutaa 8^{ffaa} baratan torba walumaa galatti barattoota 14 itti hirmaate. Gaaffileen kunniin hubannoodhaaf deeggarsa guddaa godhu jedhamanii kanneen dhiyaataniidha. Barattoonni tarsiimoolee kana hordofanii dubbisan ergaa dubbisaa hubachuu nidanda'u. Akka deebii barattoota filatamanii kanaatti barattoonni kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} Afaan Oromoon mana barumsichaatti baratan hedduun isaanii barattoota muraasa irraa kan hafe tarsiimoolee dubbisuu kanneen hojiirra oolchu waan ta'eef hubannoon dubbisuu amma qabaachuu isaanii agarsiisa.

Gaaffiilee Banaa Barattootaaf Dhiyaate.

6. Kutaa meeqa irraa kaatee Afaan Oromoo barachuu eegalte?


- Barattoonni Mana Barumsaa Burqaa Wayyuu sad. 1^{ffaa} fi 2^{ffaa}, kutaa 7^{ffaa} baratan barattoota torba keessaa barattoonni 6kan ta'an Afaan Oromoo barachuufi Afaan Oromoon barachuu kan eegalan kutaa 6 fi 7 irraa ka'anii akka ta'e deebisan. Barattoota kutaa 7^{ffaa} baratan torba keessaa barattuun tokko qofti kutaa 1^{ffaa} irraa kaatee Afaan Oromoofi Afaan Oromoon barachuu akka eegalte deebii kennite. Barattoonni kutaa 8^{ffaa} baratan immoo haala faallaa barattoota kutaa 7^{ffaa} ta'een, barattoonni 6 kutaa tokko irraa eegalanii Afaan Oromoo barachuufi Afaan Oromoon barachuu akka eegalan ibsatan. Kutaa 8^{ffaa} keessaa barataan tokko qofti kutaa torba irraa ka'ee Afaan Oromoo barachuufi Afaan Oromoon barachuu akka eegale deebiseera.

7. Barreeffama Afaan Oromoo hubannoon dubbisuuf yaalii ati taasistu maal fa'i?

- Gaaffii kanaaf barattoonni kutaa 7^{ffaa} hedduun isaanii yemmuu deebisan, inni duraa fedhiin Afaan Oromoo barachuufi Afaan Oromoon barachuuf murteeffannee gara mana barumsichaa dhufne jechuun deebisan. Gara mana barumsaa Afaan Oromoo dhufuun dura gargaarsa maatiin nuuf taasisan ni jira jechuun deebisan. Gargaarsi maatii kunis kitaabilee Afaan Oromoon barreeffaman kanneen akka: kitaaba aadaa, seenaa seer-lugaa mana barumsaan alatti kaka'umsaafi fedhii dhuunfaa keenyaan dubbisuu shaakalaa turre jechuun deebisan. Fedhiin dubbisuuf yaalii isaan taasisan hubannoo dubbisaaf kan isaan gargaare ta'uu ibsataniiru. Barattoonni kun barreeffama Afaan Oromoo dubbisuuf yaalii isaan taasisaa turan, kitaabilee Afaan Oromoon barreeffaman kaka'umsaafi fedhii guddaan akka qaban illee ibsan. Kana keessatti maatiin isaanii hamilee itti horuun (onnachisuun) kitaabilee dabalataa kanneen akka: kitaaba aadaa, kitaaba seenaa, seer-lugaafi afoolota garaagaraa taasisaniiru. Barattoonnis yeroo boqonnaa isaanii manatti irra deddeebi'uun kan dubbisan ta'uu ibsatan. Yaada deebii barattoonni baay'een isaanii Kennan irraa wanti hubatamu, kaka'umsiifi fedhii dhuunfaa isaanii qabaachuun barumsa afaanichaaf murteessaadha. Kun immoo hubannoon dubbisuu barattootaa baay'ee isaanii milkeesseera. Akkuma adeemsa qorannoo kana keessatti ilaalleen barattoonni hedduun isaanii turtii waggaa lama keessatti sirnaan, ga'umsaafi hubannoon barreeffama Afaan Oromoo dubbisani hubachuu danda'uu isaanii adeemsa qorannichaa keessatti argameera.

8. Gaaffii 8^{ffaa} n Mana Barumsaa alatti barreeffama Afaan Oromoo hubannoon dubbisuuf kanneen si gargaaran jiru? Eenyu fa'i ? Jechuudhaan gaafatamanii barattoonni kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} baay'een isaanii haala walfakkaatuun "eeyyeen" jechuun kan gargaarsa isaaniif taasisa akka jiru ibsatan. Barattoonni kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} n baay'een isaanii barreeffama Afaan Oromoo hubannoon dubbisuuf jalqaba irratti kan isaan gargaare maatiin iddoo guddaa akka qaban himan. Dabalataanis kitaabileen Afaan Oromoo namoota garaagaraatiin barreeffamanii dubbisaaf dhiyaatan haala mijataa hintaane keessatti nu gargaaree jira jedhanii deebisan. Meeshaalee barreeffamoota kanneen bitannee itti gargaaramuu dandeenyeerra jechuun ibsataniiru.

Yaada deebii barattootaa kanarraa kan hubatamu, Mana Barumsaan alatti barreeffamota Afaan Oromoo hubannoon dubbisuuf maatiin barattootaa meeshaalee dubbisaa barattootaaf dhiyeessuun gahee guddaa bahuun isaanii hubanna. Kana malees, barreessitoonni Afaan Oromoon kitaabilee kanneen akka: seer-lugaa, kitaaba aadaa, seenaa Afoolafi kkf barreessanii dubbistootaaf dhiyeessuun isaanii bakki manneen barnootaa Afaan Oromoo hinturretti, barattoonni dhimma eenyummaa isaaniif jecha kitaabilee kana bitachuun ogummaa dubbisaa gabbifachaa kan turan ta'uu isaa hubanna.



Suura 3: Gaafa guyyaa 16/09/2011 barattoota Afaan Oromoo kutaa 7^{ffaa} Feeneet Xilaahuun fi Kooteet Baay'isaa af-gaaffii isaan waliin taasifame.

Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo

5.1. Cuunfaa

Boqonnaa kana keessatti cuunfaa qorannichaafi argannoowwan qorannichaarratti hundaa'uudhaan yaboo (yaada furmaataa) kennamuu qabatu dhiyaate.

Qorannoon kun geggeeffame Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee, kutaa magaalaa Niifas Silki Laaftoo, Aanaa 01 (Labuu) jedhamu Mana Barumsaa Afaan Oromoo irratti kan geggeeffameedha. Kaayyoonni qorannoo kanaa, barattoonni mana barumsaa Afaan Oromoo kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} n dubbisa Afaan Oromoo hubannaan dubbisuu danda'uu isaanii xiinxaluudha. Ka'umsi qorannichaa manneen barnootaa bara 2010- tti Afaan Oromoon baruu-barsiisuu eegalan hubannoon dubbisuun afaan dhalootaa barattoota sadarkaa inni irra ibsuudha. Kanaafuu, xiyyeeffannoon qorannichaa dhimma Afaan Oromoo hubannoon dubbisuu barattoota Afaan Oromoo qorachuun, sadarkaa barattoonni hubannaan dubbisuu Afaan Oromoo yeroo ammaa kana irratti argaman adda baasuun ibsi kan itti kennameedha. Bu'aan qorannoo kanaas, barattootaafi barsiisota manneen barnootaa Finfinnee keessatti argaman adeemsa baruu-barsiisuu wayitii Afaan Oromoo malleen hubannaan garagaraatti fayyadamuun hubannoon dubbisuuf akka cimsataniif gargaara. Akkasumas, ogeeyyii barnootaa biroo mata-duree kana fakkaatu irratti qorannoo adeemsisaniif, ka'umsa ta'uun hanqinoonni hafan akka itti guutaniif gargaarsa ta'a. Qorannoon kun yeroo, humnaafi baajata qabu irratti hundaa'uun, kaayyoo qorannichaa giddu-galeessa godhachuutee hubannaan dubbisuu barattoota kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} , Mana Barumsaa Afaan Oromoo Burqaa Wayyuu sad.1^{ffaa} (Finfinneetti) baratan qofaarratti kan xiyyeeffatedha.

Iddattoowwan qorannoo kanaa ta'anii kanneen fudhataman: Mana barumsaa Burqaa Wayyuu sad.^{ffaa}, barattoota kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} Afaan Oromoo barachaa jiraniifi barsiisota mana barumsichaatti Afaan Oromoo barsiisaa jiraniidha. Iddattoowwan kunniin mala akkaayyootiin kan filatamaniidha. Sababni isaas xiyyeeffannoon dhimma qorannichaas, barattoonni Afaan Oromoo dubbisa afaan Oromoo hubannoon dubbisuu danda'uu adda baasuun ibsa itti kennuuf waan ta'eef. Barattoonni kutaa 7^{ffaa} dareewwan shan, barattoota 210 keessaa barattoonni 40 (0/0 35.34) fi barattoonni kutaa 8^{ffaa} dareewwan lama keessaa barattoonni 40 (41.24) ta'an carraa akka tasaatiin filatamanii iddattoo qorannichaa ta'aniiru. Barattoonni kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} walumaa galatti, dareewwan 5 ta'an keessaa barattoonni 80 (0/0 37.56) akka walii galaatti iddattoo

qorannichaa ta'uun carraa akka tasaatiin fudhatamaniiru. Ogummaan hubannaan dubbisuu, manni barumsaa Afaan Oromoo, kutaan 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} tiifi barsiisonni Afaan Oromoo mana barumsichaa mala akkaayyootiin filatamuun iddattoowwan qorannichaa ta'aniiru. Malli qorannichi ittiin qoratamees mala ibsaa waan ta'eef, amala akkamtaafi ammamtaatti gargaaramuun odeeffannoo meeshaalee funaansa ragaaleetiin walitti qabatame irratti hundaa'uun, ragaalee lakkoofsaafi jechaan gabateetti gargaaramuun xiinxaliifi ibsi bal'inaan itti kennameera.

Meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaaname immoo qormaata hubannaan dubbisuu, sakatta'a dookimeentii barattootaa kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} hubannoon dubbisuu wajjin wal-qabate, Af-gaaffii barattootaafi barsiisotaa hubannoon dubbisuu baruufi barsiisuurratti xiyyeeffateefi malleen hubannaan dubbisuutti gargaaramuu isaanii addaan baafachuuf dhiyaataniiru.. Tooftaan odeeffannoon ittiin funaaname: barattoota kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} tiif qormaanni hubannoon dubbisuu wajjin wal-qabate, qabiyyeen qormaataa ergaa dubbisaa hubachuu, hiika galumsaa jechootaa tilmaamuu danda'uufi yaaddeen calla dubbisaa hubachuu danda'uu isaanii kan madaalu, barsiisota muummee afaaniitiin qormaanni qophaa'ee barattootaaf kenname.sakatta'aan dookimeentii barattootaas, barsiisonni muummee afaanii barattoota kutaa 7^{ffaa} tiif,abbaltiiwwan hubannaan dubbisuu wajjin wal-qabatan kitaaba barattootaa irraa filatamuun gaaffileen 22 kennameef sorsamee ibsi itti kennameera. Haaluma walfakkaatuun, barattoota kutaa 8^{ffaa} tiif qormaanni moodeelaa samisteera 2^{ffaa}, bara 2011-tti akka bulchiinsa magaalaa Finfinneetti kennamee irraa gaaffileen 15 hubannoon dubbisuu barattootaa kanneen madaalaan barsiisota afaaniin filatamanii waraqaan qormaata isaanii akka xiinxalamu ta'eera. Qabiyyeewwan sakatta'insi dookimeentiin barattootaa irratti xiyyeeffates, hiika galumsa jechootaa dubbisa keessatti tilmaamuu, ergaa dubbisaa hubachuufi yaada walii gala dubbisaafi hiika al-kallattii hubachuu danda'uu barattootaa kan safaru filachuun ragaan isaanii xiinxalameera.

Ragaan qormaata barattoota kutaa 7^{ffaa} tiif kenname akka mul'isutti hubannaan dubbisuu barattootaa dubbisa Afaan Oromoo danda'uu isaanii madaaluuf qabiyyeewwan qormaataa: gaaffilee hubannoo dubbisa yaada walii galii gaaffiin 5 tu dhiyaateef. Hubannoo hiika galumsaan dubbisa keessatti qabaniin jechoota walitti firoomsuun 7 tu barattootaaf kenname. Gaaffilee ergaa dubbisaa hubachuuf, filannoon dhiyaatan 13 ta'an kennamaniiru. Barattoonni kutaa 8^{ffaa} tiif

yaada walii gala dubbisichaa hubachuun dhugaa ykn soba jechuun deebii akka kennan gaaffilee 5 tu dhiyaate. Jechoota hiika galumsaa dubbisa keessatti tilmaamuun walitti firoomsuun gaaffilee 7 tu kennameef. Hubannoo ergaa dubbisaa ilaalchisee gaaffilee 13 tu barattootaaf dhiyaate. Akka ragaan qormaataa kun mul'isutti barattoonni harka caalmaa qaban qabiyyee qormaataa sadan irratti qabxii 80 fi isaa ol kan galmeessan yoo ta'u, barattoonni barattoonni murta'an immoo qabxiin qormaata isaanii 50-59 gidduutti argama. Qabiyyeewwan qormaataa sadan keessaa hubannoo ergaa dubbisaarratti barattoonni kutaa 8^{ffaa} qabxii 90 ol kan fidaniifi qabxii gad-aanaa 60 gad ta'e kan galmeessan barattoota muraasadha. Baay'een isaanii qabxii giddu-galeessa ta'e 60-80 gidduu galmeessuu danda'aniiru. Barattoonni kutaa 7^{ffaa} qabiyyeewwan qormaataa sadaniin yemmuu ilaalaman, barattoota muraasa irraa kan hafe, baay'een isaanii qabxii ol aanaa ta'e 90 oliifi qabxii giddu-galeessa ta'e 80-60 gidduu galmeessuu danda'aniiru. Akkuma walii galaatti qormaata barattoota yemmuu xiinxallu, barattoonni kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} qabiyyeewwan ergaa dubbisaa, hiika galumsaa jechootaa tilmaamuufi hubannoo yaaddeen callaa dubbisaa hubachuutiin sadarkaa gaarii ta'e irratti kan argamaniidha. Kutaan lameen garuu, hubannoo hiika galumsa jechootaa walitti firoomsuu irratti hanga qabiyyeewwan qormaata biroo qixa hojjechuu hindandeenye. Hubannaan dubbisuu barattoota qabxii qormaata isaanii irratti hundoofnee, yemmuu xiinxallu barattoonni hubannoon dubbisuun isaanii sadarkaa gaarii ta'e akka jiru mul'isa. Gama biraatiin, barattoonni hubannoon dubbisuu isaanii gad-aanaa akka ta'es namatti agarsiisa.

Adeemsa qorannicha keessatti ragaan ittiin funaaname keessaa tokko sakatta'insa dookimeentii barattootaati. Barattoota kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} tiif qabiyyeewwan qormaataa walfakkaataa ta'e, hubannoo yaada walii gala dubbisaa, hubannoo hiika galumsa irraa tilmaamuufi gaaffilee filannoo ergaa dubbisaa hubachuurratti kan xiyyeeffatedha. Barattoonni kutaa 7^{ffaa} qabiyyeewwan qormaataa sadan irratti gaaffilee 22 isaaniif dhiyaate keessaa, hubannoo yaada walii galaafi hiika galumsa jechootaan hubannoo gaarii kan qaban ta'uu namatti agarsiisa. Hubannoo ergaa hubachuuf gaaffilee filannoolee dhiyaatan irratti qabxii ol-aanaafi giddu-galeessaa barattoonni baay'inaan hingalmeessine. Barattoota kutaa 8^{ffaa} tiif qormaataa moodeelaa qabiyyeewwan: gaaffii walii gala, hiika galumsa jechootaafi gaaffilee ergaa hubannoo dubbisaa keessaa gaaffilee 15 filachuun ragaan qormaata isaanii sakatta'ameera. Akka sakatta'insa dookimeentii barattoota kana irraa argadhetti, barattoonni kutaa 8^{ffaa} baay'een isaanii qabxiin

hubannoon dubbisuu 60-80 gidduu kan galmeessan ta'uu namatti agarsiisa. Barattoonni qabxiin hubannoon dubbisuu isaanii 90 ol ta'an muraasadha. Akkasumas, barattoonni murta'aan qabxii gahaafi isaa gadi galmeessuu kan danda'an akka jiran namatti mul'isa. Barattoonni harka caalmaa qaban garuu, qabiyyeewwan qormaataa sadaniinuu qabxii gaarii ta'e 60-80 gidduu kan galmeessan ta'uu namatti agarsiisa. Walumaa galatti ragaan dookimeentii barattootaa kan agarsiisu, barattoonni hubannoon dubbisuu Afaan Oromootiin sadarkaa giddu-galeessatti kan argaman ta'uu nama hubachiisa.

Hubannoon dubbisuu barreeffama Afaan Oromoo barattootaa qorachuuf, meeshaalee funaansa ragaalee keessa tokko kan itti tajaajilamne af-gaaffii barattootaafi barsiisotaaf dhiyaatedha. Barsiitaaf gaaffileen daangeeffaman 4 ta'aniifi gaaffileen banaa ta'an 2 walumaa galatti gaaffileen 6 dhiyaataniiru. Gaaffileen kunis, barsiisonni duubee barattoota isaanii agam hubatuufi hubannoon dubbisuurratti malleen akkamii fayyadamuun barattoota isaanii akka gargaaran adda baafachuuf kan dhiyaatedha. Deebii barsiisotaa irraa wanti hubatame, barsiisonni baay'een hubannoon dubbisuu barsiisuu xiyyeeffannoo kan kennaniifi barattoonni isaanii hubannoon dubbisaa darbanii darbanii kan hordofan ta'uun isaanii ragaa kennameerraa hubatameera. Wayitii dubbisa Afaan Oromootis, barattoota kan jajjabeessaniifi kitaabileen barnootaa dandeettiiwwan hubannoon dubbisuu haala wal-hinmadaalleen darbanii darbanii kan mul'atan ta'uun deebii barsiisonni kennan irraa hubatameera. Barsiisonni malleen garaagaraatti fayyadamuun hubannoon dubbisuu barsiisuurratti hubannaa walfakkaataafi bifa walfakkaatuun hojiirra oolchuutti garaagarummaa qabaachuun isaanii deebii kenname irraa hubatameera. Gaaffii kitaabniifi dandeettiiwwan hubannoon dubbisuu barsiiuu haala wal-madaaluun illee kitaaba barattootaa irratti xiyyeeffannoo kan hin arganne ta'usaa deebii af-gaaffii kenname irraa hubachuun danda'ameera.

Huannoon dubbisuu barattootaa qorachuuf qorannicha keessatti meeshaaleen funaansa ragaalee kan ta'e keessaa tokko af-gaaffii barattootaaf dhiyaatedha. Barattoonni hubannoon dubbisuufi dubbisuu dhiisuu isaanii mirkaneeffachuuf gaaffilee tarsiiimoo hubannaan dubbisuuti dhiyaateef. Gaaffilee hubannoo dubbisa duraa 4, gaaffilee hubannoo yeroo dubbisaa 5 fi gaaffilee hubannoo dubbisa boodaa 5 akkasumas gaaffileen banaa ibsa waliin kennaman 3 barattootaa kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} tiif dhiyaate. Gaaffii hubannoon dubbisuu duraarratti barattoonni hedduun mata-duree

dubbisaa jireenya isaanii wajjin qabsiisan, waan dubbisuuf deeman dursanii kan raagaaniifi hiika jechoota murteessoo ta'an illee kan tilmaaman ta'uusaa deebii isaaniirraa hubachuun nidanda'ama. Barattoonni muraasni kana hojiirra oolchuutti hanqina kan qabaniifi deeggarsa barsiisota isaanii kan barbaadan ta'uu agarsiisa.

Af-gaaffii hubannoo yeroo dubbisaa wajjin gaaffilee wal-qabatan, yemmuu xiinxalu barattoonni kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} gaaffilee isaaniif dhiyaate haala walfakkaatuun deebisaniiru. Kana jechuunis, ergaa dubbisaa hubataa kan dubbisan ta'uu, hiika jechoota haaraa galumsaarraa tilmaamaa kan dubbisan ta'uufi jechoonni galumsaan alatti hiika biro kan qaban ta'uusaanii hubachuufi yaada dubbisichaa jechoota mataa isaaniitiin akka ibsuu danda'an deebii kennameerraa hubatameera. Kana malees, barattoonni baay'een yaada dubbisichaa madaaluun, dogoggora sirna qubeessuufi yaadaa barreeffamicha keessatti mul'atan illee akka sirreessuu danda'an hubatameera. Gaaffilee hubannoo dubbisuu boodaa wajjin wal-qabatan, barattoota kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} gaaffileen daangeeffaman 5 fi gaaffileen banaa ta'an 3 tu dhiyaateef. Gaaffilee hubannoo ergaa walii gala dubbisaa hubachuu barattoonni hunduu rakkoo akka hinqabne namatti mul'isa. Barattoonni baay'een, tilmaama duranii gaaffilee hubannoo dubbisa boodaa wajjin walitti fiduun mirkaneeffachuu, muuxannoo duraan qaban illee dubbisicha wajjin akka walitti fidaniifi gaaffilee dubbisa hubannaan dubbisani, gaaffilee dubbisa keessaa bahan sirriitti akka hojjechuu danda'an nihubatama. Barattoonni yaada armaan olii hojiirra oolchuurratti hanqina akka qaban hubatameera. Sirna barnootichaa keessatti gaaffilee hubannoon dubbisuu barattootaa madaaluuf dhiyaatan dubbisicha wajjin baay'inaan walhidhannaa haa qabaatan malee ,darbee darbees hanqina qabaachuun yaada deebii kennitootaarraa mirkana'eera. Akka walii galaatti barattoonni tarsiimoolee hubannaan dubbisuu ciminaan hojiirra oolchuun hubannaan dubbisuu Afaan Oromoo kana caalaa fooyyeffachuu danda'uu qabu.

Barattoonni hubannoon dubbisuu isaanii gabbifachuuf kutaa gad-aanu irraa kaasee kaka'umsi, fedhiifi shaakalli hubannaan dubbisuu walirraa hincinne jiraachuun gaariidha. Barreeffama Afaan Oromoo hubannoon dubbisuu barattoonni hedduun mana barumsaan alatti yaaliin isaan taasisan hubannoon dubbisuu isaanii kan milkeessadha. Maatiin barattootaa kitaabilee; aadaa, seenaa. Seer-lugaafi asoosamaa bitanii barattoonni mana keessatti dandeettii hubannoon dubbisuu akka ijoolleen isaanii gabbifatan gochuun, mana barumsaatti hubannoon dubbisuu

barattootaaf gargaarsa ta'eera. Akka yaada deebii barattoota kanaatti hubannoon dubbisuu barachuu keessatti, meeshaaleen dubbifaman, gargaarsi maatii barattootaafi fedhiin barattoonni hubannoon dubbisuu cimsachuuf taasisan, hubannoon dubbisuu Afaan Oromoo sadarkaa amma irraa jiran kanaaf, gumaacha guddaa kan taasisan ta'uu namatti agarsiisa. Kanas af-gaaffii barsiisotaafi barattootaa irraa hubachuun danda'ameera.

5.2. Argannoo

Ragaawwan qormaataa, sakatta'a dookimeentiifi af-gaaffiin argame irratti hudaa'uun qorataan qorannoo kanaa yaada armaan gadii kana kaa'een jira.

Barattoonni mana barumsaa Afaan Oromoo Burqaa wayyuu sadarkaa 1^{ffaa} tti, bara 2010 irraa ka'anii Afaan Oromoo barachuu eegalan. Barattoonni kutaa 7^{ffaa} (40) ta'an keessaa barattoonni 28 ta'an kutaa 1-5 tti Afaan Amaaraatiin barachaa kan turaniidha. Barattoonni kudha lama qofatu kutaa tokko irraa ka'ee Afaan Oromoo barachaa ture. Barattoonni kutaa 8^{ffaa} (40) ta'an keessaa immoo barattoota 7(torba) kutaa 1-6 tti Afaan Amaaraatiin barachaa turan. Barattoonni 33 ta'an immoo kutaa tokko irraa ka'anii Afaan Oromoo barataa kan turaniidha. Barattoonni kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} kun fedhiifi kaka'umsa dhuunfaa isaaniitiin Afaan Oromoo barachuu akka dhufan dookimeentii duubee barattootaa funaaname, af-gaaffii barattootaafi barsiisotaa irraa ragaa odeeffannoo sassaabameen mirkanaa'eera.

Gahumsa isaan hubannoo dubbisaa irratti qabaniifi maal akka fakkaatan beekuuf, qorataan qorannoo kana qormaataafi sakatta'a dookimeentii dandeettii hubannoo dubbisaa isaanii madaalu kenneefi yemmuu barattoota kutaa tokkotti osoo Afaan Oromoo hinbaratiin, kutaa 6 fi 7 tti Afaan Oromoo barachuu eegalan madaallu, qabxiin isaan galmeessan baay'ee gaariidha. Barattoota kutaa tokkotti Afaan Oromoo barachuu eegalanii gad-hin galmeessine. Sababni isaas barattoonni kun fedhiifi kaka'umsa mataa isaaniitiin Afaan Oromoo barachuu dhufan, Akkuma af-gaaffii barattootaa irraa argadhetti, meeshaalee bituufi hamilee itti horuun gargaarsi maatii duubaan jiru illee cimaadha.

Kanaafuu qorataan qorannoo kanas yaada olii irratti hundaa'uun gahumsi hubannaan dubbisaa barattootaa kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa}, Afaan Oromoo dhiyeenya Finfinneetti baratamuu jalqabame, hubannaan dubbisuu isaanii barattoota muraasa irraa kan hafe, barattoonni harka caalmaa qaban

qabxii 90 oliifi 60-80 gidduu, gaariifi baay'ee gaarii kan galmeessan ta'uu mirkaneessee jira. Barattoonni muraasni immoo qabxii gahaa 50-59 fi baay'ee muraasa kan ta'anis 50 gadi ta'e gad-aanaa galmeessanii argamaniiru. Kunis kan argame raga odeeffannoo qormaataafi sakatta'insa dookimeentii barattoooaa taasifametu mul'ise. Af-gaaffii barsiisotaafi barattootaa akka mul'isutti fedhiifi kaka'umsi barattoota muraasaa hubannoon dubbisuun isaanii xiqqaa ta'uun hubatameera. Garuu, deeggarsi maatii duubaan tureefi muuxannoo barattoonni duraan qaban hubannoon dubbisuuf xiyyeeffannoo akka itti kennan isaan gargaareera. Barattoonni Erga mana barumsichaa dhufanii, tarmiimoolee hubannoon dubbisuu baruu-barsiisuu Afaan Oromoo keessatti barsiisonni hojiirraa oolchuuf, carraaqaa turanis, jijjiirama argamsiiseera.

Barattoonni kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} n Afaan Oromoo baratan 80 ta'an keessaa 50 0/0 kutaa gad-aanutti Afaan Oromoo hinbaranne. Barattoonni 6 fi 7-tti Afaan Oromoo barachuu eegalani hubannoon dubbisaa isaanii fooyyee qabaachuu kan danda'eef:

- Fedhiifi kaka'umsa guutuun Afaan Oromoo barachuuf gara mana barumsaa Afaan Oromoo ofiin murteeffatanii dhufuu isaanii.
- Kutaa gad-aanurraa kaasanii, deeggarsi maatii yaadaan, hamilee itti horuufi kitaabilee dubbisuuf bituun manatti dubbisuu shaakalsiisuun isaanii gargaarsa guddaa ta'eera.
- Barattoonni baay'een muuxannoo hubannoon dubbisuu afaan Ingiliziifi Afaan Amaaraarratti Hubannoon dubbisuu Afaan Oromootiif galtee ta'ee isaan gargaareera.
- Barsiisonni yeroo baay'ee tarsiimoolee hubannoon dubbisuu hojiirra oolchuun barattoota barsiisuurratti xiyyeeffachuun gargaarsa taasisaniiru.
- Barattoonni kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} baay'een isaanii, yeroo Afaan Oromoo baratan tarsiimoolee hubannoon dubbisuu xiyyeeffannoo itti kennuun hojiirra kan oolchan ta'uu.
- Barattoonni dubbisa Afaan Oromoof xiyyeeffannoo itti kennuun hubannoon dubbisani gaaffilee dubbisa keessaa bahan haalaan kan hojjetan ta'uu.
- Barsiisonni hubannoo dubbisaa kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatan haaluma tarsiimoolee dubbisaan walduraa duuba isaa eeganii hojiirra kan oolchan ta'uu.
- Barattoonni muraasni hubannoon dubbisaa isaanii kan gad-aanaa ta'eef: fedhiifi kaka'umsi, deeggarsi maatii isaanii xiqqaachuufi tarsiimoo hubannoon dubbisuu barsiisuurratti barsiisonni ga'umsa garaagaraa qabaachuu faadha.

5.3. Yaboo

Kaayyoon qo'annoo kanaa inni guddaan, hubannaa dubbisaa barattoota mana barumsaa Afaan Oromoo Burqaa Wayyuu sad. 1^{ffaa}-tti kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} baratan xiinxaluudha. Qorataanis argannoo isaa irratti hundaa'uudhaan wantoota hubannoon dubbisaa barattootaa gara fuul-duratti daran fooyya'insa argame cimsuuf gargaaran gaditti yaada qabu lafa kaa'eera. Akkasumas, hubannoo dubbisaan barattoota hanqina qaban fooyyessuuf ni gargaaraan jedhe yaada akka armaan gadiitti dhiyeesse.

1. Fedhiifi kaka'umsi barattoonni adeemsa baruufi barsiisuu keessatti afaan barachuuf qaban murteessaadha. Kanaafuu, barsiisonni hubannoon dubbisuu barattootaa caalaatti cimsuuf fedhiifi kaka'umsa keessa isaanii jiru yeroo hundaa dadamaksuun gaarii ta'a.
2. Barattoonni oolmaa daa'immanii ykn kutaa tokko irraa eegalanii Afaan dhalootaan, akka barataniif dhimmamtoonni barnootaa kanneen ta'an barattootaa haala mijataa uumuuf qabu. Kutaa gadi-aanu irraa ka'anii hubannoon dubbisuu akka cimsatan barsiisonni afaanii deeggarsa taasisuun isaan irraa eegama.
3. Maatiin barattootaa yeroo hundaa fedhiifi kaka'umsa itti horuun, meeshaalee dubbisaa dhiyeessuun, yeroo barnootaan alatti hubannaan dubbisuu barattootaa jajjeessuun gaariidha.
4. Dalagaalee barattoonni tarsiimoolee hubannoon dubbisuu sadeen keessatti dalagan xiyyeeffatamuufi haala gaariin barsiisotaanis ta'e, barattootaanis osoo hojiitti hiikamanii hubannoon dubbisuu barattootaa caalaatti fooyya'aa adeema.
5. Leenjiin hubannaan dubbisaa barsiisotaa gahumsa isaanii cimsuu danda'u, yeroo yeroon osoo kenname barachuu barattootaa ni milkeessa. Akkasumas, qophiin kitaaba barnootaa Afaan Oromoo hubannoo dubbisaa wajjin wal-qabatan irraa deebi'amee utuu fooyya'ee gaariidha.
6. Barreeffama Afaan Oromoo kan fedhiifi kaka'umsa dubbisuu barattoota keessatti uuman kan jechoonni dandeetti barattootaan walmadaaluufi gilgaalota hubannoo dubbisaa cimsan shaakalsiisuuf mijatu osoo filatame ittiin barsiifame gaarii ta'a.

Walumaagalatti, haala hubannaan dubbisaa barattoota kana caalaatti fooyyessuuf, yaadota armaan olitti ibsamaniif qaamoleen dhimmamtoota ta'an hubannoon dubbisuu barattootaaf xiyyeeffannoo kennuu qabu. Kunis barachuu barattoota Afaan Oromoo bu'a qabeessa taasisa. Barattoota hanqina hubannoon dubbisuu qabanis furmaata madaalawaan yoo kenneef, barattoonni qabxii gahaafi gad-aanaa fidan kunis yeroo gabaabaa keessatti nifooyya'u.

Wabii

- Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa. Qorannoo Hujoo*. Finfinnee: Efficiency P.P.
- (2012). *Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo* Finfinnee: Mega printing press
- Alexander, P. A. (2003). *The development of expertise: the journey from acclimation to proficiency*. Educational Researcher. v. 23 (8), pp. 10-14.
- Ahmadi, M. R. and Ismail, H. N. (2012). *Reciprocal teaching strategy as an important factor of improving reading comprehension*. Journal of Studies in Education. v. 2 (4), pp. 153-173
- Akyol, H., Cakiroglu, A. and Kuruyer, H. G. (2014). *A study on the development of reading skills of students having difficulty in reading: enrichment reading program*. International Electronic Journal of Elementary Education. v. 6 (2), pp. 199-212.
- Anderson, J. R. (1982). *Acquisition of cognitive Skills*. Psychology Review. v. 86, pp. 369-406.
- Anderson, N. J. (2008). *Practical English Language Teaching: Reading*. New York, NY: McGraw-Hill.
- Bandura, A. (1977). *Social Learning Theory*. Upper Saddle River, NJ: Prentice-Hall.
- Ceranic, H. (2009). *The English Teacher's handbook*. Great Britain: MPG Book Ltd, Bodmin, Cornwall.
- Dastaa Dassaalenyi. (2013). *Bu'uura Qorannoo*. Finfinnee Dhaabbata Maxxansa Boolee.
- Dörnyei, Z. (2001). *Motivational Strategies in the Language Classroom*. United Kingdom: Cambridge University Press
- Duke, N. K. and Block, M.K. (2012). *Improving reading in the primary grades. The Future of Children*. v. 22 (2), pp. 55-72.
- Gannat Shibbiruu. (2012). *Xiinxala Ogummaa dubbisuu*. Yuunivarsitii Addis Ababa: W araqaa Qorannoo digirii 2^{ffaa} (kan hin maxxanfame)
- Gayo, E., Deano, M., Conde, A., Ribeiro, I., Cadime, I. and Alfonso, S. (2014). *Effect of an intervention program on the reading comprehension processes and strategies in the and grade students*. Psicothema. v. 26 (4), pp. 464-470.
- Goodman, K.S. (1967). *Reading Apsycho- Linguistic guessing game: Journal of the reading specialists* 6(4)
- Grellet, F. (2010). *Developing Reading Skills: A Practical Guide to Reading Comprehension Exercises*. United Kingdom: Cambridge University Press.
- Grant, N. (1987). *Making the most of your textbook*. London: Longman.
- Grellet, F. (1981). *Developing Reading Skills*. Cambridge: Cambridge University Press

- Harmer, J. (2002). *The Practice of English Language Teaching*. (3rd Ed). England: Longman.
- Hulme, C. and Snowling, M. J. (2011). *Children's reading comprehension difficulties nature, causes, and treatments*. *Current Directions in Psychological Science*. v. 20 (3), pp.139-142.
- Hogan, T. P., Bridges, M. S., Justice, L. M. and Cain, K. (2011). *Increasing higher reading skills to improve reading comprehension*. *Focus on Exceptional Children*. v. 44 (3), pp. 1-20.
- Huang, J. and Newbern, C. (2012). *The effect of metacognitive reading strategy instruction on reading performance of adult ESL learners with limited English and literacy skills*. *Journal of Research and Practice for Adult Literacy, Secondary, and Basic Education*. v. 1 (2), pp. 66-77.
- Karasa kaloglu, N. (2012). *The relationship between reading comprehension and learning and study strategies of prospective elementary school teachers*. *Educational Sciences: Theory and practice*. v. 12 (3), pp. 1939-1950.
- Kembo S.(2000). *African Voices: an introduction to the languages and linguistics of Africa*. Oxford University press.
- Kuulanii Fayyeeraa (2010) *Xiinxala Garaagarummaa Dandeettii Dubbisani Hubachuu Barattoota Afaan Oromoo akka Afaan Lammaffaatti Barataniifi akka Afaan Jalqabaatti Baratan Yuunivarsitii Addis Ababaa: Waraqaa Qorannoo digirii 2^{ffaa}* (kan hinmaxxanfamne).
- MOE (2006). *Implementation guide for adapting the national mother tongue syllabus*. Addis Ababa: Draft
- Misgaanuu Gulummaa,. (2011).*Kattaa: Ogummaa Barreessuu*. Finfinnee, Efficient printing press.
- Najeeb, S. S. (2013). *The business of teaching English as a second language: A Libyan case study*. *Procedia-Social and Behavioral Sciences*. v. 70, pp. 1243-1253.
- Nuttal, C. (1996). *Teaching reading skills in foreign language GB*: Britain press
- Patesan, M., Balagiu, A., Zechia, D. and Alibec, C. (2014). *Critical reading*. *Revista Academiei Fortelor Terestre*. v. 1 (37), pp. 62-67.
- Qajeelaa Alamii. (2015).*Qaaccessa rakkoo barattoonni dubbisa Afaan Oromoo dubbisani hubachuu dadhabuu*. yuunivarsitii Addis Abbabaa: Waraqaa Qorannoo digirii 2^{ffaa} (kan hinmaxxanfamne).
- Ruddel, M.(2001).*Teaching content Reading & Writing* (3rd ed) USA:John Wiley & Sons inc.
- Singh, R. J. (2011). *Teaching reading to English first additional language (EFAL) foundation phase learners*. *Mousaion*. v. 28 (2), pp. 117-130.

Tolemariam Fufa Teso. (2017). *Caacculee Shanan Dubbisuu Afaan Oromoo*. Addis Ababa, Ethiopia: Social Advertising and Printing.

Vorstius, C., Radach, R., Mayer, M. B. and Lonigan, C. J. (2013). *Monitoring local comprehension monitoring in sentence reading* . School Psychology Review. v. 42 (2), pp. 191-206.

Widdowson,H.G. (1987). *Aspects of language teaching*: Oxford: Oxford University Press.

_____. (1979).*Exploration in applied linguistics* Oxford: Oxford Univestity press.

Williams,E.(1984).*Reading in the language claas room London &basing stoke* :mcmillan pulishers.

Yazar, U. (2013). *Teaching reading to EFL students to make them better readers*. Journal of Studies in Education. v. 3 (3), pp. 35-48.

በድሉ ዋቅጅራ. (1988):: *ተሳታፊነት ጭምትነት የሰብሀና አይነት ከድረስት ዓንብቦ መረዳት ችሎታ ጋር ያለው ተዛምዶ፤ አዲስ አበባ ዩኒቨርሲቲ፤ ጥናትና ምርምር 2^ኛ ዲግር (ያልታተመ)*

_____(2007):: *በስነ-ጽሁፍ ቋንቋ ማስተማር፡ ህትመት ፋር ኢስት ትሬዲንግ ኃላ.የተ.የግ.ማ*

ያለው እንዳወቀ (2004):: *የምርመር መሰረታዊ መርሆች እና አተገባበር፡፡ Bahar Dar: Bahar Dar University.*

ደረጃ ገብሬ (1998):: *በተማሪዎች የቤት ስራ የመምህራንና የወላጆች ሚና፡፡ Addis Ababa: Addis Ababa University Press.*

Dabalee A

Jeneraal Taaddasaa Birruu

Qajeelfama: Dubbisa Afaan Oromoo armaan gaditti dhiyaate: ergaa dubbisichaa, hiika galumsa jechoota haarawaa tilmaamuu xiyyeeffannoo itti kennuun hubannoon dubbisii, gosoota qormaataa siif dhiyaatan haala gaafatamteen deebii isaanii barreessi.

Taaddasaa Birruun Godina Shawaa Kaabaa (Salaalee), Aanaa Hidhaabuu Abootee, ganda Siree Morosee jedhamutti abbaa isaa obboo Birruu Kenneefi haadha isaa Aadde Boontuu Waaqjiraarraa bara 1914 dhalate. Jeneral Taaddasaan, nama tsagabbaa'aa dandeettii dubbateen nama amansiisuufi walqixxummaa namootaatti kan amanuufi namoota sadarkaan isaa gadis ta'an, kan isaa olta'anis haaluma tokkoon simata ture.

Taaddasaan bara 1955 muudama jeneraalummaa mootummaa Hayileesillaaseetiin argate biratti; pirezidantii Hoomaa qubee biyyaalleessaa ta'ee hojichaa ture. Barnoota biyyattii keessatti babal'isuun duula doofummaa dhabmsiisuuf taasifamuun godhamerratti gahee olaanaa taphate. Uummata barnootaaf kakaasuun namoonni hedduun akka barataan gochuun hojii bu'a qabeessa hojjetee ture. Yeroo kanatti dhoksaan uummata oromoo barumsarraa fageessuun doofomsanii bittaaan jiraachuun akka dammaqu isaa taasiseera. Kana booda sochii oromootaatti makamuun sirna gita bittaa nafxaarratti hadheeffatee qabsaa'uun eegale.

Jeneral Taaddasaan, mirga uummata oromoo kabachiisuuf, dandeettiifi muuxannoo duraan loitummaafi hoogantummaa horateetti fayyadamuun dammaqinaan wanta qabsaa'eef, sochii taasifamaa ture gara sadarkaa olaanaatti ceesisuu danda'eera. Jeneral Taaddasaan bara 1959 jibbiinsa sirna bulchiinsa mootii hayilesillaasseerratti horateerraa ka'uun namoota isa waliin jiran qindeessuun mooticha ajjeessuuf yaalii godhee ture. Haata'u malee lootee galtoon (basaastuun) isaan fakkaachuun iccitii san keessatti hirmaate tokko icciticha dursee mootummaaf laatee yaalichi fashalaa'e. Innis to'annaa jala oolee duuti itti murtaa'e. Mootichi H/sillaasee murtii du'aa gara hidhaa umurii guutuutti fooyyesseef Hararitti hidhamee akka dararaamu taasise.

Kufaatii mootummaa H/sillaaseetiin hidhaadhaa hiikame. Mootummaan dargiis cunqursaa uummata oromoo itti fufsiisuuf waan sochoo'eef Taaddasaan mirgi uummatichaa qawween qofaan mirkanaa'u danda'a amantii jedhu qabaachuun bosona gale. Garuu, bosona lixee yeroo gabaabaatti waan qabameef, Bitootessa 9 bara 1967 adduunyaa kanarraa boqote.

Kitaaba barattootaa kutaa 9^{ffaa} bara 2005 maxxanfamerraa fooyyeffamee fudhatame

Maqaa-----kutaa-----Daree-----

I. Dubbisa armaan ol dubbisterratti hundaa’uun kan sirrii ta’e “Dhugaa” ykn kan sirrii hintaane “Soba” jechuun deebisi.

- _____ 1. Jeneraal Taaddasaa Birruu walqixxummaa namootaatti kan amanu hinturre.
- _____ 2. Taaddasaan Godina Shawaa kibba lixaatti dhalate.
- _____ 3. Mootummaan H/Sillaasee malee mootummaan Dargii uummata oromoo hin cunqursine.
- _____ 4. Jeneraal Taaddasaa Birruu sirna mootummaa H/sillaasee keessa ajjeeffame.
- _____ 5. Muudaama jeneraalummaa Taaddasaaf kan kenne mooticha H/sillaasee **ture**.

II. Jechoota “A” jalatti kennamaniif hiika galumsaa isaanii “B” jalaa filadhuu firoomsi

“A”

- _____ 6. Makamuu
- _____ 7. Hadheeffatee
- _____ 8. Doofummaa
- _____ 9. Dhabamsiisuu
- _____ 10. Dararamuu
- _____ 11. Mirkanaa’uu
- _____ 12. Fashalaa’e
- _____ 13. Boqote

“B”

- A. hin raawwatamiin hafe
- B. hojii dhiisee taa’e
- C. ni du’e
- D. acucamuu (rakkachuu)
- E. dhugoomuu (sirrachuu)
- F. Itti dabalamuu
- G. balaaleffatee
- H. Wallaalummaa
- I. Balleessuu (hambisuu)
- J. beekumsa

III. Dubbisicha irratti hundaa’uun gaaffilee armaan gadiitiif deebii sirrii ta’e filadhu

_____14. Jeneraal Taaddasaa Birruu nama akkamii ture?

- A. tasgabbaa’aa
B. walqixxummaatti amanu
C. dubbatee nama kan amansiisu
D. hundinuu deebii ta’a

_____15. Jeneraal Taaddasaa Birruu sochii qabsoo uummata oromooti akka makamu kan taasise maal ture?

- A. oromoon akka baratu taasisuu
B. dhoksaa oromoota barumsaarraa fageessuu
C. oromoon barumsa waan hinfeeneef
D. ummanni oromoo waan barateef

_____16. Sochii qabsoo uummata oromooti erga makamee Jeneraal Taaddasaan maal raawwate?

- A. sochii qabsoo oromoo gara sadarkaa olaanaatti ceesise.
B. sochii qabsoo oromoo gara fuul-duraatti tarkaanfachiise.
C. sochii qabsoo oromoo duubatti deebise.
D. Afi B deebiidha.

_____17. Qaamni lootee galtoon jeneraal Taaddasaa fakkaachuun, waan inni qindeesse H/sillaasee biraan gahuun isaan qabsiisan. Hiikni jecha jala muramee?

- A. namoota dhoksaan dubbii guuran
B. namoota lafarra akka bofaatti lo’an
C. namoota mana namaatti galan
D. namoota lootuu fakkaata

_____18. Dubbisicha keessatti jechi “Iccitii” jedhu maal ibsa?

- A. dubbii ifa ta’e
B. yaada dhugaa jiru
C. dubbii dhoksaa irratti walii galame
D. yaada irratti walii hingalamne

_____19. Kufaatii sirna mootummaa H/sillaasee booda maaltu raawwatame?

- A. jeneraal Taaddasaan mana hidhaati bahe
B. Jeneraal Taaddasaan qabsoo oromoo itti fufsiise
C. mootummaan Dargiis cunqursaa uummata oromoo itti fufsiise
D. hundinuu deebiidha

_____20. Keeyyata dhumaa hiikni jecha “Cunqursaa” jedhu maal ta’a?

- A. gowwoomsaa
B. gargaarsa
C. acuuccaa (mirgoota namaa sarbuu)
D. mirga walqixxummaa eeguu

-----21. Jeneraal Taaddasaan namoota sadarkaan isaa gadi ta’aniifi isaa ol-ta’an maal taasisa Ture?

- A. sadarkaa isaaniitiin keessumeessa ture
B. haalum tokkoon simata ture
C. addaan baasee simata ture
D. huduu deebiidha.

- 22. Jeneraa Taaddasaan bara kami muudamni haangoo jeneraalummaa kennameef?
A. 1914 B.1967 C. 1955 D.1995
- 23. Mirgi uummata Oromoo maaliin kabajauu danda'a jedhee itti amane Taaddasaan?
A. qawwee qofaan C .lola qofaan
B. Walkabajuu qofaan D. Afi Bn deebiidha.
- 24. Sirna mootummaa kam keessa Jeneraal Taaddasaa Birruu boqote?
A.sirna mootummaa Miliiniiki C.sirna mootummaa Dargii
B. Sirna mootummaa H/sillaasee D.sirna mootummaa ammaa
- 25. Jeneraal Taaddasaan Sirna gita bittaa nafxanyaarratti hadheeffatee akka qabsaa'u kan Taasise maali? A.dhoksaa uummata Oromoo barumsaarraa fageessuu
B. sabaafi sablaoommi hunduu barachuu isaanii C. sababa ofii Oromoo ta'e
D.mootummaa H/sillaasee waliin jibba waan qabuuf

Dabalee B

Qormaata Dubbisa Afaan Oromoo Barattoota kutaa 7^{ffaa} tiif Dhiyaate.

Qajeelfama: Dubbisa Afaan Oromoo armaan gaditti dhiyaate: ergaa dubbisichaa, hiika galumsa jechoota haarawaa tilmaamuu xiyyeeffannoo itti kennuun hubannoon dubbisii, gosoota qormaataa siif dhiyaatan haala gaafatamteen deebii isaanii barreessi.

Maqaa-----kuttaa-----Daree-----

Mammaaksi yaada gabaabaa jechoota yaadataman gargaaramuun yaada murtaa'aa tokko mi'eessee dhalootaa dhaloolatti kan dabarsuudha. Mammaaksi gorsa gabaabaa yaada abshaalummaa deeggaruudhaan ergaa cimaa namaaf dabarsuudha. Mammaaksi dhalootaa dhalootatti gorsaan yookiin haasa'an kan darbuudha. Gama birootiinis yoo ilaalle, mammaaksi hawaasni gammachuufi gadda, shakkiifi wal amantaa, jaalalaafi jibba, dadhabbinaafi jabina, gaarummaafi hammeenya, ergaa siyaasaafi wal amantaa dhabuu dubbii afaaniin hiika dubbii qolaan ofkeessaa qabuun ergaa qabatee jiru meeshaa ittiin dabarsinuudha.

Mammaaksooni Oromoo dhimma jiruufi jireenya uummata Oromoo hundaa ofkeessatti hammata. Kana jechuunis mammaaksi jiruufi jireenya keessatti namoota quunnamuuf furmaata Dabalataanis, kashalabbummaa kan arrabsu, balleessaatti kan ori'u, gocha gadhee kan balaaleffatuufi hojii gaarii immoo dimshaashumatti kan jajjabessuudha. Jireenya hawaasni keessa jiru akka haala isaaniitti: yaadaafi gorsa kan kennu, itti yaadamee yaada tokko gabbisuuf yookiin miidhaksuuf jecha kan dubbatamuudha. Kanaan alas, mammaaksi seenaa dheeraa gabaabsuun jechoota muraasaan waan ibsuuf, “Mammaaksi koobaa dubbiiti,” jedhama.

Maddi dubbisichaa qorumsa xumuraa MNO kutaa 8^{ffaa}, bara 2010 irraa fooyyamee fudhatame.

I. Dubbisa armaan oliirratti hundaa'uun yoo sirrii ta'e “Dhugaa” kan sirrii hintaane immoo “Soba” jechuun deebisi.

-----1. Mammaaksi dhalootaa dhalootatti barreeffamaan daddarbaa dhufe.

-----2. Mammaaksi yaada gabaabaa tokko, dheeressee bal'inaan kan ibsuudha.

-----3. Namoonni mammaaksa dubbachuun, yaada dubbii isaanii miidhaksachuu danda'u.

-----4. Mammaaksi gochaa gadhee balaaleffachuu malee, hojii gaarii cimsuuf iddoo hinkennu.

-----5. Mammaaksi dhaloota gorsuufi kashalabbummaa dhaloota barsiisuuf nigargaar.

II. Jechoota “A” jalatti kennamaniif “B” Jalaa hiika galumsa isaanii wajjiin walitti firoomsi.

“A”

- _____ 6. Quunnamuu
- _____ 7. Shakkii
- _____ 8. Ori’u
- _____ 9. Miidhaksuu
- _____ 10. gabbisuu
- _____ 11. Muraasa
- _____ 12. Dubbii qolaa

“B”

- A. xiqqoo (xinnoo)
- B. dubbii kallattii (ifaa)
- C. yaada cimsuu (babal’isuu)
- D. bareechuu
- E. mudatu
- F. dheekkamuu (qanyisuu)
- G. dubbii hiika dhoksa.
- H. mamii (amantaa dhabuu)
- I. walitti dhufeenya

III. Gaaffilee armaan gadii dubbisa oliirratti hundaa’uun deebii sirrii ta’e qofa filadhu.

-----13. Akka yaada dubbisichaatti mammaaksa kan hin ibsine kami?

- A. yaada gabaabsuun dhiheessuu
- B. dubbii qolaan qindaa’uu
- C. yaada dheessuun ibsuu
- D. yaada mi’eessuun dhiheessuu

-----14. Dubbisicha keessatti haasa’aan dhalootaa dhalootatti darba jedhamee kan ibsame kami?

- A. sirba
- B. Geerarsa
- C. hiibboo
- D. Mammaaksa

-----15. Mammaaksi koobaa dubbiiti kan jedhame sababni maali?

- A. shakkii qofa waan ibsuuf
- B. haasawaa waan darbuuf
- C. dubbii waan gabaabsuuf
- D. gorsaaf waan tajaajiluuf

-----16. Tajaajila mammaaksaa kan hintaane isa kami?

- A. kashalabbummaa kan arrabsu
- B. balleessaa kan leellisu
- C. gocha gadhee kan balaaleffachuu
- D. balleessaatti kan ori’u

-----17. Akka dubbisichaatti jechi abshaalummaa jedhu maal ibsa?

- A. gamnummaa
- B. doofummaa
- C. Oftummaa
- D. gantummaa

-----18. Mammaaksi gorsa gabaabaa yaada abshaalummaan deeggaramuudha. Hiikni jecha jala Murame maali?

- A. gargaaramuu
- B. tumsamuu
- C. dhokatu
- D. Afi B n deebiidha.

-----19. Dubbisicha keessatti jechoonni, “ Gaarummaafi hammeenya” jedhaman yaada akkamii Waliif ta’u?

- A. hiika walfakkeenya
- B. hiika galumsa tokko
- C. hiika faallaa
- D. hunduu deebii ta’u

-----20. Hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti, yaadaafi gorsa kennuurratti mammaaksa haala Kamiin dubbata?

- A. akka tasaa
- B. akka barbaadetti
- C. callisee osoo itti hinyaadiin
- D. itti yaadamee dubbatama

- 21. Mata-dureen dubbisichaa maal ta'uu danda'a?
A.Hiibboo
B.Geerarsa
C.Sheekkoo
D.Mammaaksa
- 22. Mammaaksi-----dheeraa gabaabsuun ibsa.
A. seenaa
B.yaada
C. arrabsoo
D. Afi Bn deebiidha
- 23.Mammaaksonni Oromoo dhimmoota hawaasa Oromoo maal maal ofkeessatti qabachuu Qabachuu danda'a?
A.jireenya
B. siyaasa
C. jiruu
D. hundinuu deebii ta'u
- 24.Mammaaksi jechoota akkamiin ibsamu ?
A. hedduun
B. muraasaan
C. baay'een
D. kumaatamaan
- 25 “ Boru hin beekneen qodaan bukoon ishee sagal.” Ergaan mammaaksa kanaa maali?
A. bukoo baay'isuun gaarii ta'uu
B. qusannaan barbaachisaa ta'isaa
C. boruuf yaaduun hinbarbaachisu
D. qusannaan kan hinbarbaachifne tu'uusaa

Dabalee D

Qajeelfama: Barataa/Barattuu Af-gaaffii Hubannoo Dubbisa Duraaf Deebii Kennitu, eeyyeen ykn lakkii jechuun deebista. Yoo deebiin kee lakkii ta'e sababa isaa wajjin naa ibsata.

Af-gaaffii hubannaa dubbisa barattootaa yeroo dubbisni dhiyaate.

T.L	Dandeettii dubbisuu xiyyeeffatame	kutaa	Deebii barattoonni kennan				Ida'ama	
			Eeyyee		Lakkii			
			Lakk.	0/o	Lakk.	0/0	Lakk	0/0
1	Yaada waliigala (ergaa) dubbisichaa hubataa ni dubbistaa?	7						
		8						
2	Hiika jechootaa dubbisa keessatti galumsarraa tilmaamtaa?	7						
		8						
3	Ergaa dubbisichaa jechoota mataa keetiin ni ibsitaa?	7						
		8						
4	Jechoonni galumsaan alatti hiika biroo qabaachuu isaanii ni hubattaa?	7						
		8						
5	Dubbisicha madaaluun dogoggora yaadaafi qubeessuu ni sirreessitaa?	7						
		8						
6	Waliigala							

Dabalee E

Qajeelfama: Barataa/Barattuu Af-gaaffii Hubannoo Dubbisa Duraaf Deebii Kennitu, eeyyeen ykn lakkii jechuun deebista. Yoo deebiin kee lakkii ta'e sababa isaa wajjin naa ibsata.

Af-gaaffii hubannaa dubbisa boodaa barattootaa madaaluuf dhiyaate.

T.L	Hubannoo dubbisa boodaa Xiyyeeffatamu	kutaa	Deebii barattoonni kennan				Ida'ama	
			Eeyyee		Lakkii			
			Lakk.	0/o	Lakk.	0/0	Lakk	0/0
1	Gaaffilee hubannoo waliigalaa dubbisichaa ni deebistaa?	7						
		8						
2	Tilmaama kee duraanii,gaaffilee hubannoo boodaawalitti fiduun ni mirkaneeffattaa?	7						
		8						
3	Muuxannoo kee ergaa dubbisichaa wajjiin walitti fiddaa?	7						
		8						
4	Dubbisa hubannaan dubbistee gaaffilee dubbisa keessaa bahan sirriitti hojjettaa ?	7						
		8						
5	Gaaffileen hubannoo dubbisicha wajjiin walitti ni hidhataa ?	7						
		8						

II. Gaaffilee Banaa Barattootaaf Dhiyaate.

6. Kutaa meeqaa irraa kaatee Afaan Oromoon barachuu eegalte ?-----

7. Barreeffama Afaan Oromoo hubannoon dubbisuuf yaalii ati taasistu maal fa'i?-----

8. Mana Barumsaan alatti barreeffama Afaan Oromoo hubannoon dubbisuuf kanneen si gargaaran jiru? eenyu fa'I ?-----

Dabalee F

III. Af-gaaffii Barsiisotaaf Dhiyaate.

Qajeelfama: Barsiisaa/Barsiistuu! Gaaffilee hubannoon barsiisuu barattootaa siif dhiyaatan, yaadota kee yemmuu ibsitu: yeroo mara, yeroo baay'ee, darbe darbee ykn gonkumaa jechuun ibsa waliin naaf kennita.

T.L	Gaaffilee dhiyaatan	Yaada barsiisonni kennan	Deebistoota
1	Barattoonni dubbisa Afaan Oromoo hubannoon akka dubbisan akkamiin jajjabeessitaa?		
2	Dubbisa Afaan Oromoo hubannaan dubbisuu barattootaa haala kamiin adda baasta?		
3	Dubbisa hubannaan dubbisuu barsiisuurratti xiyyeeffannoo itti kennuun ni barsiistaa?		
4.			

IV. Af-gaaffii Banaa (walabaa) Barsiisotaaf Dhiyaatu.

5. Ka'umsi barattoonni Afaan Oromoon barachuu ittiin eegalan maal fakkaata ?-----

6. Barreeffama Afaan Oromoo hubannoon dubbisuufi gilgaalota dubbisaa hojjechuurratti barattoonni kaka'umsa akkamii qabu ?-----

Dabalee G

IV. Sakatta'a Dookimeentii Barattootaa.

Barattoonni Mana Barumsaa Afaan Oromoo Burqaa Wayyuu sad.1^{ffaa}, kutaa meeqatti Afaan Oromoo barachuu akka eegalan, Qorumsa fudhatan keessatti: yaada walii gala, hiika galumsa jechootaafi ergaa dubbisaa hammam hubachuu akka danda'an mirkaneeffachuuf gaaffilee dhiyaataniidha.

T.L	Qabiyyeewwan	Baay'ina	Kutaa 7		Kutaa 8	
			Lakk.	0/0	Lakk.	0/0
1	Barattoota kutaa 6fi7 irraa Afaan Oromoon barachuu eegalan					
2	Barattoota kutaa 1-tti Afaan Oromoon barachuu eegalan					
3	Qormaata gaaffii yaada waliigala dubbisaa					
4	Qormaata hiika galumsaa irraa tilmaamuu					
5	Dubbisa gaaffilee filannoo					
6	Giddu-galeessaan					

Dabalee H

Gabatee . Odeeffannoo waliigala barsiisotaa Af-gaaffiif dhiyaatan.

Maqaa barsiisaa ykn barsiistuu	Koorn	Umurii	Tajaajila	Sadarkaa barnootaa	Gosa ittiin eebbifaman		Kutaa barsiisan
					Guddaa	Aantee	
Guutamaa Dheeressaa	Dh	34	15	BA	A/ING	A/O	5-7
Biraanuu Jibaat	Dh	33	13	BA	A/O	A/ING	8-9
Bulchaa Adimaasuu	Dh	38	22	BA	A/O	A/ING	5-6
Mitikkee Tarrafaa	Du	40	22	BA	A/O	-	5-6

Dabalee I

Kooddii Barattoota Kutaa 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} Af-gaaffiin Kan Dhiyaateef.

T/L	Maqaa barataa/tuu	Saala	kutaa	Guyyaa
1	H . L 7C	Dub	7 ^{ffaa}	16/09/2011
2	K . B 7B	Dhi	7 ^{ffaa}	16/o9/2011
3	N. F 7C	Dub	7 ^{ffaa}	16/09/2011
4	F . T 7C	Dhi	7 ^{ffaa}	16/o9/20011
5	A . T 7A	Dhi	7 ^{ffaa}	16/09/2011
6	F. X 7B	Dub	7 ^{ffaa}	16/09/2011
7	F. B 7C	Dub	7 ^{ffaa}	16/09/20011
8	A . Q 8A	Dub	8 ^{ffaa}	21/o9/2011
9	A . A 8B	Dub	8 ^{ffaa}	21/o9/2011
10	A . T 8A	Dhi	8 ^{ffaa}	21/09/2011
11	F. B 8B	Dhi	8 ^{ffaa}	21/09/2011
12	H. T 8A	Dub	8 ^{ffaa}	21/09/2011
13	L. A 8A	Dub	8 ^{ffaa}	21/09/2011
14	M. A 8B	Dub	8 ^{ffaa}	21/09/2011

Waraqaa Mirkanneeffannaa

Qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun warqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa kootii ta'uusaafi yaadawwan qorannoo kanaaf hunda isaanii wabii keessaa kaa'uu kootiinan mirkaneessa.

Maqaa Qorataa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____